# XIINXALA ASOOSAMOOTA ‘*IMAANAA IMALTUUFI IMIMMAAN HAADHAA*’ IJA YAAXINA FEEMINIZIMIIN

**WAAQUMAA BOKKEE**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIFI QUNNAMTII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**
**FINFINNEE**

# XIINXALA ASOOSAMOOTA ‘*IMAANAA IMALTUUFI IMIMMAAN HAADHAA’* IJA YAAXINA FEEMINIZIMIIN

**WAAQUMAA BOKKEETIIN**

**GORSAA: TAADDASAA JAALLATAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE.**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEEJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

## Yuunivarsiitii Finfinnee

## Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Waaqumaa Bokkeen dhiyaate Mata duree: Xiinxala Asoosamoota *Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa* 'Ija Yaaxina Feeminizimiitiin, jedhuun qophaa'e, sadarkaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

### Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_____________________________Mallattoo_______________Guyyaa____________

Qoraa Keessaa_________________________ Mallattoo_______________Guyyaa____________

Gorsaa________________________________Mallattoo_______________Guyyaa____________

_______________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa Digirii lammaffaa (MA)

# Waraqaa Mirkaneeffannaa

A, Ani qorataan maqaafi mallattoo koo armaan gadiitti eerame kun, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uu isaa ibsa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Guutuu____________________________________________

Mallattoo________________________________________________

Guyyaa___________________

# *Axeerera*

*Asoosamni daawwitii jireenyaa namoonni ittiin of ilaalan yoo ta'u, barreessitoonnis addunyaa dhugaa kun keessa jiru irratti hundaa'uudhaan fakkeessanii jiruufi jireenya keessatti wantoota raawwataman ibsu.Haaluma kanaan qorannoon baay'inaan asoosamaoota garaagaraa qaaccessuu irratti xiyyeeffatan waan hin argamneefi guddina ogbarruu Oromootiif bu'aa buusuu danda'a jechuun xiyyeeffannoo isaa godhateera. Qorataan kun immoo asoosamni kun gama feeminizimiin walqabatee maalfakkaata kan jedhu irratti hundaa'uudhaan 'Xiinxala Asoosama Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa Ija Feeminizimiin' mata duree jedhu irratti daangeffamuun kaayyoo isaa asoosama Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa Ija Yaaxina Feeminizimiitiin xiinxaluu kan jedhu irratti daangeffateera.Daangaan isaa Immoo kitaabilee kanneen lamaan qofaafi yaaxinoota keessaa immoo feeminizimii irratti kan hundaa'eedha.malli qaorannoo kanaa immoo qaaccessa asoosamoota waan ta'eef mala akkamtaatti dhimma kan bahe yoo ta'u, meeshaaleen funaansa ragaalee immoo sakatta'a asoosamichaati yookiin dokumentiiti jechuudha.Dhuma irrattis xiinxala feeminizimii kana keessatti argannoowwan kanneen akka ciminnifi hanqinni dubartootaa asoosama lachuu keessatti mul'achuu, olaantummaan warra dhiirotaa gama hawaassummaa, dinagdeefi siyaasaatiin jirachuu, haa ta'u malee siyaasa keessatti dubartoonnis gahee qabaachuu, Barreessitoonni lachuu dhiirummaafi dubartumaa ibsuuf jechoota dhiirota akka gootaa, cimoo, olaantummaan jiraatanii, fedhii fooniif jecha dubartoota gowwoomsaniitti ka'aamaniiru, Gama Dubartootaatiin immoo jechoota safuu faana walqabatan, Bareedinaafi fokkina ibsan, gadaantummaa isaanii agrsiisan garaagaraatti dhimma bahameera.*

.

## Galata

Hunda dura isa karaa hundumaan nagargaare asiin nagaheWaaqayyoo gooftaa kootiif galannifi ulfinni bara baraan haa ta’uufi.

Itti aansuudhaan jalqaba hojii kanaa kaasee hanga xumuraatti yeroofi beekumsa isaanii osoo hinqusatiiniifi hinnuffiin akkaataan itti deemuu qabu nagorsuudhaan nagargaaraa kan turan gorsaa koo Dr. Taaddasaa Jaallataa baay’iseen galateeffadha; kabaja guddaan qabaafis.

Dhumarrattis, hojii kana rakkoo takko malee akkan hojjadhu kan nagargaaraniifi yaadanis nacinaa dhaabbatan maatii koofi hiriyoota koon guddaa galatoomaan jedha.

## Jibsoo

Jechoota ergaa qorannichaafi hubannoo namaa irratti gufuu ta’uu danda’u jedhamanii yaadaman mata duree kana jalatti hiikoo argatu.Kanaafuu jechoonni garaagaraa as jalatti ibsamaniiru.

**Asoosama Imaanaa Imaltuu Keessatti:**

Asaasa---------------- sagalee xiqqeessanii dubbachuu

Booxxatte------------ dibatte
Cirriinfata----------- tuttufaa
Dadhabbii------------ garaatti hafe
Dungoo--------------- ibsaa
Giphii ----------------- boorsaa
Leeyyasiisa ---------- qaanessa
Minii------------------- huccuu gabaabduu dubartoonni uffatan
Mo’oo----------------- luqqeettuu
Of gaagure----------- of fannise
Qaceelloo------------ sirriitti
Qomee ---------------- huccuu mudhiidhaa olitti uffataman
Sanyii Addaam------ dhala namaa
Simboo--------------- bareedina

**Asoosama Imimmaan Haadhaa Keessatti**

Beellama------------ waadaa
Dhi’aana------------- irbaata yookiin nyaata galgala nyaatamu
Ejjannoo -------------- murtee
Faacha----------------- gogaa gafarsaa
Faashaa---------- madaa namaa irratti waan aguugamu
Finna-------------- daa’ima dhalattuu
Foroccee ----------- unatte/ abbuuqxe/
Gudeedamuu---------- dirqiin fedhiin foonii namarratti raawwatamuu.
Kaapiteenii----------- balaliisaa xiyyaaraa
Lafoo--------------- nama miilaan deemu
Mararoo------------- ininiyoo
Murnoota------------ garee muraasa
Saamsoonayitii ---- boorsaa ammayyaa
Saggoo--------------- Mataa gubbaa
Siicoo---------------- haftee/ diqqii/
Siidaa -------------- ijaarsa yaadannoo nama du’e tokkoof godhamu.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axeerera ........ i
Galata ........ ii
Jibsoo ........ iii
Baafata ........ iv
Boqonnaa Tokko: Seensa ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 2
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 3
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 3
1.3.2 Kaayyolee Gooree ........ 3
1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 3
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 4
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 4
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ........ 5
2.1 Yaadrimee Feeminizimii ........ 5
2.1.1 Gosoota Feeminizimii ........ 6
2.1.1.1 Feeminizimii Walabaa ........ 6
2.1.1.2 Feeminizimii Maarkistii ........ 7
2.1.1.3 Feeminizimii Aadaa ........ 7
2.1.1.4 Feeminizimii Hawaasummaa ........ 8
2.1.1.5 Feeminizimii Gurraachaa ........ 8
2.1.1.6 Feeminizimii Addaan Fo'iinsaa ........ 8
2.1.2 Ogbarruufi Feeminizimii ........ 9
2.1.3 Qeeqa Ogbarruu Feeminizimii ........ 9
2.1.4 Ilaalcha Dhiirri Dubartootaaf Qabu ........ 11
2.1.5 Namfakkii Dubartootaa Asoosama Keessatti ........ 12
2.1.6 Amaloota Dubartootaa ........ 13
2.1.6.1 Dubartii Garraamii ........ 13
2.1.6.2 Dubartii Hamtuu ........ 13
2.1.6.3 Dubartii Qofa-galeettii ........ 13
2.1.6.4 Dubartii Dhiira Boochiftu ........ 14

2.1.6.5 Dubartii Sagaagaltuu ... 14
2.1.6.6 Dubartii Bilisummaa Qabdu ... 14
2.2 Yaaxxinaalee Hog-barruun Ittiin Qeeqamu ... 14
2.3 Sakatta'a Barruu Wal-fakkii ... 15
Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa ... 17
3.1 Madda Ragaalee ... 17
3.2 Iddattoofi Mala Iddatteessuu ... 17
3.3 Mala Funaansa Ragaa ... 17
3.4 Tooftaa Qaacceessa Ragaa ... 18
Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee ... 19
4.1 Qaaccessa Sab Seenaa Asoosama Imaanaa Imaltuu ... 19
4.1.1 Fakkii Dubartootaa Asoosama Imaanaa Imaltuu ... 24
4.1.1.1 Akka Gara- Jabeettitti ... 24
4.1.1.2 Akka Hojii Dhabeettiifi kadhaan Jiraattutti ... 26
4.1.1.3 Murtee kennuu Akka Hindandeenyeefi Maxxantummaan Jiraattutti ... 26
4.1.1.4 Akka Xiinyaada Cimaa Hinqabnetti ... 28
4.1.1.5 Akka Safuufi Aadaa Hawaasichaa Hin Eegnetti ... 30
4.1.2 Hariiroo Dhiirotaafi Dubartootaa Asoosama Imaanaa Imaltuu Keessatti ... 30
4.1.2.1 Hariiroo Dhiirafi Dubartootaa Gama Hawaassummaan ... 31
4.1.2.2 Hariiroo Dhiiraafi Dubartoota Gama Dinagdeen ... 35
4.1.2.3 Hariiroo Dhiiraafi Dubartootaa Gama Siyaasaan ... 35
4.1.3 Asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti Jechoota Dhiirummaafi Dubartummaa Ibsan ... 37
4.1.3.1 Asoosama Imaanaa Imaltuu Keessatti Jechoota Dubartummaa Ibsuuf Barreessaan Itti Gargaarame ... 37
4.1.3.2 Asoosama Imaanaa Imaltuu Keessatti Jechoota Dhiirummaa Ibsuuf Barreessaan Itti Gargaarame ... 38
4.1.4 Ciminafi Hanqina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti ... 39
4.1.4.1 Cimina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama Imaanaa Imaltuu ... 39
4.1.4.2 Hanqina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama Imaanaa Imaltuu ... 41
4.2. Qaaccessa Sabseenaa Asoosama Imimmaan Haadhaa ... 43
4.2.1 Fakkii Dubartootaa Asoosama Imimmaan Haadhaa Keessatti ... 47
4.2.1.1 Akka Gara Jabeettitti ... 47
4.2.1.2 Akka Bareedina Qabduutti ... 48

4.2.1.3 Akka Iccitii Eegduutti ........ 49
4.2.1.4 Akka Hojjattuu Mana Namaa Taateetti ........ 51
4.2.1.5 Akka Sagaagaltuu Taateetti ........ 52
4.2.1.6 Akka Safuufi Duudhaa Hawaasichaa Gattetti ........ 53
4.2.1.7 Dhiibbaa Maatiin Qajeelfamuu ........ 56
4.2.2 Hariiroo Dhiiraafi Dubartootaa Asoosama Imimmaan Haadhaa keessatti ........ 58
4.2.2.1 Kallattii Hawaassummaan ........ 58
4.2.2.2 Siyaasa Keessatti ........ 60
4.2.2.3 Dinagdee Keessatti ........ 64
4.2.3 Ciminaafi Hanqina Namfakkii Dubartootaa Asoosama Imimmaan Haadhaa Keessatti ........ 66
4.2.3.1 Cimina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama Imimmaan Haadhaa ........ 66
4.2.3.2 Hanqina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama Imimmaan Haadhaa Keessatti 70
4.2.4 Jechoota Dhiirummaafi Dubartummaa Asoosama Imimmaan Haadhaa Keessatti Ibsan ........ 72
4.2.4.1 Jechoota Dubartummaa Agarsiisaan ........ 72
4.2.4.2 Jechoota Dhiirummaa Agarsiisan ........ 73
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaada Furmaataa ........ 75
5.1 Cuunfaa ........ 75
5.2 Argannoo ........ 77
5.3. Yaboo ........ 78
Wabii ........ 79
Dabalee A
Dabalee B

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Og-barruun hojii uumee sammuu ilma namaa ta'e, ogummaa kalaqa waa uumuufi muuxannoo jijjiiruufi jireenya haqarratti bu'uressinuufi akka qabatamaatti miidhagsinee ittiin ibsinudha. Akkasumaas, mala ittiin waan hawaasummaafi bu'aa qabu tokko waliif dabarsinuufi beekumsa ittiin walii galfannudha. (Asafa, 2009:20). Haaluma kanaan og-barruun kan afoolaafi barreeffamaan jiru haammata.

Akka Melakneh (2006:5) ibsuutti, Og-barruun barreeffamaa bakka sadiitti qoodama. Asoosama, , Walaloofi Diraamaa(fiilmii)dha. Barruulee kalaqaa kan jedhamaniifis, bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda'aniin miijeeffamanii waan kalaqamaniifidha. Haaluma kanaan og-barruun sun waanta qabatamaa ta'e tokko akkuma jirutti kan gabaasu miti. Og-barruun uumee waan qabatamaa hintaane irraa ka'uudhaan yaada uumee qindeessee, miidhagsee dhiyyeessuudha. Kanaafuu, barruuleen kalaqa dhugaa adunyaarraa maddanii kalaqamu. Garuu kalattummaan dhugaa himuuf hindirqamu. Dhugaa jiru haqaaqanii dabarsuu yookaan karaa alkallattiin himuu dandau. Haata'u malee gabaasaalee dhugaarraa adda.

Barruuleen dhugaa himan kanneen akka gaazexaa, kitaabolee barnootaa, barruuleefi kan kana fakkaatan hammam yoo miidhaganillee og-barruu ta'uu hin danda'an. Sababiin isaa dhugaa jiru gabaasuuf qophaa'an malee kalaqa sammuu mul'isuuf miti. Haaluma kanaan qorannoon kun yaaxina ogbarruu keessaa asoosama *Imaanaa Imaltuufi Imimmaan haadhaa* jedhu irratti xiyyeeffachuun ija qeeqa feeminizimiitiin kan ilaalamaniidha. Feeminizimiin yaadiddamaafi falaasama dhimma garaagarummaa koorniyaa, akkasumas, sochii walqixxummaa koorniyaa, mirgaafi fedhii dubartootaarratti kan xiyyeeffate ofkeessaa qaba.

Karen (1976) akka ibsutti, Qeeqni ogbarruu feeministii, qeeqa ogbarruu duraanii balleessuudha. Kunis waan sirriitti dubartoota bakka hinbuuneef, hojii ogbarruu kallattii garaagaraatiin jiru ilaaluu filata. Dabalataanis, Brownfi Karen (1976) akka ibsanitti, adeemsi kun kan inni irratti xiyyeeffatu, keessa deebii hojii gara boodaa hubachuu, ija haaraadhaan ilaaluu, barreeffamoota durii ilaalcha kallattii haaraan bakka buusuu akka ta'e agarsiisa.

Akka Steven (2004) barreessetti, barreeffamni dubbisa ogbarruu haaraa, qeeqni feeministii kan madde, ilaalcha nuti koorniyaaf qabanurraati. Dabalataanis, akka ibsa hayyuu kanaatti, sababa qophiifi fudhannaan ogbarruu garacaalu dhiirotaan to'atamuuf, ga'een koorniyaa dubbisuufi barreessuu keessatti xiqqaatee waan mul'ataa tureefi. Kanaafuu, wanti qeeqni feeministii hojjetu hojiiwwan dubartootaan barreeffaman dandammachiisuu qofa osoo hintaane, dabalataan barreeffamoota ogbarruu biroo kanneen gadifageenyaan waa'ee cunqursaa koorniyaa, ilaalchotaafi yaadota dubartoota miidhan saaxiluu dubbisuu qabu jechuun ibsa. Kanarraa ka'uun, qoratichis qorannoo miidhaan dubartootarra akka jiru adda baafachuuf qorannoo isaa kitaabilee asoosama kanneen irratti adeemsiseera.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Ogbarruu Afaan Oromoorratti qorannoowwan taasifamaa jiru. Keessumattuu afaaniirraatti bal'inaan gaggeeffamaa jira. Haata'uyyuu malee, oguma kalaqaa yeroo ammaa kana Afaan Oromoon barreeffamaniifi bareeeffamaa jiran qeeqamaa hinjiran. Kunis gama ciminaafi dhadhabina addaan baasuun bifa qorannoon dhiyaatanii hinmul'atan.

Qorannoo Fiqaaduu (2012:3) hayyuu Showlter, (1986:303) wabeeffachuun yemmuu ibsu:

> *Hojiilee kalaqaa qeeqquun haala qabatamaa seenaa tokko baruuf, haala jireenya barreessaa addaan baasanii beekuu, ergaa qabiyyee hojii sanaa hubachuuf gargaara. Tooftaa yookaan mala ittiin barreessaan namfakkiiwwan uumuuf yaale, ergaafi akkaataa itti fayyadama afaaniifi kan kana fakkaatan fa'i. Dubbistoonni addaan baasanii akka hubataniif gumaacha olaanaa qaba.*

Asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman babal'ataa jiraatanis qorannoon firiiwwan asoosamoota kanarratti adeemsifame bal'inaan hinmul'atu. Ka'umsi qorannoo kanaas qaawwaa kana guutuuf yaadameeti. Kana gochuuf qorataan hojii kalaqaa Abrahaam Tasfaayee *'Imaanaa Imaltuu'* fi hojii Toleera Fiqiruu '*Imimmaan Haadhaa'* ija yaaxinna feeminizimiin qeequuf filateera. Kanaafuu, feeminizimii ilaalchisee qorannoo gaggeeffamu kanaaf asoosamoota kanneen irratti yoo hojjetame bu'aa gaarii argamsiisa jedhamee waan yaadameef asoosamoota kanneen filachuuf danda'eera.

Haaluma kanaan, hojii oguma asoosama '*Imaanaa Imaltuu' fi 'Imimmaan Haadhaa'* ija yaaxinna feeminizimii gargaaramuun gahee dubartoonni siyaasaan, aadaan, sochii diinagdee, shoora hirmaannaa isaan hojii adda addaa keessatti qaban; dhiibbaafi cunqursaa isaanirra ga'u,

mirga hiree ofiin murteeffachuu uummata Oromoo keessatti qaban calaqqisiisuuf yaalame qaaccessuun xiyyeeffannoo kenneera. Gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaan deebii argachuu malan isaan gaditti tarreeffamanidha:

1. Fakkiin dubartummaa asoosama 'Imaanaa Imaltuu'fi'Imimmaan Haadhaa' keessatti maal fakkaata?
2. Asoosama '*Imaanaa Imaltuu' fi 'Imimmaan Haadhaa'*, keessatti hariiroon dubartootaafi dhiirotaa akkamiin ibsama?
3. Asoosama *Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa* keessatti ciminniifi hanqinni namfakkiiwwan dubartootaa akkamiin tarreeffama?
4. Asoosama '*Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa'* keessatti barreessitoonni dubartummaafi dhiirummaa ibsuuf jechoota akkamii fayyadaman ?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa asoosama Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa jedhu ija yaaxxina feeminizimiin xiinxaluudha.

### 1.3.2 Kaayyolee Gooree

- Fakkii dubartoonni asoosama *Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa* keessatti qaban agarsiisuu.
- Asoosama *Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa* keessatti hariiroo dubartootaafi dhiirotaa ibsuu.
- Asoosama *Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa* keessatti ciminaafi hanqina namfakkiiwwanii dubartootaa tarreessuu.
- Asoosama *Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa* keessatti barreessitoonni jechoota dubartummaafi dhiirummaa ibsuuf itti gargaaraman agarsiisuu.

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Akka Asafaa (2009:20) waa'ee ogbarruu ilaalchisee yemmuu ibsu, "Ogumi waa'ee jiruu-jireenya dhala namaa ta'ee, namootaan qindeeffamee namootaaf dhiyaata*,"* hojii hogbarruu tokko qorachuun dhimmoota hawaasa keessa jiraannu beekuufillee nu gargaara. Seenaan asoosama

qeeqni irratti gaggeeffamu kunis, jirruufi jireenya uummata Oromoo mara kan haguuge yoo ta'uu baatellee, gamisaan kan dhuunfatedha. Kanaaf, bu'aa qorannoo kanaatti namoonni garee garaagaraa gargaaramuu danda'u:

- Xiinxala asoosama kanatti fayyadamuun, asoosamoota Afaan Oromoon barreeffamaa jiran ija yaaxinna feeminizimiin qeequufillee nigargaara.
- Dubbistoonni xiinxala asoosama kanatti dhimma ba'an salphaatti akka firiiwwan asoosamichaarraa argame bu'uureffachuun, kanneen biroo hubachuufillee nitajaajila
- Asoosamoota Afaan Oromoo biroo irratti qorannoo xiinxala bal'aafi walfakkaataa ta'e gaggeessaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Asoosamoota afaan Oromootiin barreeffaman keessaa, asoosama dheeraa Abraahaam Tasfaayeen barreesse *Imaanaa Imaltuu* jedhuufi Toleeraa Fiqiruu barreesse *Imimmaan Haadhaa* kan jedhu, yaaxxina asoosamni tokko ittin xiinxalamuu danda'u keessaa yaaxxina feeminizimii qofa fayyadamuun xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yammuu gaggeeffamu kaayyoo mataa isaa kan qabuufi rakkoo furuu yookiin yaaxina haaraa fiduufi. Haa ta'u malee adeemsa keessa garuu rakkooleen garaagaraa nama muudachuu irraa kan ka'e qorannoo tokko hanqina mataa isaa qabaachuu danda'a. Haaluma kanaan qorataa kanaas hanqinoonni garaagaraa kan muudatan yoo ta'u, isaan keessayyis hanqina yeroo kitaabilee kana yaaxinoota hunda irratti hojjachuu dhabuu, baajata gahaa irra deddeebiin kitaabilee cinaatti odeeffannoo barreessitoota kana irraa fudhachuu dhabuu fa'aa hanqinoota qorannichaa yoo ta'an, hanqina kana furuufis baajata dhuunfaa dabaluufi qabiyyeedhuma kitaabichaa irra deddeebiin cuunfuun qorannoo kana galmaan gahuu danda'eera.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## 2.1 Yaadrimee Feeminizimii

Yaadrimee feminizimiirrattii hiikni adda addaa hayyota garaagaraan kennemaa tureera, Kennamaas jira. Kanneen keesaas, Ruth (1998:5) akkana jetti.

> *Feeminizimiin dhimmotaa gama koorniyaan hinkaaneefi xiyyeeffanno hinkennamnerratti gaaffii kaasuun furmaata kan barbaadu yommuu ta'u, dhimmi ijoo isaas hawaasni dhiirotaafi dubartootaaf hawaas-aadaa keessatti garaagarummaa sadarkaa jiru beekuufi sakatta'uun, garaagarummaa uumamuuf sababoota kan ta'anirratti ibsaafi bu'aasaa kan hubachiisudha.*

Hiika oliirraa hubachuun kan danda'amu, dhimmoota mirga dubartootaa kabachiisuu giddugaleessa kan godhataniidha. Feeminizimiin dubartoonnii siyaasaan, hawaasummaan, dinagdeenfi amantaan mirgaa walqixaa dhiirotaa wajiin qabaachuu qabu ilaalchaa jedhu qaba" (Pater, 2010:30)

Sochii feeminizimii keesatti, kaayyoon feeminizimii inni guddaan, sirna olaantummaa dhiirotaa keessatti miidhama hawaas-adaan irraan ga'aa tureefi irraan ga'aa jiru, ofuma isaaniin akka hubatan kan tasiisuufi jijjiiramaaf kan kakaasu, mirga isaaniif sagalee isaanii akka dhaggeessisan kan taasisudha.

Sochiin yaaxina kanaa dubartoota kaayyoo godhachuun, dubartoonni hawaasa keessatti kaka'umsa keessatti uumuu, maalummaafi eenyummaa isaaniif haala jiireenya isaanii akka of hubatan, sirna olaantummaa sadarkaa hawaas-aadaan murteesseef falmachuuf, ofuma isaanii akka murteeffatan kan kakaasu, hariiroo hawaasa wajjin qaban murteeffachuu qabanirratti sagalee falmii kan qabudha.

Yaada kana cimsuun, Evans (1997), Baker (2008) fi Anderson (2005) jecha feeminizimii hiikuun hojii salphaa akka hintaane ibsu. Kunis, jechoonni baay'een kan baaqqee hinta'in hiikni murtaa'aan kan yaadotaafi ilaalchota dubartoonni hundi qaban kan mirkaneessan heddumminaan waan jiraniif. Kanaafuu, ibsaafi haala feeminizimii walxaxaa ta'e kana hubachuun, Isuman (1997:63) haala armaan gadiitiin kaa'eera:

> *Feeminizimiin aadaa isaa keessatti, walxaxaa ta'aa kan dhufeefi jechichi amma kan barbaadu safartuu diiggaa ijaarsaa jiruuti. Kunis yoo nuti ilaalcha kana keessaa baanedha. Oliyyannaan garaagaraa kan sochiin kun uumu gara sagalee kennuu filannaa bakka bu'ootaatti yoo ce'edha.*

Ibsa oliirraa kan hubatamu, yeroo ammaa kana dubartoonni iddoo garaagaraa jiran garee xixiqqoo adda addaatti qoqqoodamanii waan jiraniif, hiika feeminizimii kan hunda isaanii ofkeessatti haammatu argachuu kan danda’amu miti.

Baker (2008) waa’ee feeminizimii yemmuu ibsu, muummee yaadiddamaafi siyaasaa kan ilaalchota hojii kan ofkeessatti qabatudha jedha. Feeminizimiin hiikaafi yaada garaagaraa qabaachuu isaa akkuma Evans (achuma) fi Bekar (achuma) kaa’an ta’uu isaa Cuddfi Andreason (achuma) kitaaba isaanii Feministi Theory: A Philosophical Anthology jedhu keessatti ibsaniiru. Haata’u malee, hiikni garaagaraa kun riqicha ce’umsaa seenaa yaada feeministii ta’aniiru. Cuddfi Andearsonitti (achuma) gama isaaniitiin yemmuu ibsan, hiikkaaleen garaagaraa feeminizimii wajjin walqabatan kan isaan bu’uureffatan, qabsoo sochii waliigalaa walabummaa dubartootaaf yeroo garaagaraatti taasifamanirratti ture.

Akka ilaalcha Showalteritti, seenaan barreeffama dubartoota Dhihaa kutaa sadiitti qoodamu: Kutaan femininie (1840-1880) keessatti, barreessitoonni dubartootaa safuufi sadarkaa aartii isaanii keessatti barreessitoota dhiiraarraa fakkeessanii kaa’aa turani. Kutaan feeministii (1880-1920) kana keessatti ammoo, haalonni garaagaraa darbee darbee haalli addaa nimul’ata. Akkasumas, kutaa female- kunis, maalummaa, akkaataafi qabiyyee dubartummaa addaa qabudha.

### 2.1.1 Gosoota Feeminizimii

Feeminizimiin gosoota garaagaraa kan of keessaa qabu yoo ta’u, gosoonni isaa kunis haala armaan gadiitiin kan kaa’amaniidha.

#### 2.1.1.1 Feeminizimii Walabaa

Yaadni kun yaadiddama raadikaalaa garaagarummaa dhiiraafi dubartii kan uume baayoolojii qofadha yaada jedhu hinfudhatani. Namoonni feemnizimii libeeralii deeggran kun garaagarummaa dhiiraafi dubartii kan fide walitti hidhiinsa hawaas-diinagdeefi aadaadha jedhani mormu (Barker, 2008). Feeministoonni Libeeralii amanataa libeeraalonni qaban bulisummaan bu’uura waan ta’eef lammii hundaaf kennamuu qaba yaada jedhu fudhachuun, bilisummaa dubartootaaf qabsoo itti fufani.

Haata'u malee, bilisummaa kan argamsiisuuf sirna jiru guutummaa guutuutti jijjiiruutti feeministoonni hinamanani. Feeministoonni libeeraalii, walqixxummaan dubartootaa hawaasa keessatti akka eegamuuf carraan banamee, seerri walqixxummaa dubartootaa hawaasa keessatti eegu ba'uu qaba jedhanii falmu. Haaluma walfakkaatuun, Mackinnon (1987, 1991), Baker (2008) yemmuu ibsan galmi feeministoonni libeeraalii kun walqixxummaa dubartootaaf gama hundaan fiduuufi walqixxummaan kunis sirnuma jiru keessatti fooyya'ee hojiitti hiikamuu qaba. Akka yaada feeministoota liibeeraaliitti, walqixxummaan dubartootaa kun olaantummaa dhiirotaa barsiifata jiran jijjiiruuf akkasumas, birmadummaa dubartootaa mirkaneessuuf seera haaraa baasuun fiixaan ba'uu danda'a jedhu (www. Plato. Stanford. eduj).

### 2.1.1.2 Feeminizimii Maarkistii

Feeminizimiin raadikaalaafi liberaalaawaa malee feeminizimii maarkistii dhiibamuu walqixxummaa dubartootaaf sababa kan ta'u waan biraadha jedhanii amanu. Wekipedia Encyclopidia (www.Welipidia.org) akka ibsutti, feeminizimiin maarkistii dubartoota birmadummaa gonfachiisuuf sirna abbaa qabeenyaa balleessuun yookiin hambisuuurratti kan xiyyeeffatedha. Feeministonni maarkistii dhabamuu, walqixxummaan dubartootaaf sababa buu'uraa kan ta'u sirna bulchiinsa abbaa qabeenyaati jedhu. Sirna kaapitaalizimii keesatti, dubartoonni akkuma dhiirotaa namoota sadarkaa olaanoorra jiran tajaajiluufi fedhii isaanii guutaa waan turaniif walqixxummaan dubartootaa kennamurraan kan ka'e sarbame jedhu. Dhibamuu walqixxummaa dubrtootaaf sababa kan ta'u, sirna kaapitaalizimiidha yaadni jedhu kun yaada feemnistoota maarkistiin burqe miti.

Sararri weebisaayitii, (www. Syl. com) akka ibsutti, feeminizimiin maarkistii yaada/ amantaa Kaalmaarkirraa akka fudhatan ni'ibsa. Dhumarratti, yaadiddamoota sadan olitti ibsaman feemnistii raadikaalaa, feeministii liberaalaafi feeministii maarkistii dabalata gaaffii dhimma dubartootaa ilaalchisee yaadiddamoonni garaagaraa akka jiran hubatamuu qaba. Kanneen keessaa, feeminizimii Blaak, feeminizimii structuraalistii, yookaan post moodernistii, feeministii post kolonoyaalizimii, feeminizimii laasbiyaanfi kan kana fakkaatan ni jiru.

### 2.1.1.3 Feeminizimii Aadaa

Feeminzimiin aadaa uummanni dubartootaa, hawaasaaf baay'ee barbaachisaadha jedhee amana. Yaadiddama kana keessatti dhiiraafi dhalaa gidduu garaagarummaan xiinsammuufi

nammummaa bu'uura ta'e akka jiruufi garaagarummaan dubartootaa kunis adda qofaa osoo hintaane isa guddaadha. Yaaxinni kun, garaagarummaa dhiiraafi dhalaa uumamaan qaban kanneen akka laguu arguu, mucaa dhaluufi dubartiin dhiirarra garraamii, gara laafettiifi hubattuu haadha maatii, jedhu fudhachuun feeministoonni aadaa dubartootaa kana addunyaa dhiiraan durfamte keessa seensisuuf gaaffii dhiyeessu.

#### 2.1.1.4 Feeminizimii Hawaasummaa

Jireenya dubartii gama hawaasaafi dhuunfaarratti xiyyeeffata. Bilisummaan kan argamuu danda'u gadi qabamuun dubartoota karaa diinagdeefi aadaan jiru yoo dhabamsiifamedha jedhu. Yaada feeminizimii maarkistii, sirna abbaa qabeenyummaa gadiqabamuu dubartootaaf madda jedhu babal'isa. Feeminizimiin hawaasummaa keessatti rakkoolee kanneen akka koorniyaa, gosummaafi gartummaa mudateera.

#### 2.1.1.5 Feeminizimii Gurraachaa

Feeminizimiin gurraachaa gosummaa, sanyummaafi koorniyaa gidduu waltti hidhannoo guddaa akka jiru falmu. Feeministoonni gurraachaa dubartoonni gurraachi birmadummaa argachuun, namoota hundumaaf bilisummaa akka argamsiisetti amanu. Dubartoonni gurraachi kana jalatti qoodan fakkeenyaaf, Alice Walker eeruun nidanda'ama.

#### 2.1.1.6 Feeminizimii Addaan Fo'iinsaa

Gosni feeminizimii kanaa, waa'ee walittidhufeenya koorniyaa garaagaraa yookaan walitti dhufeenya dhiiraafi dubartii waliin qaban, garaagarummaan koorniyaa dhiiraafi dubartii gidduu jiru kan furamuu danda'u miti, amantaa jedhurraa ka'uun waa'ee walittidhufeenya koorniyaa garaagarummaa jiru hindeeggaru. Feeministoonni kun, sochii feeministii dhiironni gahee hinqaban jedhanii yaadu. Faallaa kanaan, feeministoonni dhiiraas nijiru. Fakkeenyaaf, Debun King myth of feminizim, waa'ee feeministii kanaa, toora interneetii http/www.youtube.com/ watch irratti ibseera.

Feeministoonni hedduun, yaada dhuunfaa kallattii garaagaraatiin yaaduun, faayida qabeessa jedhanii amanu. Wanti irratti xiyyeeffatamuu qabu, walqixxummaa akkamiin fiduun danda'ama yaada jedhudha. Xiyyeeffannoon isaas, ofiif yaaduu, haala darbe yookaan amma jiru irra darbee haala addunyaa keessa jiru leenjii keessaan ilaaluu; mirga kee siif kabachiisuuf. deebisuuf warra

tattaaffii taasisan kabajuu yookaan ulfeessuu, mirga keetti fayyadamuu; mirga argatte warra hinargatiniifi dhaloota boriif babarsuu; doggoggorarraa guutummaa guutuutti bilisa namni ta'e hinjiru; garuu, sirnifi falaasamni guutuu nama tasisuu akka danda'u yaadu.

### 2.1.2 Ogbarruufi Feeminizimii

Tyson (1999:82-83) akkana jechuun feeminizimii ibsa. Feminizim criticism is concerned with the way in which literature) and other cultural products reinforce or undermine the economic, political, social and phychological operation of human" Yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamu, qeeqni kallattii yaaxinaa dubartummaa irratti xiyyeeffatuun ogbarruu madaaluu. Ogbarruu kallattiiwwan siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi gama xiinsammuutiin dhiirota waliin yoo walbira qabnee ilaalle haala dhiibbaa irratti godheen yookaan haala ittiin jajjabeesseen ilaallata.

Dabalaatanis, yaadni kan armaan olii fakkaatu hayyuu kanaan kan kaawame, "Feminist criticism is also concerned with less obvious forms of marginalization such as exclusion of women writers from the traditional literary canon…Unless the critical or historical point of view is feminist, there is tendency to under represent the contribution of women writers." (Tyson 1999), akka yaada kanaatti ga'ee barreessitoonni dubaraa qaban gadi qabuuniifi dhiiraan walqixa ilaalamuu dhiisuun dubartootaaf qoqqobbii kallattii garaagaraan dubartoota muudatu qeequu irratti kan bu'uureffateta'uu kan ibsuudha.

### 2.1.3 Qeeqa Ogbarruu Feeminizimii

Josephine (1989) akka ibsitutti, qeeqni feeministii akka waliigalaatti, ogbarruufi qeeqa barruu waggoota dheeraaf yaada paatriyaarkii itti fufsiisuuf, tooftaaa akka ture amanu. Muummeen ogbarruuu ofdanda'aafi siyaasa yookiin aadaa hawaasaarraa bilisa kan hintaaneefi waggoota hedduuf aadaa hawaasaaf ilaalcha gadaanaa qaba jedhanii mormu. Ilaalchi yookiin yaadni kun kitaabilee qeeqxota feeministii adda addaa kanneeen akka Josephine Donovan, Catherine Belseyfi Jane Moore keessatti ibsamaniiru. Kitaabilee barreessite feminist literary Criticism Exploration of theory and practice (1989) jedhu keesatti, Josephine yaadota feeministii akka itti aanutti ibsiti. Feemnistoonni dubartootni dhugaa jiru utuu hinbeekin ilaalcha yookiin barsiifata dhiiraan hoogganamu akka liqinfamaa turanittti amanu.

Bifuma walfakkaatuun, kitaaba Kate Millet, Sexual polotics(1970) jedhhu keessatti, Bryson (2003) yemmuu ibsu, akka yaada Keetitti kanneen biroo dabalatee barnoonniifi ogbarruuun

qajeelfamoota yookaan soonawwan paatriyaarkii sammuu dhiiraafi dubartii keessatti gadifageenyaan akka hubatamuuf sababa yookaan karaa guddaadha. Bu'aa argannoo kanaan, feeministoonni waa'ee ogbarruufi qeeqa-barruu yaada haaraa gabbifachuutti dhufani. Ilaalchi yookaan yaadni ogbarruun akka kuusaa dhugaa hawaasa keessa jiru bilisa kan ta'eefi agarsiistuu dhugaatti fudhatamaa akka ture sun sirrii kan hintaaneefi bakka isaa ogbarruun uumamtee aadaa ta'uusaarraan kan ka'e, miidhaafi ilaalcha hawaasni waliif qabu kan agarsiisudha (Catherinefi Belsely, 1997).

Muuxannoofi yaada dubaartootaarratti kan xiyyeeffate erga qeeq-barruun haaraan kun mul'atee, akka faallaatti ilaalamuu nidanda'a. Anderson (1977) yookaan Donovan (1989) sababa kanaaf qeeqa barruu durii akka ta'etti kaa'u. Kanuma kan dhugoomsu, Cheri Register (1989) ogbarruun durii waa'ee dubartoota gaariifi badaan kan guuteefi akkasumas qeeqa barruun durii barreessitoota dubartootaa akka barreessitootaatti kan hinlakkoofne ta'uu isaa ibseera.

Kanaaf, akkuma Toril Moi toora interneetii [www.members. tripod.com] irratti, hiiku qeeqni barruun feemnistii dubbii haasawaa siyaasa ta'e, kan sirna paatiyaarkii mormudha. Akka Sharon Spener toora interneetii irratti ibsetti, qeeqni barruu garaagarummaa kooorniyaan, qomoon, sanyiin, utuu nama addaan hinbaasin, ulagaa bilisa ta'e ogbarruuf kan baasedha jedha. Yaaada beektota lamaan kanarraa hubachuun kan danda'amu, qeeqni barruun feemnistii kan irratti xiyyeeffate tokkooffaa, haala dubartoonni hojii ogbarruu keessatti mul'atan xiinxaluun; yaadni paatriyaarkii ogbarruu durii keessa jiraachuu isaa adda baasuu; lammaffaa koorniyaan, qomoon yookaan sanyiin utuu adda hinbaasin ogbarruun nama kamiyyuu akka mul'isuu danda'u karaa agarsiisuudha.

Akka Annette Kolodnes Brownsfi Olson (1977) keessatti ibsetti, hojiiwwan qeeqa barruu feeministii jedhaman kan ofkeessatti haammatu: qeeqni kamiyyuu yoo mataduree dhimma dubartootaan barreeffameera ta'e: qeeqni dubartiin dhimma dhiiraarratti gama siyaasaan barreeffame, qeeqni dubartiin dhimma aangoo dubartirratti barreeffame. Akka Annetteetti, hojiin qeeqabarruu feeministii guutummaa guutuutti dhimma tokkorratti dhufeedha. Innis, qeeqa dubartiin barreeffamedha. Feeministoonni muuraasni yaada Annette yemmuu deeggaran kaanimmoo hindeeggarani.

Ibsi Annetteen qeeqa ogbarruurratti kan dhimma tokkorratti kan xiyyeeffatedha. Innis, qeeqa barruu dubartootaan barreeffamanidha. Feeministoonni muuraasni, yaada Annettee kana fudhataniyyuu, kanneen hinfudhannes jiru. Fakkeenyaaf, Ruthven, qeeqa feeministii dhiira ta'e qeeqa barruu feeministii hojii dubartii qofaatti fudhatama osoo hinta'iin qeeqa dhiibbaa dubartootaarra jiru maqsuuf tattaaffii godhuutti ilaalamuu qaba jedhee falma. [www.members. tripod.com]

Annetteefi faana buutonni isaa qeeqa barruu feemninistii akka dubartoota qofaan barreeffametti halaalan malee, kitaabileen qeeqbarruu feeministiirratti dhiiraaf dubartiin barreeffaman hedduun nijiru. Haata'u malee, hojiin kunneen dhimma tokkorratti kan xiyyeeffatan miti. Kanneen keessaa muraasni gahee dubartoonni ogbarruu keessatti qaban kan madaaluurratti kan fuulleeffatanidha.

### 2.1.4 Ilaalcha Dhiirri Dubartootaaf Qabu

Dhiirri dubartiif ilaalcha gadaanaafi akka meeshaa jireenya isaa waliin qofa walqabachuun jiraatuutti ilaala. Hanga yeroo dhihootti, asoosama dheeraa Afrikaa keessatti barreeffaman hedduun isaanii kan barreeffaman dhiirotaan yoo ta'an, barreeffamoota kanneen keessattis akkaataa dubartootni ittiin ibsaman, walitti dhufeenya dhiira waliin qabaniin qofa ta'ee, innis intala nama tokkoo, haadha manaa yookiin jaartii namaafi haadha taatee, yeroo biraammoo, eenyummaan ishee mulqamee, akka guddiftuu daa'immanii, hojjettuufi bilcheesituu nyaataa akkasumas, callusma jettee kan of bareechuu jaallattu godhamtee ibsamti jechuun(Fergusen, 1977) ibsee jira.

Yaada kana cimsuun, Fergusen (1977) yommuu ibsu, dubartoonni walitti dhufeenya dhiira waliin qabaniin, akka haadhummaatti, niitummaatti, qofa galeettiifi akka meeshaa quunnamtii saalaa itti raawwatanitti ilaalamti. Haata'umalee, dhiirris gahee inni gama kooniyaatiin qabuun mul'ifamuu danda'a. Garuu, kan shoora dubartootaa waliin yoo walbira qabamee ilaalamu, walhinmadaalu. Sababnisaas, dhiironni gahee isaanii kanaan qofa waan hinibsamneefi. Fakkeenyaaf, dhiirri kan ibsamu, walitti dhufeenya inni hawaasummaa yookiin Rabbi uumamaafi addunyaa alaa waliin qabaniinyommuu ta'u; dubartootni garuu walitti dhufeenya isaan dhiira waliin qabaniin ibsamu.

Karaabiraatiin, dhiironni gaheefi qooddannaa waliin walqabatee dubartootaaf ilaalchi qaban, Fergusen(1977) akka ibsutti, dhiirri yeroo baay'ee yeroo isaa dabarsuu kan irraa eegamu, akka

dhirsaa yookaan jaarsaa, abbaafi jaalalleetti osoo hintaane, akka hojjetaatti, shoora irraa eegamu bahuuni. Waan kanata’eef, warra dhiiraatiif shoorri isaan bahan itti baay’atus, dhimma isaanii miti. Kun garuu, dubartootaafi rakkoo guddaadha, jechuun ibsa.

Sababiinisaas, warri dhiiraa hojiin itti baay’atullee, waan ala bahanii turaniif yeroo sammuu isaaniitti boqochiisan argatu. Waan argataniin bashannananii, dhuganii galuu danda’u. Kun garuu, shamarraniif baay’ee cimaadha. Sababiinisaas, ilmaan guddisuu, hojii mana keessaa, hojjechuu, hojii haraqeefi farsoo gochuun jireenya isaanii jijjiiruufi carraaqu. Waan kana ta’eef, yeroo tokko tokko yeroo haara galfannaallee dhabanii cinqaman jiraachuu danda’u. s

### 2.1.5 Namfakkii Dubartootaa Asoosama Keessatti

Bileen (1992) akka ibsitutti, namfakkiiwwaan dubartootaa bakka lamatti hiruu yaalti. Isaanis: dubartoota kaayyoo qabaatanii kan xiinyaada cimaa qabaniifi dubartoota xiinyaada dadhabaa qabanidha.

Dubartoota xiinyaada cimaa, kan kaayyoo qaban kanneen jedhaman, kaayyoo isaanii galmaan ga’achuuf guyyaafi galgala carraaqan, ilaalchaafi murtee mataa isaanii qabanidha. Kanneen jaalalleefi maatii isaaniif amanamoo ta’an, rakkoo isaan irra gahu hunda ciminaan keessa darbuun mo’achuu kan danda’anidha.

Kanneen kaayyoo dhabeeyyii xiinyaada dadhabaa ta’an immoo, faayidaa guyyaa tokko qofaa ilaaluun salphumatti bitamuu danda’an; kan gara fuula duraatiif yaaduu hindandeenyedha. Kanneen waa’ee maalummaa jireenyaa hinhubanneefi lubbuu mataa isaaniitiin tapha taphatanidha, jechuun Bileen (1992) ibsiteetti.

Isumaan (1992) namfakkiin maxxantummaatti, qoodni yeroo baay’ee kennamu dubartootaafi. Innis, akkamiin ifa jennee yoo ilaalle, yeroo asoosonni asoosama barreessan dubartootaan akka nama hojii dhabetti, rakkattootaafi kan xiinyaada cimaa hinqabne godhanii waan kaa’aniif; mirga isaanii dabarsanii akka kennan isaan taasisa. Haaluma kanaan, mirgi isaanii sarbamuu, yaada namoota birootiin deemuun, jireenya hintaaneef akka saaxilamaniif waan itti hinamanne tokko fedhii isaaniitiin alatti akka raawwatan dirqama akka itti ta’u isaan taasisa. Dhimmoota hawaasummaa keessattillee, akka murtee ofii isaaniitiif murteessuu hindandeenyetti bocamu.

Kana waliin walqabatee, asoosama '*Imimmaan Haadhaa*' fudhannee yoo ilaalle, Biliseen sababii dubartii taateef, akka maxxantuutti akka hiree mataa ishee ofiin murteessuu hindandeenyetti, carraa ishee hunda maatiin ishee murteessuufii akka qabanitti fudhatamuun, nama isheen hinfeene heerumsiisuuf , mirga maatii akka ta'etti waan kaa'ameef isheen immoo wanti kun ta'uu akka hinqabne amanuun, yeroof murtee balaa ishee irra geessisuu danda'an jalaa bahuuf gara Finfinneettii dhufuun rakkoolee hedduu keessa darbuun ishee kan dhufe, ilaalcha maatiin ishee maxxantummaatiin ilaalan irraa kan ka'e ta'uun asoosichi ibseera.

### 2.1.6 Amaloota Dubartootaa

Fergusen (1977) fakkaattii amaloota dubartootni ogbarruu garaagaraa keessatti qaban irraa ka'uun, fakkaattii adda addaa kenneefii argina.

#### 2.1.6.1 Dubartii Garraamii

Dubartii garraamiin, garraamummaafi gaarrummaa qabdi. Yeroo ijoolummaa ishee, abbaafi haadha isheef kan ajajamtuufi abboomamtudha. Erga heerumtee mana godhattee booda, abbaa warraa isheefi ijoollee ishee gammachiisuun fedhii isheedha. Fedhiin ishee inni guddaan, fedhii ijoolleefi abbaa warraa ishee guutuu, hojii mana keessaa hojechuufi yeroo ishee hojiin dabarsuun aarsaa gochuudha. Ijoollee ishee irraa jaalala guddaa qabdi. Kanaafuu, hawaasa biraa biratti jaalattamtuudha (Fergusen, 1977).

#### 2.1.6.2 Dubartii Hamtuu

Dubartii hamtuu faallaa dubartii garraamiiti. Yeroo asoosama keessatti yeroo fakkeeffamtus, hamtuu, dhibooftuu, keessoon ishee kan daba yaadduufi kan kana fakkaatan yeroo taatu, abbaan warraafi ijoollee ishee irraa jaalala kan hinqabne, abbaa warraa ishee kan kabaja dhowwattu waan taateef hawaasa biratti jibbamtuudha (Fergusen, 1977).

#### 2.1.6.3 Dubartii Qofa-galeettii

Dubartiin qofa galtu, sababa adda addaan ta'uu dandeessi. Kunis, du'aa, maseenummaafi kan kana fakkaataniin osoo hingammadin gaddaan jireenya ishee gaggeessuun jiraattudha. Kunis asoosama keessatti haala gaddisiisaa ta'uu isaa hubanna (Fergusen, 1977).

#### 2.1.6.4 Dubartii Dhiira Boochiftu

Dubartiin dhiira boochiftu, umuriin ijoollee taatee ofbabareechuun dhiirota kan ofitti harkiftu taatee, salphaatti dhiirota kan boojitudha. Karaa biraa ammoo, dubartiin akka kanaa kun, nama kan hiiksiftudha. Dubartootni bifaan nama booji'an kunneen dubbii waliin dhahuun waan raawwatan tokko akka hinraawwanneetti ofmul'isuun humna isaanii olitti dhiiratti boonuu barbaadu. Kanaafuu, hawaasa keessatti fudhatama hinqabani (Fergusen, 1977).

#### 2.1.6.5 Dubartii Sagaagaltuu

Dubartii sagaagaltuun, erga heerumtee booda itti yaaddees haa ta'u otoo itti hinyaadiin, dhiirota gowwoomsanii fedhii foonii isaaniif kan yeroo itti dabarsanidha. Dubartiin akka kanaa kun, sagaagalummaa malee kaayyoo gara biraa hinqabdu. Kabaja kan hinqabne, hawaasa biratti jibbamtuu kan taatedha (Fergusen, 1977)

#### 2.1.6.6 Dubartii Bilisummaa Qabdu

Dubartiin bilisummaa qabdu, qabeenya ishee sodaa malee kan kabachiifatu, sodaa malee kan dhugaa dubbattu, cunqursaa dubartootaa kan balaaleffattu, dinaagdeedhaanis kan ofdandeesse, eenyummaa ishee kan of hinsarbine, kan baratteefi dhiibbaa/cunqursaa dhiiraarraa bilisa kan taatedha. Kanaafuu, hawaasa keessatti ofumaa kan sochootu ofdandeessuudha (Fergusen, 1977)

Walumaagalatti namoonni akkuma bifa garaagaraa qabanitti amala garaagaraas qabaachuu akka danda'an ibsa olitti amala dubartootaa ilaalchisee ibsame irraa hubachuun nidanda'ama. Barreessitoonni asoosamaas asoosama isaanii keessatti yeoo namfakkiilee bocan amala kana gonfachiisuun waan addunyaa dhugaa keessatti raawwatamu agarsiisuuf akka yaalaan ibsa olitti tokko tokkoon kenname irraa hubachuun nidanda'ama.

### 2.2 Yaaxxinaalee Hog-barruun Ittiin Qeeqamu

Ragaan toora intarneetii http//www.smu.ca/ irraa argame akka ibsutti, Yaaxxina jechuun adeemsa hogbarruun tokko ittiin hubatamuufi xiinxalamu yemmu ta'u faayidaa hog-baruu, walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa, dubbisaa, hawaasaa, seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan agarsiisu ta'uu isaa yaadni toora intarneetiirraa argame akka itti aanutti ibsa.

“Theory is the process of understanding what the nature of literature is, what functions it has, what the relation of text is to author, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but understanding of the frames of judgment’’ jedha.Yaadni kun hojii hogbarruu tokko xiinxaluuf, yaaxxinaalee qeeqa hogbarruu bu’uureffachuun barbaachisaa akka ta’e agarsiisa. Qeeqni ogbarruu kunis yaaxinaalee garaagaraa kan of keessaa qabu yoo ta’u, hojii qorannoo kanaaf kan filatame yaaxina feeminizimiiti.

**2.3 Sakatta’a Barruu Wal-fakkii**

Hojiilee yaaduumee kanarratti qorannoo adda addaa bal’inaan gaggeeffame hinjiru. Kutaa kana jalatti kan dhiyaatu, qorannoowwan mataduree kana waliin walfakkaatanidha. Waa’een qorannoolee namfakkii dubartootaa Afaan Oromootiin Afaan Amaaraatiin akkasumas afaan biyya alaatiin hojiilee kalaqaa keessatti gahee isaan qaban kan ibsan, kan dhiyaatan, sadarkaa digirii jalqabaaf yommuu ta’an, sadarka digirii lammaffaarratti kan dhiyaatan baay’ee murtaawoodha.

Soorettii (2014) mata duree qorannoo “Xiinxala Asoosamoota *Dhaamsa Abbaa, Kuusaa Gadoo, Fedhii Gamtokkeefi Asoosamoota gaggabaaboo Biroofi Namummaa* Gaaddisaa Birruu Barreesse” Ija yaaxina Feeminizimiitiin” jedhu yoo ta’u, Qorannoon kunis Yuunivarsiitii Finfinneetti Digirii lammaffaa guuttachuuf kan dhihaate yoo ta’u kaayyoon qorannichaas, kitaabota kanneen keessatti gosoota feeminizimii kamitti akka qoodaman, hariiroo namfakkii dhiirotaafi dubartootaa addaan baasuu, ciminaafi hanqina namfakkiiwwan dubartootaa tarreessuufi gahee dubartoonni jireenya hawaassummaa,siyaasaafi dinagdee keessatti qaban ibsuu kan jedhu yoo ta’u, argannoon qorannoo kanaas Feeminizimii kallattii garaagaraan kan ibseefi dhimmoota mirga dubartootaa kabachiisuu,dubartoota siyaasaan, hawaassummaaf, dinagdeefi amantaan mirga dhiirota waliin walqixa argachuu qabu dhimmoota jedhu kan kaasu yoo ta’, garaagarummaan qorannoo qorataa kanaa waliin qabu immoo, kitaabilee asoosamaa kan akka “*Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa*” jedhu irratti xiyyeeffachuu isaati. Tokkummaan isaanii immoo kitaabileen asoosamaa kunneen ija yaaxina Feeminizimiitiin xiinxalamuu isaaniti.

Qorannoon jalqabaa, “Haala Fayyadama Bifoota Yoomessa Asoosamoota *Hawwiifi Yeroon Siif Haadhiistuu”* mata duree jedhuun, bara 2002, qorataa Ramadaan Mohaammad Saaniin, baachilar digiriirratti qorannoo dhiyaatedha. Asoosamoota lachan keessatti, “Haala Itti Fayyadama

Yoomessaa Maal Fakkaata?” kan jedhu kaayyoo qorannoosaa godhachuun yommuu ta’u; qorannoo isaas mata dureewwan afurii qoqqoodee dhiyeesseera. Keessumattuu boqonnaa sadii jalatti, bifoota yoomessaa asoosamoota jiran keessaa yaada tokko tokko eeruun kan ibse nimul’ata. Cuunfaafi argannoo jechuun boqonnaa afur jalatti kan kaa’e asoosamoota lachan keessatti, yoomessa taa’umsa lafaa (geographical seting) jechamu kan irra jireessaan kan mul’atu haa ta’uyyuu malee, bifti yoomessa sadan: yoomessa seenaa (historical seting), yoomessa haala taa’umsa lafaa (historical setting) fi yoomessa haala naannoo (physical environment) qorannicha keessatti akka mul’atu addeessuun qorannoosaa goolabeeera. Haa ta’u malee qorataan kun kitaabilee asoosama ‘*Imaanaa Imaltuufi ‘Imimmaan Haadhaa’* jedhu keessatti Feeminizimii irratti xiyyeeffachuun garaagarummaa kan qabu yoo ta’u, tokkummaan isaanii immoo kitaabilee asoosamaa irratti xiyyeeffachuufi haala fayyadama jechootaa qoratichi kan ilaale yammuu ta’u kun immoo haala sana keessatti Feeminizimii ilaaluu isaati.s

Qorannoo lammaataa bara 2009, Degemey Konchi Tolaan, mata dure qorannoo “Xiinxala Mata Barreeffama Asoosamoota “*Hawwii”fi “Yeroon Siif Haadhiistuu“* kan jedhuun, sadarkaa Baachilari Digirii Artistiin kan dhiyaate yommuu ta’u, boqonnaalee afurii kan qabudha. Qoratichi kaayyoo qorannoo godhachuun kan ka’es, haala tooftaa barreeffama asoosamichaa agarsiisuudha. Gama kanaanis, jabinaafi dadhabina isaa ifa baasuu akka ta’e ni ibsa. Boqonnaa afur: cuunfaafi yaada furmaataa jedhu jalattis, hanqiinaas ta’e jabina akka qabu ibseera. Akka jabinaatti, haala itti fayyadama jechoota, waliin dubbii, haala itti fayyadama jechoota wal dorgomsiisuu seeraan yookaan haalaan dhimma itti ba’uu isaati jedha. Haata’uyyuu malee, kan dadhabina jedhee adda baase hinargine.

Qorannoo biraa mata duree “Xiinxala Gooban Galeessa Asoosama *Yoomi Laata?”* qorataa, Ahimed Abdiin bara 2011, Baachilar digirii artistiin qorannoo dhiyaatedha. Qorannichis, namfakkii goobangaleessa asoosamichaarratti kan kaayyeffate ta’uusaa hubachiisa. Gaaffii” Gama kamiin?” jedhu deebisuu haadhiisu malee, keessa isaatti namfakkiilee afur eeruun haala keessaafi alaan, itti fufiinsafi amanamummaa isaanii ibsuun boqonnaa dhumaarratti akka ibse arguun nidanda’ama.

# Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa

Malli bu'uuraa qorannoon kun ittiin gaggeeffamu mala qorannoo akkamtaatiin ta'ee kitaabilee asoosamaa, *Imaanaa Imaltuu* jedhuufi *Imimmaan haadhaa* jedhu yaaxina Feeminizimii irratti xiyyeeffachuun sakatta'uufi xiinxaluudhaan ibsameera.

## 3.1 Madda Ragaalee

Qorannoo kanaaf madda raga kan ta'an kitaabilee asoosama dheeeraa, *Imaanaa Imaltuu* jedhuu fi *Imimmaan Haadhaa* kan jedhu dha. Kitaabni asoosama dheeraa *Imaanaa Imaltuu* jedhu Kan barreeffame Abrahaam Tasfaayeetiin yoo ta'u, fuula 233 qaba. Barreessaan kitaabaa asoosama dheeraa *Imimmaan Haadhaa* Immoo, Toleeraa Fiqiruu Gamtaa yoo ta'u, kitaabichi fuula 320 fi boqonna 5 kan of keessaa qabudha. Kitaabni *Imaanaa Imaltuu* bara 2013 A.L.A kan maxxanfame yoo ta'u maxxansa 3ffaa dha. *Imimmaan Haadhaa* bara 2007 A.L.A tti yoo ta'u maxxansa jalqabaati.

## 3.2 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Irraawwatamtoonni qorannoo kanaa kitaabilee asoosama dheeraa, *Imaanaa Imaltuu* jedhuufi *Imimmaan Haadhaa* kan jedhu yoo ta'an, kitaabileen kun kan filatamanis kitaabileen asoosamaa kunneen kan ciminaafi bilchinaan barreeffamaniifi Kanaan duraa kallatti feeminizimiitiin xiinxalli kan irratti hingaggeeffamnee ta'uu akkasumas barreessitoonni kitaabilee kanneenii akkamiin akka ibsan ilaaluuf illee kan filatamaniidha. Tooftaa iddaatteessuu kaayyeffataatti dhimma kan bahame yoo ta'u, Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu kitaabilee kanneen keessaa argachuun ni danda'ama amantaa jedhuun irratti xiyyeeffatamee hojjatameera.

## 3.3 Mala Funaansa Ragaa

Qorannoon kun xiinxala kitaabilee asoosamaa waan ta'eef, tooftaan funaansa ragaa qorannichaa kitaabilee eremaan sakatta'uudhaan. Haalli keessa darbames dura kitaabilee asoosamaa qorannoon kun irratti gaggeeffamuuf qopheeffame irra deddeebiin dubbisuu, itti aansuun dhimmoota feeminizimii achi keessa jiran kanneen dhimma walfakkaatu qaban kophaa kophaa isaanitti akka dhimma irratti fulleeffataniin qindeeffamaniiru.  kunis kitaabilee kanneen irra

deddeebi’uun dubbisuudhaan odeeffannoo mataduree qorannichaa wajjiin deemuu danda’an akka fakkeenyaatti keessaa fudhachuudhaan xiinxalame.

## 3.4 Tooftaa Qaacceessa Ragaa

Qorataan kun qorannoo isaa asoosamoota ‘*Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa’* jedhaman irratti xiyyeeffachuun xiinxala isaa gaggeessee jira. Xiinxala isaa kanaan dhimmoonni asoosamoota sanaan keessatti ija yaaxina feeminizimiin dhiyaatan haala qabatamaa jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti mul’atu irratti hundaa’uudhaan akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin waljala galchee xiinxala isaa gaggeessee jira.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

## 4.1 Qaaccessa Sab Seenaa Asoosama *Imaanaa Imaltuu*

Kululeen shamarree qaro dhabeettii kan homaa hinqabneefi kadhaan jiraattufi kuusaa midhaanii jala bultu akkasumas kan kadhaa kanaan bultuufi magaalaa Gimbii keessa jiraattuudha. Isheenis osuma haala kanaan hanga isheedhaa danda'ametti miidhagina ishee eeggachaa jireenya mataa ishee bifa kanaan adeemsisaa jiraattuu, guyyaa tokko wanti isheen hineegnefi guyyaa tokkollee qunnamee hin beekne qunname.Innis namicha eenyummaa isaa hinbeekneen huurriifi rooba yandoo daayeeffatee gudeedamuu isheeti. Isheenis yeroo kanarraa kaatee haa iyyitu malee namni dhaga'eefi birmateef tokkollee kan hinjirreedha. Kanumaan walqabatee ulfoofte. Namichi kunis yeroo sanaaf fedhii foonii isaa itti bahee haa ulfeessu malee isheen ijaan argitee waan hinhubanneef kana booda arguu hindandeenye.

Kululeenis guyyaan da'umsa ishee gaafa gahu namaan deeggaramte hoospitaala adveentistii Gimbii dhaquun deesse. Guyyaa kanas harka lammii biyya alaa harkatti kan dhalate yoo ta'u, Dubartiin deessiste kun akka kennituuf gaafatte. Isheenis diddee jennaan hospitaala yeroo malee baate.Maqaa mucaa ishees kennaa jettee moggaafachuun waliin jiraachuu eegalte. Kennaanis erga waggaa afur gahee booda jireenya haadha isaa waliin harka qabee osoo kadhatuu, kadhaa keessa bahuun gara hojii humna isaa hojjachuutti kaayyeeffate. Kanaanis gargaarsa namaan hojii kophee qulqulleessuu eegale. Yeroo manni barnootaa gahettis mana barumsaa Adveentistiitti Gimbiitti barnoota isaa barachaa leestiroo qulqulleessaa, guyyaa sanbataa immoo kadhannaa amantii adeemsisaa akkasumas haadha isaa gargaaraa kutaa 12 ffaa gahe.Haa ta'u malee haati isaa itti himu haa baatuyyuu malee dhukkubbiin guyyaa isa deesse irraa kaasee ishee irraa hindhaabbanne. Haa ta'u malee guyyaa kana waanuma fayyite itti fakkaatee innis gammadee akkuma yeroo kaanii mana barumsaa isaa oole. Garuu guyyaa kana qalbiin isaas gaarii hinturre. Yeroo galutti haati isaas boqotteerti.

> *… Kennaan fiigichaan afuuraa ciccitaa yammuu mana gahe, haati isaa deebitee ciisterti;" "Harmee jechaa seene. "Harmee…harme!"Itti siqee waamuus, humaa! "Harme deebisee si dhukkubee?"Maddiiwwan harmee barruu harkasaa lachan keessa galchee raasaa, "Haadha koo …harmee ko,? Jedhee harmee waama. Haati isaa garuu hinkaatu. "Harme,"yoo jedhu, Oo! Maal jette dhala ko?" hinjettu.Isatu nama du'e hinbeekuuf gowwoometi malee, afuurri keessaa haratee, edaa harmeen boqotteerti. "harmee na sobdee? Akkuma kaanii atis garaa natti jabaattee? maaliif harme? Maaliif deessuu ko? Maaliif? Maaliif?"(Imaanaa Imaltuu fuula 42)*

Kululeenis erga awwaalamte booda ilmi ishee kennaan awwaaluma gidduu oolaa bulaa ture. Namoonni kadhatanis dadhaban. Inni garuu abdii biraa waan hinqabneef du'a qofa ofii hawwaa ture.Osoo haati isaa hindu'in kutaa 9ffaa yeroo barachaa jirutti barnoota isaatiin cimaa waan tureef hojii duraan hojjatu dhiisee ijoollee qo'achiisuun maallaqa argatuun harmee isaa gargaaraa ture.Barattoota gargaaru keessaa tokko Amiinaadha. Amiinaan immoo warra sooreyyii Magaalaa sana keessa jiran irraa kan dhalatteefi rakkinni maal akka ta'e beektullee ofii argitee kan hinbeekneedha. Haati Kennaa Dhukkubsachuufi du'uu ishee Amiinaan dhageessee hinbeektu hanga guyyaa shanaffaa isaatti. Isheenis shakkitee Qananii kan gargaarufi hojii wajjiin hajjachaa turan waan beektuuf gaafatte. Innis haati duute bataskaanatti galuu isaa erga itti himeen booda hojii maatii ishee dhiistee achi qajeelte. Isa bira kan dhaqxeefis dhimma qo'achiisuu qofa osoo hintaane laphee ishee keessatti jaalalli isaaf qabdu guddachaa adeemera.Erga isa bira geesseen booda hanga boochu boochee ekeraa haadha isaafi isaafi waadaa seente.

> *… "Yaa ekeraa haadha kennaa hoo… mee al tokko nadhaga'i.Yaa hafuura haadhaa… yoo akkuma jirtan ta'e, mee al tokko nadhaggeeffadhu. Ilmi koo akkam ta'a jettee boqonnaa of hindhorkin. Ilma kee nan jaaladha.Jaalalli isaa ijoollummaatti lapheetti naseene; nawaliin guddate; nawaliin jiraate; nawaliin jira; nawaliin jiraata; nawaliinis du'a.Utuun lubbuun jiruu kan inni dhabe maraaf jaalalaf jecha nan ta'a.Ammaan boodatti ilmi kee ilma kooti. Egaan sichittis atis, dirqama haadhummaa yaaddoofi dhiphina kee mara imaanaa anatti kennadhuu ofiif nagaatti boqodhu,"jettee afuura haadhaaf waadaa seente-waadaa ulfaataa! Gara kennaattis deebitee,"Haadha siif ta'uuf dirqama garaa sibaafachuun narraa hineegamu.Quxisuu kee ta'us egaa sichitti yoo naaf eeyyamte ani haadha keeti.Gadda kees anatti irraanfachuuf jirta.Amma ka'i."Hark'saa harka isheen qabdee … harkiftee lafichaa kaaste.Kennaan of to'atee dhaabbachuu hindandeenye…deeggartee dhaabdee…harka tokkoon mudhiisaa, harka biraan harkasaa gateettii ishee irratti qabattee, tirsite-gara awwaalchaa haadhaati.*

Waggaa afur booda Kennaanis barnoota isaa xumuree gara Yuunivarstii Finfiinnee kiiloo shanitti qajeele. Amiinaanis barnoota ishee kutaa 8ffaa fixxee gara itti aanutti darbite.Isaanis guyyaa bakka awwaalcha haadhaatii deemanii booda ija jaalala waadaatiin kan wal ilaalaniidha. Isaanis barnoota isaanii itti fufanii inni waggaa dhumaa irra yeroo gahu, isheen immoo kolleejjii western Gimbiitti kilinikaal narsiingii waggaa lammaffaa baratti. Isaanis jireenya isaanii keessatti amantaan, qabeenyaan, fikkf adda kan hin baane ta'uus waadaa walii galaniiru. Isaanis barnoota isaanii xumuranii ganna ganna walarguun fedhii fulduraafi jaalala isaanii walii dabarsaa turu.

> *…Yeroo turtii boqonnaa Gannaa baatiin lamaan dhumee kaampaasiitti deebiin Kennaa gaafa ga'u, guyyoota waliin dabarsan hundumaa caalchisanii eebbisaa, imimmaaniin fuula dhiqatanii walgaggeessaa, ganna dhuftu deebi'anii waan walarganiifis isatti obsaa deebi'anii gargar ba'u.Jaalalli isaanii haala kanaan …amanamummaan akka miidhagee mul'atetti umrii waggaa sadiifiji'a ja'a lakkoofsisee guyyaa har'a irra gaheera…(Imaanaa Imaltuu; fuula 85)*

Osuma Kennaan Yuunivarsiitii Finfinneetti barachaa jiru, Sababa barataa Oromoo tokko Shukkaan waraanamee du'een barattoonni hiriira nagaa bahan. Hiriira kanaan walqabatees kennaan keessatti hirmaatterta sababa jedhuun mana hidhaa maakalaawwii seenera.Amiinaaniis kana dhageessee booyichaan ganamaafi galgala miidhamaa jirti.Gammachuun konkolaachisaa ta'ee yeroo dheeraaf magaalaa Gimbii keessatti hojjachaa ture.Innis Jiituu waliin jaalala waggaa dheeraa kan rakkina irratti hundoofte waliin uummatanii jiraachaa jiru. Osuma kanaan jiranu inni sababa hojiif jecha gara Magaalaa Finfinnee deemee torban lama erga tureen booda deebi'e. Haa ta'u malee jaalalli Jiituu akka yeroo kaanii itti ta'u dide.Ofiifan balleesse moo Jiituun koo maal taate jedhee of duuba deebi'ee wanti inni hinsakkataane hin jiru. Dhiifamas gaafatee dadhabe.

> *…Gammachuun nama gaariidha. Keessumattuu Jiituuf. Darbaa jaalataan. Sababa jaalatuunifis jireenya ishee keessatti irranfatamuu kan hindandeenye oolmaa hedduu ooleeraaf. Isaan keessaa akka fakkeenyatti tokko …yeroo sana, waggaa shaniin dura yeroo walbaranitti, Jiituun qormaata kutaa kudhanii fudhattee qabxii qophaa'insa itti fufsiisu waan hin argataniif manatti ol deebitee taa'utti jirti turte.Amma garuu gargaarsa Gammachuutiin,waggaa sadiif Naqamtee teessee kolleejjii dhuunfaa irraa ogummaa nersiitiin leenjifamtee eebbifamteetti. Oliifi gadi fiigee, Hospitaala Adiveentistii Gimbiitti akka qacaramtu kan godhes isuma…( Imaanaa Imaltuu; Fuula:87 )*

*B*ifa kanaan erga turanii booda yeroo inni itti Finfiinnee deemeetti Obboleettii Jaafaar kan taate Lalisee faana turuun laliseen akka obboleessa ishee Jaafaar waggaa 14 Ameerikaa turee dhufutti heerumtuufi Gammachuu akka dhiiftuuf amansiifte. Jiituunis jibba biraa Gammachuu irraa qabaattee osoo hintaane kanumaaf jecha Hospitaala Adveentistii kan Gammachuun haala miijessee Kana dhiistee Ameerikaa filatte. Garuu Itti himuun waadaa kaleessa sana maal gootee itti ulfaatee jira.Ta'us guyyaa tokko Lalisee waliin akka hinyaannetti dhaga'eera.Innis guyyaa kanarraa kaasee ishee dhiisera.Isheenis Jaafaritti heerumuuf qophii cimaa irra jirti. Guyyaa cidhni adeemsifamus guyyoota afurtu hafa. Gidduma kanaan dhimmi biraa mula'te. Innis Hajii Nuuree abbaan Amiinaa Jaarsota naannoo sana namoota sadii Waamuun dabalataan abbaa jaafar waamee haala kamiin kristaannifi Musliimni walfuudha. Kun safuudha. Gonkumaa ta'uu hindanda'u kun dhaabbachuu qaba jedhee yaada. Jaarsoliinis kanuma irra deebi'anii itti

himan.Duraamaanuu Hajiin haala ittiin mucayyoo isaanii kennaa harkaa itti baasan yaadaa waan turaniif Ameerikaa irraa kan Dhufe Jaafaritti Amiinaa heerumsiisuun kaayyoo saaniiti. Isaanis Jaarsolii kanneenitti dhimma bahuu barbaadan.

> *…Jaarsolii Gimbii keessaa, dhugaa soba godhanii, soba dhugaa fakkeessanii dandeettii dubbatanii waa nama amansiisu qaban sadii kan oolmaan isaan bitee hajiif jalee ta'an jiru.Isaan Sadan gurra magaalaa Gimbiiti Gurra Haajiiti. Namoota birattis sillaaseeHajii jedhamuun beekamu. Hajii haala kanaan Intala isaanii Jaafaritti heerumsiisuuf boolla meeqa qotanii boolla meeqa duuchuutti utuu jiranii ture kan Jaafar tasa Amiinaa arge (Imaanaa Imaltuu, fuula 171)*

Jaafaris osoo Jiituu fuudhuuf oliifi gadi jechaa jiruu Sababa Amiinaa argeef yaada isaa jijjiire. Innis Abbaan isaa akka Jiituu dhiisee Amiinaa fuudhuuf akka jaarsolii itti erganiidha. Jiituu irra Amiinaa waan caalchifate fakkaata. Abbaan isaa akka gammaduus akka gaddus erga ta'anii booda murtee fudhachuun jaarsolii gara Hajiitti ergan. Jaarsoliinis harka keessaa waan qabaniif warra Amiinaa dhaquun dubbachuu eegalan. Kun garuu adeemsa keessa haa ta'u malee dubbiin dursuma deemaa ture. Kun Garuu Amiinaaf dugdaafi garaa fakkaata. Abbaan isheefi jaarsoliinis walharkaa fuudhanii akka itti heerumtuuf amansiisuu yaalan. Kun garuu waan danda'amu hin fakkaatu. Hajiinis filannoo biraa barbaadu eegalan kunis kennaan jaalachuu ishee waan ifaafi deemeef akkamitti akka isa harkaa baasan yaadan. Kunis akka waan mana hidhatti du'ee fakkeessanii himuudha. Haala kanaanis guyyaa biraa Waldee kan jedhamu dhufee akka Kennaa du'e mana daldalaa biratti haadha Amiinaatti himuudha. Kunis shira abbaan ishee uume malee kan waldeen uumame miti.Waldeenis achumaan Amiinaan achi waan jirtuuf akka dhageessuuf yaadameeti.

> *…Yeroo darbe sababa tamaarii 'ajjeefame jedhame sanaatiin yeroo tamaaronni yuunibersiitii Addis Ababaa jeequmsa kaasan sana, kennaan qabamee eessa buuteen isaa wallalamee ture.. ergasiisis mana hidhaa jira jedhame…?"Ammahooree?" Haati Amiinaa woldee gaafatan. Woldeen dafee dubbatee hinxumuru.Amiinaan immoo sombi karaa afaanii ba'ee lafa bu'uuf jedha. Woldeen giphii kofoo fuulduraa keessaa erbee baafatee … ijaafi funyaan haxaawataa, "Mana hidhaa keessatti of gaagure jedhan," jedhe (Imaanaa Imaltuu fuula 190)*

Haati Amiinaa gaddanii mataa qabatanii erga iyyanii booda mucayyoo isaanii Amiinaaf jedhanii baay'ee gaddan. Amiinaan garuu naasuu guddaan osoo waa hindubbatin gara manatti qajeelte. Boo'ichi ishee garuu akkuma itti fufetti jira. Waa'ee kennaa akka haadhaatti haadha duute irraa

Imaanaan fuuteetu itti dhaga'amaa jira. Isa Warri Jaafariifi warri ishee jedhan gurra ishee irra waan yaa'aa jiruu hinfakkaatu.Erga mana geesseen booda oliifi gadi jetti. Mataan dhukkubbiinis itti cimaa deemeera. Daddabaltee kennaa maqaa dhoofti. Inni wayi bira jiraatee dhaga'aree? Boraatii mataa ishee jalaas teessuma dhoowwiteerti.

> *…Akka waan boraatichi kennaa ta'ee, harka lachuun dabaree laphee ishee irratti reebaa sagalee olfudhatte, "maaliif? Maaliif?" jetti, "Garuu maaliif? Maaliif? maaliif ? maaliif ?Kennaa maaliif ? Maaliif gooftaa ko maaliif? Maalan sigodhe? Maalan maqe? Maalan balleesse? Kana turee karoorri keenya ? walfuunee mana tokko keessa jiraachuuf waggaa tokko qofaatu nuuf hafe jechaa hinturree ati? Jaalala keetiin lammataan dhaladha jechaa hinturree? Of harkaa si dhabeen si harkatti of argadhe hinjennee? maaliifiree ? maaliif? Maaliif? kennaa maaliif? Anaan eenyutti laattee? Eenyuutti? Eenyutti? (Imaanaa Imaltuu, fuula 193)*

Haa ta'u malee Amiinaan dhiphuu kanaan qabattee midhaanis nyaataa waan hinturreefi kiniina abbaan ishee dhukkuba biroof fudhate humnaa ol waan fudhatteef innis sababa itti ta'uun du'aan akka mo'amtu taateerti. Kun immoo rakkoo biraa fidaa deemera. Akka amantaa Islaamaatti namni of ajjeese tokko bakka awwaalcha muslimmoota warra kaaniiti hin awwaalamu. Isheenis kanumaaf jecha irra siqsanii bakka birootti awwaalan.

Bashaatuun hojjattuu mana warra Amiinaa kan turteefi Amiinaa humna ol kan jaalattu ta'uu ishee bira darbee Kennaan kan hinduuneefi abbaan ishee isa harkaa baasuuf shira raawwatan ta'uu yeroo Muniiratti himan waan dhaggeessef , soba ta'uu kana akka dhaggeesseen yeroo Amiinaatti himuu deemtu, isheen boqoteerti.Sababa du'a ishee faana walqabsiisanii isheetu ajjeese jedhanii shakkuun mana hidhaa haa galchanii malee waan qorannoon mirkaneesseef bilisaan baaterti. Isheen garuu sababa Amiinaa baay'ee jaalattuufi waan waliin dabarsan hunda yaadachuurra jettee mindaa isheefi huccuu ishee dhiiftee gara ganda dhaloota isheetti galte.

Kennaan nama naannoo magaalaa Gimbii irraa gara mana hidhaa ma'aakalaawwii dhufe irraa haala Gimbiifi odeeffaannoo naannoo sana jiru hunda waan itti himeefi sana keessattis Amiinaan du'uu ishee waan itti himeef innis filannoo isaa du'a godhateera. Du'a haadha isaa isheetti irraanfate waan ta'eef dhugaa qaba kaa.Durba durbummaan duute Yaa ayyaana gaara boollaa"Wayyoo –wayyoo! Amiinaa koo wayyoo …! Wayyoo kennaatu baay'ate; uuuu…'saatu heddumate.wayyoo…akka akka jedhetti lafti itti bari'e. lapheesaa keessaa bakki Amiinaan qabdu edaa hamma kana turee? "Wayyoo Amiinaa ko wayyoo …wayyoo miskiintittii ko wayyoo…wayyoo…? *(Imaanaa Imaltuu, fuula: 202)* Waraabbii kanarraa akka hubannutti

oolmaa Amiinaan oolteef guddaa waan ta'eef Innis irraa hafuu hindandeenye.Innis reenfi isaa fe'amee gara bakka dhaloota isaa dhaquun isheedhuma bukkeetti awwaalameera. …" Bakki Dhaloota koo Wallaggaa Lixaa Magaalaa Gimbiidha.Awwaalcha irraa qoodamtee kan kophaatti awwaalamte, Mucaan durbaa tokko achi jirti Amiinaa jedhamti.Yakkama jalaa ba'ee aduu qulqullummaan koo mirkanaa'e, oolmaa tokko naaf ooltu! Reeffa koo Gimbii geessatii cinaa reeffa Amiinaa boqochiisaa. Kun Imaanaa Imaltuuti (Asoosama *Imaanaa Imaltuu, fuula:211).* Waraabbii kanarraa hubannu sababa imaanaa haadhummaafi oolmaa Amiinaan kennaa irraa qabdu irraa kan ka'e filannoon bakka awwaalcha kennaa illee ishee bira akka ta'u imaanaa kaawwate kan ibsuu ta'uu argina.

Jiituu dhiisuun Jaafar sababa laliseen itti himteef Jiituunis dhukkubsattee mana yaalaa seenterti. Kun immoo waa lama dhabuu ishee irraa kan madde ta'uu saati. Gammachuu isa ganamaa yookiin immoo Jaafar sooressicha.Isheenis kanumaan fayyuu waan hindeenyeef duuterti. Jaafaritti haalli hundi jijjiirameera. Qananiin kennaa yeroo ijoollummaa gargaaraa tures Jaafar eeggachaa jiraachuu isaa irraa kan ka'e shakkamee to'atameera. Obboleessi Jiituu margaan haaloo obboleettii isaa bahuuf jecha bakka mana baankii eegaa jirutti Jaafar maallaqa fudhachuu dhufe erga bahe booda meeshaa harka jiruun dhahe ajjeesera. Dubbiin egaa Kululee gaafa naannoo bataskaana maaramii jala teessee kophaa ishee qaroo dhabeettiin kun kadhattee bultutti kan dumeessaafi rooba daheeffatee gudeedee kennaan akka dhalatu godhe Hajii Nuuree abbaa Amiinaati. Hajiinis akka isaan walitti hindhufneef addaan kutee galgalli isaanii du'a akka ta'u obbolaata lamaan kan godheefis kanumaaf fakkaata.

### 4.1.1 Fakkii Dubartootaa Asoosama *Imaanaa Imaltuu*

Barreessaan asoosama tokko keessatti namfakkiilee garaagaraa uumee addunyaa dhugaa keessa galchee dhimma itti baha.Kitaaba asoosamaa *Imaanaa Imaltuu* kana keessattis fakkiiwwan dubartootaa maal akka fakkaatan, maal ibsuuf immoo barreessaan kun dhimma itti bahe kan jedhu kan xiinxalaman ta'a.

#### 4.1.1.1 Akka Gara- Jabeettitti

Gama Feeminizimii aadaan yoo ilaalle dubartoonni hawaasaaf baay'ee barbaachisaadha jedhee amana. Yaadiddama kana keessatti dhiirafi dhalaa gidduu garaagarummaan xiinsammuufi namummaa bu'uura ta'e akka jiruufi garaggarummaa dubartootaa kunis adda qofaa kan hintaane

isa guddaadha. Kanaafuu gara jabummaan dubartootaa akka asirraa maddeeti ilaaluun nidanda'ama yaada jedhu kan qabuudha.Dubartoonni yaaxina feeminizimii keessatti karaalee garaagaraa ilaalamuu danda'u. Barreessaan asoosama *Imaanaa Imaltuu* keessatti dubartoonni akka garaa jabaatan, akka bakka tokko tokkotti murtee murteessan tokko keessa deebi'anii hinilaalletti ka'eera. Dr. Dorombee Yoo fudhanne sababa Kululeen mucaa ishee dhoowwatteef jecha akka mucaa ishee deesseen guyyaan osoo hinga'in, dhiigni ishee irra jiru osoo hinqooriin akka ari'amtu taasifte. Kun immoo gara Jabummaa dubartoonni qaban agarsiisee barreessan kun kan fayyadame ta'uu nu agarsiisa. Waraabbii armaan gadii irraa hubachuuf yoo yaallu:

> *…Dorombeen akka dallanuus, akka mufachuus, akka aaruus taate, akka waan dugda baasni waliif gaaddiinsa namoomaa, waliif kenniinsa dhalaafi haadhoomaa ta'ee! Haati dhala koo hinkennu waan jetteef jibbamte. Gargaarsi irraa cite.Garaan baqaaqsamee hodhame madaa osoo hinqoorfatin, "Ba'i.!" jedhamte. "Hinba'u!" jettee goolii hinkaasne haati; harka tokkoon mucaa abbaa godhatteef hinbeekne kaasuutti qabattee, harka biraan ulee of dura afarsaa –lafa tuttumataa-karaa ilaallataa-dhiiga gadameessaa coccobsaa mooraa hospitaalichaa lakkistee baate kululeen (Imaanaa Imaltuu, fuula: 7 fi 8)*

Waraabbii kanarraa hubachuun akka danda'amutti dubartiin dubartii akka isheetti tajaajila kennuu qabdullee daaheffattee murtee cimaa walirratti fudhachuu kan agarsiisuudha. Gama biroon immoo waliif obsa dhabuun rakkoo ulfaataa irratti rakkoo biroof illee walsaaxiluuf akka duubatti hin deebinellee taasisee barreessaan kun haala itti fudhate agarsiisa.

Kan biroo immoo dubartii asoosama kana keessatti hirmaatte keessa fakkii garajabummaa qabattee kan mul'atte Jiituudha. Isheenis nama yeroo rakkoo rakkina keessatti harka qabee, dildala ta'ee laga ceesise qabeenyaan gowwoomfamuun yeroo itti dhiistee nama birootti heerumuuf karoorfattu mul'ata. Kunis gara jabummaa bira darbee waadaa seentee qabeenyaan Jijjiiruu agarsiisa. "…Egaa na dhaga'i. Kaleessa kan keen ture; Har'a garuu miti.Wanti hundinuu. *(Imaanaa Imaltuu: Fuula 112).* Waraabbii kanarraa wanti hubatamu, yeroo isheen barnoota ishee kutaa 10 ffaa kuftee barumsa dhiisuuf jirtutti kan gargaare osoo ta'ee jiruu amma sababa filannoo argatteef dhiisuun ishee gara jabummaa agarsiisa.

Gama biroon immoo qabeenyaf illee dubartoonni gowwoomfamuu akka danda'an barreessaan kun ibsee jira. Gama namfakkii dubartootaa kan biroo hojii gara jabummaan ibsaman yoo ilaalle bakka Kululeen rakkattee qaro dhabummaan mucaa ishee kennaa baattee karaa irra teessee kadhattutti abaarsan dubartoonni akka ishee lafee cabsuun garajabummaa dubartoota kanneenii

kan mul'isuudha. "…Mu…! Gog!" Jetteen gabaan Gimbii, dubartiin dubartii akka isheetiif funyaan qabataa, itti cirriinfataa! "Ija hinfuuneen kun! Isaayyuu hinqaanoftuun firaan, 'Sile Maram'jette!" "Mee dhiisi mee haadha koo; bofa beekaaf miila dhoowwate inni jedhan dhugumaadha." "Dhiigichammoo utuu ofirraa dhiqxeemaal qaba?! Mu*…!"(Imaanaa Imaltuu'Fuula:112)* waraabbiin kun akkuma agarsiisu dubartoonni waliif nahu dhiisanii dabalan yeroo garaa wal hammeessan kan agarsiisuudha. Keessattuu qaro-dhabeettiitti garaa jabaachuun immoo dachaan gara jabummaafi hammeenya kan mul'isuudha. Silaa warra dhiiraa irra waa'ee dubartootaa isaanumatu irra caalaa waliif hubata ture. Kun immoo waan hintaaneef dhiirrillee garaa akka itti jabaatuuf sababa ta'uu danda'a.

### 4.1.1.2 Akka Hojii Dhabeettiifi kadhaan Jiraattutti

Yaada kana kan deeggaru feeminizimiin hawaasaa immoo gama hawaasaafi dhuunfaa irratti xiyyeeffata.Bilissummaan kan argamuu danda'u gadi qabamuun dubartootaa karaa dinagdeefi aadaan jiru yoo dhabamsiifameedha jedhu.Yaada feeminizimii maarkistii sirna qabeenyummaa gadi qabamuu dubartootaafa madda jedhu. Kanaafuu feeminizimiin kun gama dinagdeen akka dubartoonni ofdanda'an irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaa nu agarsiisa. Hojiin namoonni hojjatan baay'eedha. Haa ta'u malee namoonni akka ilaalcha hawaasatti hojii waliif qooduun hojii ciccimaan akka kan dhiiraa ta'ee hojiin humna guddaa hinbarbaanne immoo kan dubartootaa ta'eetti, hojii alaa kan dhiiraafi kan mana keessaa kan dubartootaa ta'etti, barnoonni akka warra dhiiraa qofaaf ta'ee osoo hinbaratin mana keessa hojjachuun akka kan dubartootaa ta'eetti ilaaluun hawaasa keessatti haalan calaqqisa.

Barreessaan asoosama *Imaanaa Imaltuus* Kululee haaalli ittiin fakkeessee barreesse fakkii rakkoon saaxilamtee kadhaan jiraachuu ishee agarsiise. "kululeen, godoo mataa jala kaawwattu kan hinqabne kadhaan bultuudha; akkasumas qaro-dhabeettii guyyaan itti dukkanaa'e… (*Imaanaa Imaltuu; fuula:5*) waraabbii kanarraa akka hubannutti dubartoonni dhiira caaalaa kadhaafi rakkoo garaagaraaf saaxilamoo ta'uu hubanna. Rakkoo keessaa bahuuf immoo filannoo biroo illee osoo hinbarbaadiin rakkoo biroof yeroo ifa bahan barreessan kun lafa ka'eera.

### 4.1.1.3 Murtee kennuu Akka Hindandeenyeefi Maxxantummaan Jiraattutti

Yaadiddamoota feeministootaan ibsman keessaa tokko gadaantummaa dubartootaaf sababa guddaafi isa bu'uuraa akka ta'e ibsanii sirni gadaantummaa dubartootaaf caaseffame kan

ibsuudha .kanaafuu murtee kennuu dadhabuu dubartootaaf olaantummaa dhiirotaa yaaxinni kun lafa kaa'a.Ilaalchonni garaagaraa kan mirgafi hirmaannaa dubartootaa miidhaan dur irraa kaasee hanga ammaatti jiran hedduudha. Isaan keessaa immoo dhiibbaa gama dhiirotaan jiruun walqabatee murtee kennuu dhabuufi maxxantummaan akka jiraatan taasisuun isa hangafa. Barreessaan asoosama *Imaanaa Imaltuus* haala kana ilaalchisuun namfakkii dubartootaa ibsee jira. Fakkeenyaaf Amiinaan jireenya isheef kallattii fulduraa irratti akka kaayyoo isheetti akka hindeemneef Abbaan ishee Hajii Nuuree dhorkaniiru.Waraabbii armaan gadii irraa hubachuun nidanda'ama.

> *...Dhimma jireenya ilmaan isaanii keessa seenuus akka dirqama abbummaa ba'achuutti ilaalu.; "kanan siif jaaladhe fuuta;kanan siif filetti heerumta;" dhaabbii jedhu qabu. Sababuma kanaatiin, kadiir ishee jaallate dhiisee ishee abbaan isaa jaalataniif fuudhuuf dirqame.Intalli isaanii durbaa, isheen seera shaari'aa jalatti guddatte Jaamilaanis yoo taate, namicha itti heerumte sana isheetu fedhee osoo hintaaneHajiitu dirqiin itti heerumsiiseeti. Gabaabatti Hajiin, hordofoo ilaalcha maatii warra duriiti. Kana immoo ilaalcha dhaloonni ammaa qaban waliin kan walitti bu'uudha.(Imaanaa Imaltuu, fuula 51)*

Akka barreeffama armaan olii irraa hubachuun danda'amutti ilaalcha gaarii qabatanii ijoollee ofii guddisuun karaa gaariifi qajeelaa ta'ullee haala jiruufi jireenya ijoollee ofii daangessuufi nama barbaadanitti heerumsiisuun olaantummaa qaban dubartoota irraan gahuun nimul'ata. Hajiinis Kennaa Amiinaan fedhii isheetiin jaalatte humnaan gara ofii fedhanitti heerumsiisuun iccitii qaban dhofkachuuf haa ta'u malee olaantummaa gama dhiirotaan mula'tu kan agarsiisuudha.

Gama biroon immoo Haadha Amiinaa Osoo hin mariisiisiin fedhiifi ilaalcha isaanii qofaan Amiinaa abbaa ofii barbaadanitti heerumsiisuu yaaluun olaantummaa biroo yookiin murtee tokko murteessuu keessatti dubartootaa bakka kennuu dhabuu agarsiisa.

Abbaan Jaafaris waa'ee ilma isaanii Jaafar fuusisuufi eenyu akka fuusisan irratti bal'inaan osoo irratti walii hingalin namoota naannoofi Hajii irraa dhaga'anii yaada isaanii jijjiiran. Kunis Jiituu dhiisanii yeroo gara Amiinaatti yaada isaanii jijjiiran mariin haadha manaa isaanii waliin raawwatan hinjiru. Garuu wantoota namoonni yookiin abbaan Hajiin alaalaan jedhan dhaga'anii yaada isaanii aarii waliin haadha Jaafariitiif ibsan. Kun immoo dursa mariin itti deemuu dhabuu isaanii mul'isa. Hojjattuu Mana warra Hajii kan taate Bashaatuu, kan sirriitti Amiinaa jaalattuufi iccitii ishee eegde jiraattuu osoo rakkoo gidduu Amiinaafi maatii ishee jiru beektu himuu dhabuun gadaantummaa akka hojjattutti isheetti dhaga'amuu ta'uufi mana namaa hojjattuu taatee

jiraachuun immoo dubartoonni kan of danda'anii hojii mataa isaanii uummatanii kan hinjiraannefi maxxantummaa qabaachuu isaanillee agarsiisuuf barreessaan asoosama kana agarsiiseera.

#### 4.1.1.4 Akka Xiinyaada Cimaa Hinqabnetti

Dhimma yaaxina dubartootaa waliin walqabatee feeminizimiin bilissuummaa**,** walaabummaa gosa feeminizimii ta'ee walqixxummaan dubartootaa kan galma ga'u danda'u karaa seera qabeessafi haaromsa hawaassummaadha. Jedhee falma. Feeminizimiin walabummaa walqixxummaa yookiin tokkummaa dhiira wajjiinin yaada jedhu deeggara. Feeminizimii walbummaa al tokkotti jijjiirama fiduurra, barmaatilee hawaasaa keessa jiru haaromsuufi sammuu namootaa keessatti siyaasa uumuun ofii isaanii akka of jijjiiran gochuudha. Kanaafuu dubartoota akka yaaxina laafaa qabanitti ilaaluun bifa kanaan deebii argachuu akka danda'u yaaxinni kun lafa kaa'a.Namoonni adeemsa waliigaltee garaa garaa taasisan keessatti xiinyaadni ittiin walii galan gahee olaanaa qaba. Yoo xiinyaadni isaanii cimaa ta'eefi fageessanii yaadan kan waliigalan yoo ta'u, yoo immoo xiin yaadni isaanii laafaa ta'e kan waan tokko irratti waliif hingalle ta'uu hubanna. Barreessaan asoosama Imaanaa Imaltuu kunis haala garaagaraan fakkii xiinyaada dubartootaa ibsuuf yaaleera.

Namfakkiiwwan dubartootaa keessaa Kululee yoo fudhanne, sababa qaro-dhabeettii taateef yeroo baay'ee rakkoowwan ishee muudate hunda ofitti fudhattee faana rakkachaa turuu ishee. Keessattuu yeroo kennaa deesseetti hospitaala keessaa osoo yeroon hingahin olaantummaa nama tokkoo bahuun isheefi mirga isheef nama birootti illee himachuu dadhabuun ishee xiinyaada gadaanaa qabaachuu ishee mul'isa. Gama biroon immoo Dr. Dorombeen mucaa haati ji'a sagal garaatti baatte guddifte, kun qaro dhabeettiifi kadhattuu irraa qabeenya ofii qabdu abdatte dhala namaa fudhachuuf yaaduun ishee xiinyaada gadaanaa qabaachuu ishee agarsiisa.Waraabbii armaan gadii irraa ilaaluun nidanda'ama.

> *…Dorombeen ammaan duratti haadholii hedduu deessisteerti.Mucoolii mimmidhagoo hedduus agarteerti.Lapheen ishee garuu akka mucaa kanaaf rifattetti kan rifateef hinqabu.jennaan qalbiin ishee, laphee mucichaaf rifattetti utuu asaasuu dhageessee akkana jedhee "Rifaatiin kee sababa malee miti.Tarii maaltu beeka, mucichi kaffaltii beenyaa waaqa kaleessa gadameessa onseeti ta'aa!?" Lapheen asaasa qalbii dhaga'e, kanuma dhaga'e dabarsee sammuu dhaggeessise. Jennaan Dorombeen bu'aa ba'ii malee haadhomuu yaadde.*- *mucichi mucoomfattee hodhuutti jiru baattee, ija haadhomeen achi gadi-ilaala,*

> *Afaan Oromoo isa akka afaan dhalootaa isheetti qulqullisa haasoftu sanaan Kululee gaafatte-dhala kennaa kenni jettee…( Imaanaa Imaltuu, Fuula: 5)*

**A**kkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti haadha rakkattee faanan du'a moo nan jiraadha jettee ji'a amma kanaa dheebuu, beela rakkoo dandeessee mucaa koorrattillee naaf siqa jettee faana oolte bultee guyyaa kanaan geesse naaf kenni jechuun afaan tokkoon hin ulfaaturee? Kanaafuu namoonni dhala isaanii caalaa kan jaalatan waan jiru miti. Dhala ofii kana immoo gammadanis gaddanis, daaraanis, uffatanis guddiffachuun dirqama dhalaafi kennaa Rabbiiti. Kanaafuu Dr. Dorombeen kana hunda dhiiftee jajjabeessuun hafee, mucichi kun yeroo guddate harka si qaba jechuu dhiiftee ofiif gammaddee kana jechuun ishee yaada gadaanan qabaachuu ishee agarsiisa.

Kana malees mucichas ta'ee haadha bakka tokkotti fuutee gargaaru irra mucicha qofa fudhachuun haati sana booda maal haataatuuf wanti yaadame akka Dr. Dorombeetti ifaa miti. Kanaafuu xiin-yaanni namfakkii dubartii Dr. Dorombee bakka kanatti laafaa yookiin sirriitti yaaduufi dhabuu agarsiisa. Kana malees namfakkiiwwan dubartootaa yeroo gabaa deemaan kululee mucaa faana qaro dhabeettii dhiiga ofirraa qabdu rakkoo ishee xiinxalanii hubachuu irra abaarsa lafee nama cabsuun xiinsammuu ishee miidhuu yaaduun isaanii xiin- yaada gadaanaa qabachuu isaanii agarsiisa.kunis dabalataan beekumsa dhabuu nafakkiiwwan dubartoota kana fakkeessee barreessaan kun kaa'ee jira….Mu Gog!"jetteen gabaan Gimbii, dubartiin dubartii akka isheetiif funyaan qabataa, itti cirriifkataa"…*Imaanaa Imaltuu, fuula 9).*

Namfakkiin dubartii kan biroo xiin –yaada gadaanaa akka qabdutti barreessaan kun kalaqee lafa kaa'ee Jiituudha. Isheenis qabeenyafi Ameerikaa deemuu filattee gammachuu ijoollummaa isheeti kaasee guddisee, hojii qabsiise, waadaa meeqa keessa waliin darbanii guyyaa sana gahan "Ani si dhiise" jettee dubbachuun ishee dinagdeen Gammachuun miidhamuu bira darbee, xiinsammuu isaaf illee yaaduu dadhabuun ishee xiin yaada olaanaa kan yaadee, xiinxalee kan kaleessafi har'aa addaan baasu qabaachuu dhabuu ishee agarsiisa. Gama biroon immoo nama waggaa amma kanaa waliin jiraatte dhiistee nama takkaa argitee hinbeekne darbaa dabarsaa obboleettii isaatiin Gammachuu dhiistee Jaafaritti heerumuu yaaduun ishee xiinyaada gadaanaa qabaachuu fakkii dubartii kanaa agarsiisa. Laliseenis Gammachuu yeroo amma kanaa Jiituu waliin dabarse tooftaa biraallee yaaduu dhabuun bakka waliin jiranitti jecha dugda nama kutuun

walbiratti itti himuu bira darbee safuu haasaallee cabsuun ishee xiin yaada cimaa dhabuu ishee agarsiisa.

#### 4.1.1.5 Akka Safuufi Aadaa Hawaasichaa Hin Eegnetti

Hawaasni hundi seerafi safuu mataa isaa qaba. Safuu isaa eeggatee aadaa isaa kabajee kabachiisee waliin jiraata. Kan gaarii hojjate eebbisee kan waan gaarii hinhojjanne immoo abaaree qajeelchuun karaa qabsiisa. Haala kanaan hawaasni kan waliin jiraatu. Barreessaan asoosama kanaas yeroo itti namfakkiin dubartii as keessatti safuu kana cabsite mul'attu agarsiisa.

> *…Abdaariin Gimbii "Minii uffatteetti" Miila tokko kaastee gaafa fulduratti tarkaanfattu, kutaa qaama ishee maqaa dhahuun safuu, hanga kara deemaan ijaan arguu ga'utti sarbaan gara olii qullaatti hafa. Qomeen isheen uffattee kan daa'imaa ta'uu hin oolu: ruurriin ala jira.Hirreefi lapheenis akkasuma handhuurris boollaa'ee! Mo'oon mo'oo saree, mudhiin mudhii harree ', sarbaan dibicha gabbaraa kan qotee hinargin…Harmi ishee jigaa harma qabduun utubdee dhaabdee gontotoomsuuf jennaan gontotoomuu dide…Nyaara qal'istee cilee dibdetti-nyaara haaddattee…qalama hidhii diimaa isheen hidhiitti booxxatte, saree sorobduu laga qalii buutee dhiiga dhugaa ooltegaltu fakkeessera… ( Imaanaa Imaltuu; fuula:97 fi 98).*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubannutti Laliseen haala kana hunda taasiftee yeroo adeemtu kan agarsiisuudha. Ummanni aadaa uffannaa, deemsaa, nyaataa, kabaja waliif qabufi kanneen biroo qaba. Kunis xiqqaan guddaa kabajee, guddaan xiqqaa gorse, haati intala qajeelchitee, abbaan immoo ilma karaa qabsiisee guddisa. Laftis safuu qaba. Waaqnis safuu uume. Fakkii dubartii kanarraa wanti hubatamu immoo aadaafi safuu hawaasichaa yeroo cabetti. Kun immoo dogoggora ishee bira darbee hawaasicha kan mufachiisu, kan walitti buusu gochuun isaa beekamaadha. Namfakkiin kunis kana hunda dhiistee fedhii dhuunfaa ishee qofaaf yeroo itti deemtu ta'uu hubachuun nidanda'ama.

### 4.1.2 Hariiroo Dhiirotaafi Dubartootaa Asoosama *Imaanaa Imaltuu* Keessatti

Hariiroon dhiiraafi dubartootaa gama tokko qofaan osoo hintaane sochii hawaas dinagdee hawaasichaa keessatti kan mul'atuudha. Haa ta'u malee feeminizimiin walabaa akka jedhutti garaagarummaan dhiiraafi dubartii kan uume baayoolojii qofaadha yaada jedhu hinfudhatan. Namoonni feeminizimii walabaa deeggaran kun garaagarummaan dhiiraafi dubartii kan fide walitti hidhiinsa hawaas-dinagdeefi aadaadha jedhanii mormu. Kanaafuu hariiroon dhiirotaafi dubartootaa akkuma jirutti ta'ee walitti hidhamiinsi qaban akkuma garaagarummaa qabu, walitti

hidhamiinsi isaanii gama dinagdee, hawaassummaafi siyaasaatiin akka jiru hubanna.Namoonni jiruufi jireenya isaanii kan gaggeessan karaa gurmaa'eefi dhuunfaadhaan. Jireenya bu'aa ba'ii kana keessattis, tokko tokkoof gaaddisa ta'ee, yeroo gammachuu, gaddaa, rakkoo, jaalalaafi biroo waliin miidhagee galma barbaadame gaha. Kanumaaf fakkaata mammaaksi "Namni namaan nama" jedhus kan mammaakameef fakkaata.Adeema kanaan walqabatee hariiroon dubartiifi dhiiraa isa hangafa. Walitti kan hidhames abbaafi haadha, obboleessafi obboleettii, akaakayyuufi akkawoo, wasiilafi adaadaa, eessumafi idootiyyaanis kanumaan kan hidhata qabuudha. Kanumatu walitti dabalamee ollaa irraa hanga biyyaatti hidhata godhatee bal'ata. Hariiroon dhiiraafi dubartootaa kallattii tokko qofaan kan ilaalamu osoo hintaane karaa 3hawaassummaa, siyaasaa, dinagdeefi kanneen biroo hidhata addaan bahuun isaa walitti jiru kan qabuudha. Barreessaan asoosama *Imaanaa Imaltuus* haala kamiin hariiroo dhiiraafi dubartootaa akka ibse haala armaan gadiin kan ilaalluudha.

#### 4.1.2.1 Hariiroo Dhiirafi Dubartootaa Gama Hawaassummaan

Jireenyi dubartii gama hawaasaafi dhuunfaa irratti xiyyeeffata.feeminizimii hawaasatiin yammuu iallalamu, gadi qabamuun dubartootaa karaa dinagdeefi aadaan jiru yoo dhabamsiifameedha. Kanaafuu yaaxina kana irratti hundoofne yammuu xiinxallu, gama Hawaassummaan hariiroon dhiiraafi dubartootaa asoosama *Imaanaa Imaltuu* keessatti kaa'aman haala kanaa gadiitiin kaa'ameera. Jireenya Hawaassummaa keessatti dhiirrifi dubartiin walfuudhanii walitti heerumuun jireenya isaanii kan gaggeessan yoo ta'u, dhiironni tokko tokko immoo fedhii dhiirummaa isaanii bahuuf jecha humnaan gudeeddii dubartoota irratti yammuu raawwatamus nimul'ata.

> *…Hintala qaro-dhabeettii, kadhaan bultu, magaalaa Gimbii keessa jiraattuufi, gabaa maalifuu, kuusaa midhaanii tokko jala bultu tokkotu, galgala guyyaa tokkoo, namticha eenyummaa isaa hinbeekneen gudeedamtee dadhabbiin garaatti hafa. Guyyaan daa'umsashee yammuu ga'ettis, gargaarsa namootatiin gara Hospitaala Adiveentistii Gimbiitti geessamtee, wal'aansa baqaqsanii hodhuutiin ilma deesse…( Imaanaa Imaltuu, Fuula :1)*

Waraabbii kana irra hubachuun akka danda'amutti dhiirri fedhii foonii isaa galmaan gahuu keessatti fedhii dubartiin alatti yeroo itti raawwatu agarsiisa. Kun immoo waliin jireenya hawaassummaa keessatti dhiibbaa kan qabuufi xiinsammuu dubartii gudeedamtellee kan miidhu ta'uun beekamaadha. Kanaaf hariiroon dhiiraafi dubartii karaa baramaafi kallattii ta'een alatti

karaa miidhaa geessisuu danda'uunis kan mul'atu ta'uu hubanna. Waraabbii armaan olii keessattis kanumatu mirkanaa'a. Namni tokko kophaa ofii illee yoo jiraate karaan ittiin hawaaasa faana walitti dhufullee kan jiru ta'uu hubachuun nidanda'ama.

## A. Hariiroo Dhiiraafi Dubartootaa Jaalala Keessatti

Hariiroon dhiirrifi dubartoonni waliin qaban keessaa tokko hariiroo walitti dhufeenya karaa jaalalaa ta'uudha**.** Kennaan guddatee barumsa isaatiin cimaa waan ta'eef, Amiinaafi ijoollee kan biroo mana isaanii deemuun qo'achiisuu eegale. Kun immoo adeemsa walitti dhufeenya kana keessa Amiinaan jaalachuu ishee agarsiisa.Warraabbii armaan gadii irraa haala armaan gadiin ilaaluun nidanda'ama.

> *…Dargaggoonni gandashee keessaa, warrumti kaleessa daa'imummaan ishee beekan, kan isaan har'a yeroo isheen baatee galtu ganda ganda keessatti eeganii, qoccolloon qerqedaa ija hamaan ilaalunii jalqabaniif….warra isheetiif malee,egaa sichitti Amiinaan daa'ima miti. Bara darberraa eegalee, iyyaafataan Amiinaa hedduudha….gaafataanis kitila. Kara deemaan waa'ee ishee dubbata…jaalalaaf saaddata.Silaas guntuta qummaade-qaama ija qabu,ija kamtu argee ija kamtu dheessa!? Qaama harki hintuqin, nafa sukkuumamee nafatti hin madaqin, eenyutu argatee eenyutu isa dhiisa? Eenyuyyuu! Haa ta'uu malee, hundaan hawwamteef Amiinaan kan hundaa hintaatu. Kumaan jaalatamtus , kitalaan faarfatamtus, sanyii Addaam keessaa kan lapheen ishee eeyyameef tokkicha qofaatu –isatu argata.Laphee Amiinaa keessa Sanyiin Addaam oolee bubbule tokko jira….(Imaanaa Imaltuu, Fuula:55).*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubatamutti shamarree tokko yeroo geesse heerumaaf kajeelchuftitti fedhiin dhiironni kan ofii godhachuuf dhamaatii hin malle dhama'anii, bu'anii ba'anii wanti isaan hingoone hinjiru.Haa ta'uu malee namoonni hundi hawwaniif namni tokko kan namoota fedhanii hunda ta'uu hindanda'u. Isheenis baaftee dubbachuu haa baattu malee kan feeteefi kan jaalattu tokkichi laphee ishee keessa jiraachuu danda'a. Akka ilaalcha hawaasatti garuu dubartiin kan filatte abba barbaaddetti heerumuu dandeessu osoo hintaane filannoo maatii isa fuudhuufi dhiira fuudhuun kan raawwatamuudha. Dargaggoonni naannoo mana warra Amiinaas kanuma bu'uura godhatanii haa hawwan malee Amiinaan jaalala haadhummaa kan qabduuf tokkoon booji'amuu ishee agarsiisa.

*…Daa'ima taatee osoo jirtuu lapheen ishee jaalalaaf kennan hawwe.Dur yammuu inni fuullee duukkaana haadha ishee taa'ee kophee qulqulleessuufi suphu.Guddataa yammuu adeemtes, hawwiin laphee ishee kun ishee faana guddataa, caalaatti hidda dhiiga ishee keessa hiddasaa diriirfataa adeemaa ture.Barana kutaa saddeet geessee, qayyabachiisaa ishee manatti ta'ee akka qayyabachiisaa ishee manatti ta'ee akka qacaramuuf fedhuun ishees…barumsaf osoo hintaane jaalala haa qo'achiisuufiin ture. Kun kennaaf hingalle; Isheenis hinhubachiifanne. Har'a garuu tarii utuu lubbuun jiruu yoo qaqabatte himuufi qabdi.Kennaan dhabe kan jedhame mara jaalala isheetiin akka argatus nibeekti… (Imaanaa Imaltuu, Fuula: 61)*

Barreeffama armaan olii irraa akka hubatamutti akka aadaa hawaasaatti jaalalli dhoksaan kan eegalamu yoo ta'u, adeemsa keessa gara maatiitti babal'achuun dhaga'u. Dubarri tokko yoo dhiira tokko jaalatte baaftee sijaaladhe jettee hin ibsattu. Garuu dhoksaan karaa garaagaraan miira ishee ibsachuu dandeessi. Kun immoo qaamni isheen jaalatte sun kan hinbeekneef yoo ta'e miidhama ta'uu isaati. Amiinaanis kennaa haa jaalattuu malee baaftee himuufi hindandeenye. Barnoota inni qo'achiisuus haala kana keessatti ni hubatti jechuun rakkisaadha. Gabaabumatti hariiroo dhiirafi dubartii keessatti gaaffii jaalalaa kan dhiheessu dhiira malee dubartoota biratti baratamaa kan hintaanefi walitti dhufeenyi uumamus karaa dhiirotaatiin ta'uu kan waraabbiin kun hubachiisuudha.

*…Uf atimmoo! Haasaa koo keessaa huuba barbaaduu kee kana dhiisii jennaanis inuma didde mitii?" Boo'icha irraanfatanii fottotaafi kolfa jalqaban. "Kanaaf adabamuu hinqabduu?" Innillee eessatti oola…kunoo na adabi." " Hidhii koo gubbaa qaceellootti al shan nadhungatta." "Shan nibaay'ata kaa; kudhan hinga'uu?" "Ol iyyannoon kee siif dhaga'ameera. Egaan digdama siif haa ta'u."Isaaniif affaan jaalalaa dhunguu qofa. Kan biraa kan biraa, guyyaa gaa'ila isaaniif qusataniiru. Kennaan adabbii isatti kenname fudhateera. Amma Amiinaan hammata isaa keessa jirti. Adabbichis raawwatamuutti jira."…(Imaanaa Imaltuu, Fuula:84)*

Akka armaan olitti ibsametti adeemsa jaalalaa keessatti dhiirrifi dubarri tokko yammuu waljaalatan guyyaa walbaran irraa kaasanii karaa garaagaraatiin walitti dhufenya isaanii cimsaa jaalala isaanii dhamdhamachaa hanga gaa'ila isaanitti turu. Amiinaafi kennaanis jaalala isaanii kan isaafi ishee qofaan deemaa jiru, kan Bashaatuun deeggartu walii ibsuu jalqabuu isaaniiti. Isaanis walitti dhufeenya jaalala walii ibsuu malee kan biroo maatiifi firoota isaanii biratti gaafa cidha isaanii waan raawwachuuf karoorfatan fakkaatu. Kun immoo gama tokkoon aadaafi safuu hawaasa isaanii eeguuf yaadaniiti laatas nama jechisiisa.Gama biroon immoo waan hunda

guyyaa sanaaf yoo qusatan maal qaba kan jedhus gaaffii ta’ullee hariiroon jaalalaa kennaafi Amiinaa gidduu jiru immoo dabalaa adeemuu isaa agarsiisa.

Gama biroon immoo walitti dhufeenyi Jiituufi Gammachuu karaalee dhiirrifi dubartiin jaalala isaanii waliif ittiin ibsan keessaa isa tokkoodha. “…Akka fiigaa dhaqetti garuu hin arganneen. Hangam akka yaadeen himaafii yaada ishee bahachuuf dhungataa dubbisnaan itti qabbanoofte. hammatee ofitti qabuufis jennaan harka isaa harka ishee irraa qabdee ofirraa buufte…. *(Imaanaa Imaltuu, Fuula:89).*

Akka waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda’amutti namoonni keessattuu dhiirrifi dubartiin jaalala yeroo walii ibsan karaalee adda addaatiin ta’uu hubanna. Isaan keessaayyis tokko waldhungachuudhaan. Gammachuunis jaalallee isaa kana jaalala qabu ibsuuf karaan inni filateefi bare keessa tokko dhungoo waan ta’eef isa kanaan rakkoo ishee kana adda baafachuuf yaaluus eeyyamamtu akka hintaane kan agarsiisuudha.

**B. Gahee Hojii Keessatti**

Dhiirri dubartiif ilaalcha gadaanaafi akka meeshaa jireenya isaa waliin qofa walqabachuun jiraatutti ilaala. Hanga yeroo dhihootti asoosama dheeraa Afrikaa keessatti barreeffaman hedduun isaanii kan barreeffaman dhiirotaan yoo ta’an, barreeffamoota kanneen keessattis akkaataan dubartoonni ittiin ibsaman, walitti dhufeenya dhiira waliin qaban qofa irratti ta’ee, innis intala nama tokkoo, haadha manaa yookiin jaartii namaaf haadha taatee, yeroo biraammoo eenyummaan ishee mulqamee , akka guddiftuu daa’immanii , hojjattuufi bilcheessituu nyaataa akkasumas calluma jettee kan of bareechitu fakkeeffamtee ibsamti.

Dhiironnifi dubartoonni hojiilee garaagaraa keessatti gahee mataa isaanii godhatanii akka hojjatan hawaasumti ofuma isaatii gahee hojii kan waliif qoodeedha.Kunis hojiilee gurguddoo humnaafi cimina barbaadan kan dhiirotaa, hojiilee sasalphaafi humna guddaa hin barbaanne immoo kan dubartootaa godhanii ilaaluun bal’inaan mul’ata. Fakkeeyaaf kululeen kan kadhaan jiraattu ta’uufi Hajiin kan kululee gudeedee kennaa irraa argate immoo abbaa qabeenyaa beekamaa ta’uu isaa agarsiisuufi inni bakka garaagaraa deemee kan ajajaan hojjachiisu ta’uu isaallee mul’isa.

Gama biroon immoo dubartoonni kan ijoollee guddisan ta'ullee kululee irraa hubachuun nidanda'ama. Haati kululees hojii mana keessaa qacaramtee mana hojjataa mootummaa keessa hojjachuu isheellee barreessaan kun asoosama kana keessatti ibsee jira."… Haati koo akkoon kee hojjataa mootummaa aanaa irraa maatii qabu tokkoof qacaramtee hojii mana keessaa hojjattiif turte.uccuu miiccitiif, nyaata bilcheessitiif, mana qulqulleessitiif…*(Imaanaa Imaltuu, Fuula :17)* waraabbii kanarraa akka hubachuun danda'amutti dubartoonni hojii mana keessa hojjachuu isaanii arguun nidanda'ama. Kan biroos Qananiifi kennaan hojiiwwaan akka leestirummaafi dabalataan immoo Qananiin rifeensa sirreessaas hojjachaa kan ture ta'uus asoosama kanarraa hubachuun nidanda'ama. Kun immoo gahee hojii dhiirotaa ta'ee akka fudhatametti barreessaan kun lafa kaa'e.

#### 4.1.2.2 Hariiroo Dhiiraafi Dubartoota Gama Dinagdeen

Feeminizimii Markistii dubartoota birmadummaa gonfachiisuuf sirna abbaa qabeenyaa balleessuun yookiin hambisuu irratti kan xiyyeeffateedha.Feeministoonni markistii dhabamuun, walqixxummaaa dubartootaaf sababa bu'uuraa kan ta'u sirna bulchiinsaa abbaa qabeenyaati jedhu. Sirna kaappitalizimii keessatti dubartoonni akkuma dhiirotaa namoota sadarkaa olaanoorraa jiran tajaajiluuf fedhii isaanii guutaa waan turaniif walqixxummaan dubartootaa kennamuurraa kan ka'e sarbame jedhu. Kanaafuu olaantummaan dinagdee harka warra dhiirotaa harkatti akka kufe agarsiisu.

Gama dinagdeen yammuu ilaallu dubartoonni dhiira waliin walbira qabamanii yammuu ilaalaman akka barreessaa asoosama *Imaanaa Imaltuu* kanaatti galii gadaanaa qabaachuu, qabeenya irratti kan murteessu haadha manaa osoo hin ta'in abbaa manaa ta'uufi qabeenya abbaan manaa eeyyameef qofatti dhimma kan baatu ta'uu agarsiisa. Fakkeenyaaf kululeen iyyeettii kan karaa irra bultu kan kadhattee kadhaan jiraattu ta'uu ishee barreessaan kun ibsee jira.Gama biroon immoo obboleettiin Jaafar bakka bakkatti biyya alaa kan akka Arabaa fa'aa deemte yeroo dinagdee ishee guddifachuuf dhamaatutu mul'ata.

#### 4.1.2.3 Hariiroo Dhiiraafi Dubartootaa Gama Siyaasaan

Siyaasa keessatti yeroo baay'ee qooda guddaa kan bahufi fudhatama qabu baay'inaan dhiira akka ta'etti fudhatama. Haa ta'uu malee dubartoonni dhiirotaaf ka'umsa, deeggarsafi humna ta'uun akka gargaaran dagachuunis gaarii miti.Barreessaan asoosama Imaanaa Imaltuus

namfakkiiwwan qooda itti bahe keessaa gama siyaasan ifa baasee ibsuuf kan yaale warra dhiirotaati. Fakkeenyaaf Yuunivarsiitii Finfinnee keessatti walitti bu'iinsa ture keessatti namfakkiiwwan dhiiraa akka siyaasa rakkoo uumuu kana keessatti qooda akka fudhatanitti qabanii hidhamaniifi ajjeeffaman jiraachuu argina.

> *"…Barataa Oromoon tokko shukkaan bakka sadii waraanamee ajjeeffame. Reeffi isaas doormiin alatti gatamee argame." Oduun gaddisiisaan argame achi gara kaampaasii kiiloo afuritti ganamaan dhaga'ame.Oduun isaas battalumaan kolleejjotaafi yuunivarsiitotaa akkasumas dhaabbilee barnoota garaagaraa biyyatti keessatti argaman irra faca'ee walga'ee laphee barattoota Oromoo gaddaan cabse.Waa'ee ajjeeffamuu barataa kanaa ilaalchisee waa lamatu odeeffamaa jira. Barataan amma du'u kun hiriira mormii barattoonni Oromoo yeroo adda addaatti adeemsisaa turan irratti adda durummaa isaatiin beekama. Fakkeenyaaf yeroo waldaan maccaafi Tuulamaa diigame, Yeroo bosonni Baalee gubate, akkasumas magaalaan guddoon Oromiyaa Finfinnee irraa gara Adaamaatti jijjiiramuu ilaalchisee hiriira mormii barattoonni Oromoo taasisan sun qindeessaa mucaa ajjeeffame kanatiin ta'utu dubbatama…"(Imaanaa Imaltuu; Fuula:121)*

Waraabbii Kanarraa akka hubachuun danda'amutti rakkoowwan siyaasaa biyya kana keessatti yeroo garaagaraa uumamaa turan keessatti akka waan Oromoonni fidanitti fudhachaa turuufi yakkamaa taasisuun biyya kana keessatti abbootii hirreen taasifamaa turuu. Sababa mirga ofiif filatamaniifis dararaan garaagaraa irratti gaggeeffamaa turuu akkasumas dhimmoota siyaasa akkanaa keessatti dhiironni adda dureen jiraachuu isaanii namfakkii barreessaan kun fudhate irraa hubachuun nidanda'ama…."Kennaan miiltoowwan isaa faana bakka ta'etti geeffamee, bilbil- sochiin isaas harkaa fuudhamee harka humna meeshaa hidhate kanaa utuu jiru ergaan barreeffama adda adda ta'e tokko lakkoofsa inni quba hinqabne irraa gara bilbil-sochii isaatti dhufe.

Sababuma kanaatiif, barattoonni kanneen kaan borumtaasaa ganamaan yoo lakkifaman kennaan garuu qoratamuuf achuma akka turu taasifame." Haaluma kanaan waraabbiin kun kan ibsus osoo yakka tokkollee hin hojjatin dhiibbaa jiruun hidhamuun illee kan jiru ta'uu agarsiisa. As keessattis namfakkiiwwan dhiirotaa gahee qaban kan barreessaan kun ibseedha. Gama biroonis daldalaa tokko qabamee mana hidhaa maykaalaawwii seenuu isaas barreessaan kun ibsee jira. Walumagalatti namfakkiiwwan barreessaan asoosama kana gama kanaan kaase namfakkiiwwan dhiirotaatu mul'ata. "Namni kun barsiisaa Bariisaa jedhamu. Barsiisaan kun dhimma siyaasatiin yakkamanii waggaa lama dura hanga mana adabaa kana seenanitti mana Barumsaa

Madanaalamii Finfinneetti, barsiisaa seenaa turan"… *(Imaanaa Imaltuu; Fuula: 138)* akka siyaasa keessatti dhiironni gahee qaban godhamee kan fudhatameedha. Dubartoonni garuu gama kanaan hinmul'atan.

### 4.1.3 Asoosama *Imaanaa Imaltuu* keessatti Jechoota Dhiirummaafi Dubartummaa Ibsan

Dhiironnifi Dubartoonni garaagarummaa uumamaan qaban irratti hundaa'uufi ilaalcha garaagaraa hawaasa keessa jiru irratti hundaa'uudhaan barreessaan asoosama *Imaanaa Imaltuu* jechoota dubartummaafi dhiirummaa ibsan garaagaraatti dhimma baheera.Jechoota barreessaan asoosama kanaa itti fayyadames haala armaan gadiitiin ilaaluun nidanda'ama.

#### 4.1.3.1 Asoosama *Imaanaa Imaltuu* Keessatti Jechoota Dubartummaa Ibsuuf Barreessaan Itti Gargaarame

Jechoonni dubartummaa ibsan kanneen barreessaan kun dhimma itti bahe haala armaan gadiitiin funaanamanii taa'anii jiru.Nadheen abukaakkeen (Fuula: 12)- Dubartoota naannoo sana kululee arrabsaa gara gabaa deeman kan ibsuuf barreessaan kaa'eedha. Dirqamtee gudeedamtee osoo hinfedhin ulfoofte.( Fuula :17)-Haadha kululee irratti gochaa raawwatame barreessaan kun jechoota/gaalee kanaan kan ibseedha. Heerumta,( Fuula :51)– dubartiin tokko erga geessen booda walitti dhufeenya dhiira wallin gootu/ mana dhaabbachuu ishee kan agarsiisu.Dadhabbiin garaatti akka hinhafne; (Fuula :52)- sababa haati Amiinaa yeroo amiinaa godhatan miidhamaniif akka lammaffaa hin ulfoofne yaada jedhu ibsuuf oola.Ibsaa gaanii keessaa;( Fuula: 53)- bareedinni Amiinaa dhokatee akka hinhafne jechuuf haati Amiinaa kan fudhatan ibsuuf kan barreessaan kun fudhateedha. Dodrant 'naannoo bobaa jalaafi guntuta ishee gidduutti 'bis' godhataa biifata (Fuula:69).- dubartiin tokko miidhagina ishee caalaatti foolii gaariin dabaaluuf ka taasistu ta'uu barreesichi fudhateera. Dargaggeettii ;( Fuula:72) dubara umrii ijoollummaa bira dabartee ga'eessa kan hintaane.Giiftii Koo;( Fuula: 84)- maqaa akka kabajaatti dubartii ittiin waaman.

Liillii (Fuula: 100) Lalisee maqaa shamarree obboleettii Jaafar kan jiituu obboleessa ishee fuusisuuf waadaa seente. "By the way ', Jiituu kan baasaa ture siidhaa?" Jettee gaafatte- Lalisee n Gammachuu, hidhii gararraa fi garjallaa walitti qabdee keessatti olsassaabdee, walitti sukkuumtee, qalama hidhii dabaltee dibatte irraa waliin ga'ataa…(Fuula:101) waraabbii armaan

olii irraa akka hubatamutti Jiituu waliin kan ture siidhaa jechuu ishee yoo ta'u, garuu jaalallee isaa yeroo hundaa yeroo gadi buustee waamtufi gatii dhabsiiftu ta'uu ishee mul'isa. Keessummeessituu (Fuula: 104) kan gammachuu, Jiituufi Lalisee Hoteela keessatti keessummeessite dubartii ta'uu kan agarsiisuufi dubartummaa ishees barreessaan jecha kana fayyadamuun kan ibseedha. Gama biroon immoo ijoollee abbaa Jaafar haala armaan gadiin barreessaan namfakkiiwwan dubartootaa jechoota kanneeniin ibseera.

"…Aliimaan heerumtee daa'umsa jalqabaa irratti duute.Laliseen hinheerumne; heeruma diddee osoo hintaane haalummaa isheetiin beekamtuu waan turteef dhiirti balfate."waraabbii kanarraa akkuma argamu haala ittiin dubartoonni sagaagalummaa keessatti kufan illee nimul'ata.Gama biroon da'umsi illee gahee dubartoota ta'uun isaas kaa'ameera.

> *"...Miidhaginni bajjiin Jaafariin qalbii booji'ee miillas gaadi'e kan miidhagina mucaa durbaa dabtara lapheetti qabattee cinaa aspaaltii dhaabbattee jirtuudha:Diimtuu biluu-akka goraa bilchaatee:qal'oo mudhii sonsaa;simboo qabaattee dhaabbii toltu;dhaabbii toltu;walumaagalatti; namarraa dhalatteeutuu hintaane,olii kan dhufte,ergamoota waaqaa keessaa tokko fakkaatti; "Yaa hojii Rabbi! Amma kanaas biyyeetu nyaataa? nama jechisiisti…."(Imaanaa Imaltuu,fuula:159 )*

Waraabbiin armaan olii irraa akka hubannutti miidhagina dubartii ibsuuf jechoota miila irraa kaasee hanga rifeensa mataatti jirutti dhimma kan bahe yoo ta'u, jechoonni ittiin ibsamanis baay'ee miidhagduufi haalan kan addeeffamte ta'uu akkasumas jechoota kanarraallee namoonni biroo tilmaamuu akka danda'u hubachuun nidanda'ama.

### 4.1.3.2 Asoosama *Imaanaa Imaltuu* Keessatti Jechoota Dhiirummaa Ibsuuf Barreessaan Itti Gargaarame

Obbo- jechoota kabajaan maqaa dhiiraa kan kabajaaf dursanii dhimma itti bahaniidha.Dubartiitti hamatamu- Gocha Hajii Nuuree osoo gara Makkaa hindeemiin dura mul'atu.Fuuta; (Fuula :51)- walitti dhufeenya dubartii waliin taasisuu/mana dhaabbachuuf godhu/Dargaggeessa-(Fuula :72)- nama umrii ijoollummaa bira darbee umrii ga'eessummaa hingeenye.Molooksoome ;( Fuula:76)- Fedhii foonii irraa of qusate kennaan.Gooftaa koo-(Fuula :90) kabaja jiituun Gammachuuf qabdu yeroo ibsitu. Maaliif Jiijji Gurbichi galeetimoo? (Fuula:99) yeroo waa'ee Gammachuu lalisee obboleettiin Jaafar dubbattu barreessaan asoosama kanaa kan dhimma itti baheedha.Hin booyiin ati ilmoo dhiiraa mitii? *(Imaanaa Imaltuu; Fuula: 117)* jecha abbaan hoteela Yeroo Gammachuudhaan sidhiise jettetti Gammachuun jedhe. Leenca koo..(Fuula:133) irrattis

dhiirummaa ibsuuf kaa'ameera.Kunis akka gootummaatti barreessaan kun kan kaa'eedha."…Harrii mataa isaa qalama gurraacha dibee, gogaa fuula shunturuuruu jalqabe dibataan dhisee, suuraa 'adobeen' miidhagsee ergeef irratti Jaafar dargaggeessa dhiiga danfaa fakkaata ture…" *(Imaanaa Imaltuu; Fuula:136)* waraabbii kanarraa akka hubachuun danda'amutti dhiironni of miidhagsuuf jecha dibata garaagaraa kan fayyadamu ta'ullee jechoota kanneen irraa hubachuun nidanda'ama.

### 4.1.4 Ciminafi Hanqina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama *Imaanaa Imaltuu* keessatti

Namfakkiiwwan dubartootaa asoosama *Imaanaa Imaltuu* keessatti argaman keessaa gurguddoon Kululee Qaro dhabeettii haadha kennaa kan taate, Jiituu jaalallee Gammachuu, Lalisee obboleettii Jaafar, Muniiraa haadha Amiinaa, Amiinaa haadhafi akka hiriyaa Kennaatti kan turte, haadha Kadiir haadha manaa Hajii kan biroo, Dr. Doroombee, Bashaatuu hojjattuu mana warra muniiraa, Haadha Jaafar fa'aan qooda fudhattoota. Namfakkiileen dubartootaa kunneen asoosama Imaanaa Imaltuu kana keessatti Ciminaafi hanqina mataa isaanii kan agarsiisaniidha. Kanneenis haala armaan gadiitiin kan qaacceffamaniidha.

#### 4.1.4.1 Cimina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama *Imaanaa Imaltuu*

Kululeen Qaro dhabeettiifi nama ishee gargaaru dhabdullee dabarsitee mucaa ishee kennuu dhiisuun cimina bakka kanatti mul'atuudha.Kanas waraabbii armaan gadii irraa ilaaluun nidanda'ama.*" …Haati dhala koo hinkennu waanjetteef jibbamte.Gargaarsi irraa cite.Garaan baqaqsamee hodhame* madaa *osoo hinqoorfatin "Bahi" jedhamte.( Imaanaa Imaltuu, fuula 7)"Waraabbii kanarraa*yyis akka hubannutti haati ilmoo ishee amma fedhe rakkattuyyuu dabarsitee kan hinkennine ta'uu agarsiisa. Gama biroon immoo haati qarodhabeettiin kun erga bifuma kadhaatiin mucaa ishee fudhattee abarsa namootaas dandeessee obsaan ilmoo ishee Kennaa umrii waggaa afuriin gahachuu ishee akka ciminaatti kan fudhatamuudha. Adeemsa keessa Kennaan yeroo umrii waggaa torba gahutti fedhiifi kaayyoo inni barnootafi kadhaa dhiisee hojjachuuf qabu osuma itti dhaga'amu milkeessuun akka gaariitti yookiin cimina isheetti kan fudhatamuudha.

> *… kululee jechoonni ilmoo ishee garaa raasee " Dhala koo ," jechuun isa eegalte rarrootti dhiistee , "uf…"jettee afuura dheeraa baafataa mudhiitti oljettee, kennaan kuusaa midhaanichaatti hirkattee erga teesseen boodaa,*

> *"Namni barate kufee hinkufu; atis carraa isaa argattee utuu barattee guyyaa tokko nama guddaa akka taatu nan beeka… (Imaanaa Imaltuu Fuula 16)*

Waraabbii kanarraa akka hubannutti kululeen haa rakkattuyyuu malee carraa ilmoo ishee gara fulduraa kan yaadduuf ta'uu gama biroon immoo yeroo inni barumsa isaa eegalee jirutti akkuma amala ishee ulee ishee dhadhabbachaa nyaata garaagaraa qopheessitee gargaaraa turuun ishee cimina kan mul'isuudha.

Gama namfakkii dubartootaa keessaa kan biroo Amiinaadha. Amiinaan intala sooressaa taatullee hubannoon isheen nama rakkateef qabdu olaanaadha. Kana qofa osoo hintaane bakka haati kennaa duutee awwaalamteetti kennaa reeffa irra guyyaa meeqa buleefi du'aaf nyaataaf bishaan malee jiraachaa ture boolla du'aa irraa kaaste. Waadaa haadhummaas kan isa amansiisuu danda'uun boojite. Kun immoo waan namoonni naannoo Sanaa kan akka Qananii fa'aa dadhaban galmaan geese.

> *… Wanta himameefiin lapheen Amiinaa guddaa tuqameera.Nyaata baattee manaa kan kaate haadha ishee dalagaa furtee nyaata nyaachisuuniif ture.Amma garuu midhaan bishaan lagattee, lubbuu du'aaf kaate tokko ittiin qabdee deebisuuf fudhatte, gara bakka awwaalcha bataskaanaa maaramiitti fiigicha jalqabde. Hanga achi geessuttis lubbuuttii naagaatti akka tursuuniif keessa isheetti rabbiin kadhachaa. Uumama ishee ta'ee garaa namaa gadduufi afuura namaa ho'u qabdi.Amiinaan. Hiyyeessa gargaaruun kennaa ishee ganamaati. Rakkattee maalummaa rakkinaa kan hinargin taatullee miira nama rakkateef dhukkubsatuuf rakattee qabdi.Beela namaa hinjaalattu.Ofii nyaachuu caalaa kan beela'eef laattee inni yammuu nyaatu teessee ilaaluutu ishee quubsa.Ofii qullaatti haftee kan daaretti uwwisuuf isheef ulfina….kana kanaafaa ture maddi Gammachuu Amiinaa.Kanarratti immoo kennaa darbaa jaalatti. Hanga har'atti baafattee hinhiminiifiyyuu malee..(Imaanaa Imaltuu Fuula 55 fi 60)*

Waraabbiin armaan olii kun kan agarsiisuu gara laafummaan, rakkataa gargaaruun, bakka namni kufe jirutti deeggarsa kennuufi akkaataa inni itti of danda'uufi damdamatu taasisuun hojii qajeellummaafi kabajamaa akkasumas kutannoo namoota tokko tokko ta'uu agarsiisa. Amiinaansi namfakkii dubartii bifa kanaan bakka kanatti mul'atteedha.

Karaa biroos Amiinaan ciminni ishee waadaa haadhummaa galte sana fiixaan baasuuf jecha amma wareegama lubbuu kennuutti deemuun ishee cimina namfakkii kanaati. Waan darbe yaadachuu, nama sooressa filachuu dhiisuufi qabeenya warra ishee osoo hintaane rakkoon hiyyeessaa ishee biratti bakka guddaa qabaachuun cimina namfakkii kanaati.Namummaa namaa malee qabeenyi kan badu ta'uu nu agarsiisa. Namfakkii biro Bashaatuudha. Bashaatuun iccitii

eeguu bira darbitee gargaarsi isheen Amiinaaf gochaa turte, daba osoo irratti hinyaadiin dhugaa dhokatee hidhamuu bira darbitee hanga bakka sana gallkiftee deemtutti tarkaanfiin isheen fudhatte cimina namfakkii kanaa agarsiisa. Dubartoonni tokko tokko yeroo waliirratti inaafantu mul'ata. Kan ishee garuu kanarraa adda ta'uun cimina namfakkii Bashaatuuti.

### 4.1.4.2 Hanqina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama *Imaanaa Imaltuu*

Gama namfakkiiwwan dubartootaa asoosama *Imaanaa Imaltuu* keessatti mul'ataniin walqabatee hanqinoonni dubartootaa maal akka fakkaatuu xiinxaluun nidanda'ama**.** Asoosama kana keessattis akka hanqinaatti kanneen mul'atan keessaa dubartootumti dubartii isaan fakkaataniif yeroo gadduu dadhabanii isaanis arrabsan argina.

> *... " mu gogi! Jetteen Gabaan Gimbii, dubartiin dubartii akka isheetiif funyaan qabataa, itti cirriinfataa ! "Ija hinfuuneen kun! Isaayyuu hin qaanoftuu firaa,' sila maram jetti!" "Mee dhiisi haadha koo Bofa beekaaf miila dhoowwate inni jedhan dhugumaadhaa. "Dhiigicha immoo utuu ofirraa dhiqxee maal qaba?! Mu.."(Imaanaa Imaltuu, Fuula 9)*

Waraabbii kanarraa akka hubannutti irra caalaa dubartoonni hanqina isaanii kan itti himatan walii isaanii ta'ee osoo jiruu rakkoo maaliitiin akka akkas taate hubachuu dhabuufi dhiigni illee irra jiraate ija malee arguufi bakka itti argamu beekuu waan isheen hindandeenyeef akkasitti hubachuu dhabuun dubartoota kanneen akka hanqinaatti mul'ata.Silaa rakkoo ishee kana qooddatanii faana furmaata barbaachisaa ta'e kennuu danda'uyyuu ture.Gama biroon immoo akka waan ijaan argitee rakkoo ishee kana furattuutti ilaaluun akka hanqina namfakkiiwwan kanneenitti ilaalama. Laliseen immoo namfakkii barreessaan asoosama kanaa itti fayyadamee jiru yoo taatu isheenis akka faallaa namfakkiiwwan muummeetti kan teesseedha. Gammachuufi Jiituu yeroo rakkoo waliin dabarsanii waliin sadarkaa kanarraa gahan fedhaafi ajaja obboleessa isaa fiixaan baasuuf jecha sossobdeef. Kun immoo ofittummaa dubartiin qabdu agarsiisuuf kan galeefi Laliseen jaalala isaanii gufachiisuu bira dabartee xiinsammuu jiituufi Gammachuu irrattillee dhiibbaaa guddaa fidde.

> *...Jaafarii? Eenyu Jaafar ?"Ol jedhee gaafate. Laliseen akka seequu ta'aa , " Hinbeektuum …obboleessa kooti…Ameerikaa jiraata…torban booda dhufa…"*
> *"Maal barbaacha?"*
> *"Jiituudha kaa Ishee fuudhuu…"*
> *"Tu!"-Gammachuun hancuufa afaanitti kuufate Lalisee fuulatti tufee ayyaana irraa molqe.*
> *"A'uz billah! Sigurbaa mataan sinagaadhaa?...( Imaanaa Imaltuu, fuula, 110)*

Waraabbii kanarraa akka hubannutti waan gammachuun hinyaannefi abdii guddaa kan irraa qabu kee miti heerumuuf jettee laliseen yeroo itti himtu kun safuu hawaasichaa kan cabseefi ija jabummaa tokko kuffisee tokko kaasu osoo hintaane waan gurratti namatti hintolle dubbachuun Laliseefi addaan baasuuf tarkaanfileen isheen isa biratti raawwatte xiinsammuu Gammachuu irratti dhiibbaa guddaa fideera.Kun immoo waan amma kana ulfaatu dhiifnaan kan kanaa gadiitu osoo dubbatanii haalafi adeemsa ittiin dubbatamu qaba waan ta'eef.

Namfakkiin biroo Jiituudha . Jiituun namfakkii yeroo rakkoo irraanfattee akkuma haalli miija'aa adeemeen filannoon ishee jijjiirameedha. Waadaafi dadhabbii Gammachuu yeroo dheeraa barsiisuu bira darbee hanga bakka hojii miijesseefi qacaramtee hojjachuu bira geesse dhiistee Tujaara Ameerikaa dhufeefi Ameerikaa filachuun ishee hanqina namfakkii dubartii kanaatu asoosama kana keessatti mula'ata. Kun immoo waa lama dhabduu taasisee akka lubbuun dabartuuf sababa ijoodha. Isheenis jaalallee ishee ganamaa hanga ammaatti waliin dabarsite si dhiise jettee himuun imaanaa dagachuu bira darbee rakkoo isa irra gahuu danda'uuf kan yaadde miti "… Egaan na dhaga'i.kaleessa kan keen ture; har'a garuu miti. wanti hundinuummoo yeroo isaatti miidhaga;kanaaf na irraanfadhu Gammachuu!" Kanallee qoosuutti jirta! "Qoosuutti hinjiru haquma kiyya waadaa seente eeguuf foon kootiin kakatteerta. Kanaaf na irraanfadhu kaa…*(Imaanaa Imaltuu, fuula 112)* waraabbii kanarraa akka hubannutti tarkaanfii gara jabinaa kan Laliseetti dabaltee Jiituun raawwatte ulfaataa ta'uu hubanna. Kunis qabeenya caalchifachuufi waan keessa darbaniifi dabarsan ilaaluu dhabuu irraa kan ka'eefi fuldurattillee namoota biro ija kanaan amanuu kan hindandeenye ta'uu agarsiisa. Kanaafuu namni yeroo rakkoo qofa osoo hitaane yeroo namatti tolefi gammachuu kan waadagatu ta'uu akka hinqabneefi wanti hundi osoo balaa hinfidin ofeeggannoo gochuu dhabuun balaa du'aanillee nama gahuu akka danda'u nu agarsiisa.

Namfakkiin biroo asoosama kana keessatti akka hanqina namfakkii dubartootatti barreessaan asoosama kanaa dhimma itti bahe Dr. Doroombeedha. Isheenis gara jabummaan mucaa Kululee fudhachuuf taasifteefi erga isheen dhoowwattee booda osoo dhiigni irraa hin qooriin ari'uu isheeti. Kun immoo hanqina bira darbee garajabummaa ishee kan agarsiisuudha.

Walumaagalatti Asoosama Imaanaa Imaltuu kana keessatti ciminnifi hanqinni namfakkiiwwan dubartootaa karaalee adda addattiin mul'achuu isaanii ibsee jira. Haala kanaanis namfakkiiwwan dubartootaa kululeefi Amiinaan cimina garaagaraa yeroo agarsiisan gochuun barreessaan

asoosamichaa kan dhimma itti bahe yoo ta'u, Dr. Doroombee, lalisee, Jiituu, Bashaatuu, Haadha Jaafar fa'aa immoo hanqinoota garaagaraa yeroo agarsiisan barreessaan asoosamicha kan dhimma itti baheedha. Qorataan kunis namfakkiilee kanneen hojuma isaan asoosama kana keessatti agarsiisan xiinxaluun kan addaan baaseedha.

### 4.2. Qaaccessa Sabseenaa Asoosama *Imimmaan Haadhaa*

Asoosamni *Imimmaan Haadhaa* akkuma beekamu asoosama dheeraa Toleeraa Fiqiruu Gamtaan barreeffamee bara 2007 maxxanfame yammuu ta'u,maxxansa tokkoffaadha.Asoosaan Toleeraa Fiqiruu asoosama isaa *Imimmaan Haadhaa* yeroo seenessuu taateewwan addunyaa kana keessa jiran dhugummaa isaa mul'isuuf namfakkiiwwan garaagaraa kan argaa yaada namootaa yookiin dubbistoota tokko tokko mul'achuu danda'anitti dhimma bahuun hojiiwewaniifi miidhaawwan garaagaraa hawaasa keessatti calaqisan kan mul'isan ta'uu isaati.

Haaluma kanaan asoosamni kun qooddattoota jiruufi jireenya hawaasa Oromoo ibsuu danda'utti dhimma ba'uun bifa, amala, naamusa, gochaa itti uumee akkatti miira namaa gammachiisuufi gaddisiisuu danda'utti kan qindeesseedha.Asoosama dheeraa Toleeraa Fiqiruun barreeffame keessatti namfakkiin goobaan galeessi Dhugaasaa Caaliifi Bilisee Gammachuuti.Sabseenni goobaan galeessi kanaas haala gabaabaa ta'e kanaan ka'ameera.

> *…Imimmaan haaadhaa …keetii qor…qor..Qoorsuufi …barbaachaan jalqabe itti fufa.sagaleen, dhiphina guddaa keessaa madde, gola yaadannoo sammuu isaa keessaa killisee, qaama isaa guutuu weerare.Ija isaa suuraa abbaa isaa irraa osoo hinbuqqisin sagalicha xiinxale. Imimmaan haadha…keetii qo..qo… qoorsuu…f… barbaachaan… jalqabe itti fufi!"Sagalicha gama suurichaatii dhufee gurra isaa seene.Boquu isaa suuta mirgaafi bitaatti gagalagalchee naannoo isaa doowwate.Namuu hinjiru.Dafqi illee isaa lachuun toora galee yaa'e. (Imimmaan Haadhaa, Fuula:11)*

Dhugaasaa Caalii yaadaan fagaatee deemee, achi yeroo deebi'u sagalee sodaa cimaa of tellaatti qabuun ofitti haasa'a.Iccita jireenya isaa takaale kana akka ibsituuf irra deddeebi'e haadhaa isaa kadhatus, haati isaa amma inni barumsa isaa xumurutti ibsuufi hinbarbaanne.Haaluma kana keessa darbee barnoota isaa sadarkaa lammaffaa wayita barachaa jirutti shamarree barnoota sadarkaa tokkoffaa barattu Bilisee Gammachuu jedhamtu waliin walbarani. Biliseen dandeettii isaa jaalattee manni barumsa isaanii walitti dhihoo waan tureef carraa argatte Dhugaasaatti siqxee barnoota ishii isa wajjiin qo'achuu eegalte.

> *…Bilisee miidhagina ishee jechaan ibsuun namatti ulfaata.Rifeensi mataa ishee luuccaan dugda ishee irra maramee ciisu jajjaba lagaa fakkaata.Dhaabni qaama ishee ija namaa salphaatti kan to'achuu danda'uudha.Dossoon nyaara ishee qaroo ishee isa ajaa'ibaaf dibaabeedha. Kan amala ishee immoo haacaalu. Maatiin ishee warra dureeyyii jedhaman keessatti ramadamu.Isheen maatii isheef jalqabas dhumas.Dhala Qananii (Imimmaan Haadhaa, Fuula:32)*

Waraabbii kanarraa akkuma hubatamu maatiin haala garaagaraan ijoollee isaanii dureessa, nama maqaa qabu filatanii fedhii shamarree Sanaa malee yeroo heerumsiisan baay'inaan kan mul'atuudha.Dhugaasaan garuu namooma ishee ilaalee yeroo jaalatuutu mul'ata.Biliseen miidhagduu waan taateef boojituu hundaati.Dhugaasaan garuu kan harka kenne miidhagina qaama isheef otoo hintaane nameenya isheetiif.Maatiin ishee Dhugaasaa jaalachuu ishee kan dhaga'an akka waan isheen kabaja isaan hawaasa keessatti qaban booressiteetti ilaaluun fudhachuu hindandeenye. Sababuma kanaan abbaan ishii fedhii isheen ala nama biyya Ameerikaa jiraatu Roobaa jedhamutti heerumsiisuuf warra isaa wajjiin haasaa fixaniiru.Ishiin garuu murtii isaanii irratti finciltee, abbaafi haadha ishee wajjiin waldhabdee jirti. Isuma kana Dhugaasaatti himtee jaalala isaaniif guduunfaa jabaataa godhachuu akka qabaniifi shira warra isaanii dursuuf baay'ee ariifachuu akka qabdu murteessiteerti.

Kanaafuu Dhugaasaan barnoota isaa xumuree hojii gaarii qabatee gara isheetti waan deebi'ee jiruuf jaalala keenya sadarkaa amansiisaa irraan akka geenyuun barbaada.Kana caalaa yeroo balleessuun hinqabnu ittiin jette.Murtii maatii ishee itti odeessite.Dhugaasaan garuu iccita jireenya isaa dhiphisaa ture erga baruumsa isaa xumuree hojii qabatee booda haati isaa aadde Ibsituun waan hunda waan isatti himteef hanga kakuu abbaa isaa sana galmaan gahutti akka Biliseen jettutti yeroo gabaabaa keessatti raawwachuu akka hindandeenye karoora isaa Biliseef ibse.Kakuu abbaa isaa galmaan gahuuf sochii eegaluu akka qabu irra deebi'ee itti himee, yaadicha irratti waliigalanii kakuu lamaan jireenya isaa keessa jiru kan abbaa isaa, kan isheefi kan isaa loogii malee galmaan gahuuf akka inni eeggannoon socho'u akeekkachiifte.

Dhugaasaanis imimmaan haadha isaa qoorsuuf barbaacha obboleeyyaan isaa abbaan isaa jalqabe itti fufe.Haati Bilisee garuu akka warri soddaa guyyaa gaa'ilaa dhaabuuf gara mana isaanii dhufaniifi soddaa gaarii waaqni isaanii kenne ibsuun akka fedhii isaanii guuttee isaan gammachiiftu, biyya Ameerikaa jedhamu sana geessee abbaafi haadha ishee waamtee isaan bashannansiiftu arguuf akka jarjartu Biliseetti bifa dheekkamsaafi ajaja of keessaa qabuun itti

himte.*(Imimmaan Haadhaa, Fuula:71)*Biliseen garuu yaada haadha ishee kana, kana caalaa obsuu hindandeenye.

> *….Ameerikaa dhaquuf ana akka horiitti nagurguruu barbaadduu? kun lubbuun osoon jiruu akka hintaane isinitti himeera.Kana booda haasaa akkasii akka natti hinkaafne . Gocha nama qaanessu akkasii yeroo raawwattan namni maal nun jedha jettanii hin yaadinaa jechuun aariidhaan gara kutaa ciisicha isheetti qajeelte.Haati ishee garuu hin gaddineef ishee duukaa buutee " o.ho..ho..oo..!! Attam attam si godha intalaa? Eekkee …kkee!! "Bareedde bareedde jennaan mucaan ija babaafte" jedhan (Imimmaan Haadhaa, Fuula: 72).*

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti jaalala Dhugaasaaf qabdu akka isheen jijjjiirrattuuf tarkaanfiin maatiin fudhachaa jiran akkuma cimetti kan itti fufaa jiru ta'uu hubanna. Barreeffamni itti aanee jiru kunis kanuma mirkaneessa. Xiyyeeffannoon mucayyoo ammas Dhugaasaa jaalallee ishee dhugaa jaalachuufi hanga dhumaatti wajjiin jiraachuu akka ta'eedha.Haa ta'u malee maatiin ishee immoo ajaja isaaniitii baatee hanga kana nudiddii jedhanii hinyaanne ture. Waraabbiin armaan gadii kunis dhimmootuma kana mirkaneessa.

> *Baaccuun lafa teessuutti diilallooftee, dhagaa ta…Abbaafi Haati ishee hanga kana nifincilti jedhanii waan hinyaanneef ijjannoo ishiitti na'aniiru.Na'uu irra darbanii ariitiidhaan tarkaanfii fudhachuuf kutataniiru.Biliseen garuu waa'ee kana osoo teessee yaadaa jirtuu Baaccuu kan jedhamtu kan walitti dhufeenyi isaanii sadarkaa hiriyyummaa irra hingeenye sababa adda addaa uumtee Biliseetti dhiyaachuu kan eegalte waa'ee Ameerikaafi cidha ishee itti kaasnaan, Biliseen miira ishee to'achuu dadhabdee ,utaaltee lafaa kaatee quba isheen akeekkachiisaa akka lammata Waan kana itti hinkaasne akeekachiifte.(Imimmaan Haadhaa; Fuula:72)*

Dhimma Bilisee keessa seenuu Baaccuu waan ishee aarseef aariidhaan deebii rifachiisaa Baaccuuf kenniteerti. Kanarraa kana ka'e, Baaccuun abjuu keessa waan jirtu itti fakkaate. Nimo'amte.Baaccuun miidhaa ofi isheerra gahe irraa ka'uun carraafi jireenya shamarran hedduu balleessuu kaayyoo ishee godhattee kan sochootu waan ta'eef Bilisee amansiiftee harka namicha Ameerikaadhaa dhufee galchuun badhaasa argachuuf ture.Garuu jechi Bilisee Sammuu ishee keessa deddeeebi'ee iyye. Lafa jirtu osoo hinbeekiin daqiiqaa muraasaaf mooraa Biliseefaa keessa dhaabbattee yaaddee morma ishee cabsitee, qaanii guddaan suuta baatee qajeelte. Bilisee harka Roobaa galchuuf sammuun isaanii akkuma itti yaadeetti jira. Kun immoo Biliseef qormaata guddaa haa ta'u malee isheen akkuma itti karoorfattetti jirti. Dashiinis dhimma isaanii kana harkaa fuutee galmaan akka geessuuf yaaliin godhan milkaa'uufi hindandeenye.

*…Biliseefi intalli durbii ishee Dashiin walmormii baay'ee keessa seenaniiru. Dashiin harka facaaftee haasofti. Hiddi mataa ishee dhaabbataniiru. Guddiftee afuura baafattee "yaa… Bilisee koo nuuniyyuu akkasuma nugodhee ture. Dhugumaan siin jedha.ani yeroon jaalallee koo isa jalqabaa wajjiin walbare hanga bara baraatti isa wajjiin waanan jiraadhu, waanan isatti heerumu natti fakkaate ture. Yaanni koo kun akka inni dogoggora ta'e kanaan hubadhe dhiheenya kana.Maal sitti fakkaate jaalallee jalqabaatti shamarreen heerumtu yartuudha.Ati garuu eebbifamtuudha.Dhiirri jaalala jalqabaa akka muudannootti fudhata.Kanaaf yeroo baay'ee durbi jaalallee ishee jalqabaa wajjiin bultii hinijaarrattu.Isa lammaffaa wajjiin illee ijaaruu dhiisuu dandeessi.Ani jaalallee koo isa sadaffaa wajjiin bultii ijaaruuf deema kunoo.Ati immoo lammata irratti milkoofteerta. Kanaaf hingoyyoomiin……(Imimmaaan Haadhaa ;Fuula:213)*

Yaadota armaan olii kennuun Dashiinis akka Dhugaasaa dhiistu taasisuuf haa yaaltu malee deebiin Biliseen kenniteef garuu faalla kanaati… "Biliseen bakka teessuu kaatee humna ishee guutuudhaan Dashii irratti lafa dhooftee, rifeensa mataa ishee qabdee teessuma irraa lafatti darbatte, warqee akka fuuncaa isheen qabattee jirtuun olii gadi fuutee tumte…" Haaluma kanaan osoo jiranuu sababa Biliseen nama isaan fedhanitti heerumuu diddeef isaanis dhukkubsataniiru.

Abbaan Bilisee immoo akkamitti mucayyoon kun biyyaan keessatti dhaladhee guddadhe keessatti na qaaneessiti jechuun rifaatuu bira darbanii dhukkubbiin illee itti cimee jira. Ciisaniiru. Biliseen immoo sammuun ishee bakka lamatti qoodamee yaadaan waxalamaa jira. Maalaan godha abbaa koo akkanatti sababa kootiif dhukkubsatu gatee deemu moo waadaa ganamaa kennaa koo uumamaa Dhugaasaa eeggachuun qaba jettee yaaadaan bu'aa baati. Dhumarratti garuu murtee keessa deebii hinqabneen abbaa ishee dhiiftee magaalaa keessa isaa hinbeekneetti godaante. Finfinnee. Bilbila manaas ta'ee kan harkaa yaalaa haa turtuyyuu malee Dhugaasaa argachuuf sochiin isheen gootu yeroo dheeraaf milkaa'uu hindandeenye.Maatiin ishee immoo oliifi gadi deemanii haa barbaadan malee achi buuteen ishee isaaniif abjuu akkuma ta'etti jira. Baaccuufi Dashiin garuu yaadaan gara Dhugaasaa deemuu hinooltu waan jedhanii yaadaniif gara sana illee akka deemanii barbaadaniif yaada jiru. Biliseen gara magaalaa Finfinnee Gullallee mana siree qabattee buluu eegalteerti. Kun immoo waadaa ishee kan ganama galmaan gahuuf wareega taasisaa jirtu kan agarsiisuudha.

*….Foddaa hoteela Gullallee, gamoo 8 ffaa karaa keessa jirtu bantee, sochiiwwan garaagaraa Finfinnee, daandii Gullallee irraa doo'achaa walfalmii sammuu ishii wajjiin gootu itti fufte.Ga'e egaa kana caalaa callisuun si hinbarbaachisu!.Hanga yoomiitti? Dhugaasaan barbaacha keef rakkoo irra yeroo inni bu'uu sitti hindhaga'amuu? Hamaan isa irra geenyaan bara baraan gaddaa akka haftu*

> *bari.jechuu kun sammuu ishii keessaa burqee deebi'ee isheetti dhaga'ame, sagalee sodaachiisaan (Imimmaan Haadhaa; Fuula:262)*

Haa ta'u malee Biliseen dhimma tokko murteessitee gara Dhugaasaa barbaaduutti xiyyeeffatteerti. Bilbilli Dhugaasaa akkuma yaalametti jira. Garuu walqunnamuu hindandeenye. Deemsa ishee barbaacha akkuma itti fuftetti jirti. Waajjira poolisii, bakka hojii isaa dhaqxee mirkaneeffachuuf hojiin hojjachaa jirtu waa dhageessisuuf waan karoorfate fakkaata. Innis konkolaataa nama biroo waliin walitti bu'uun akka miidhameefi amma mana yaalaati yaalamaa jiru. Isheenis garuma sana deemuun abbaa ishee achi sababuma dhukkubaatiin dhufe argite. Isaanis erga gammachuun walsimatanii booda abbaan ishee illee gochaa isaanitti gaabbaanii, Biliseenis Dhugaasaa miila isaa irraa mana yaalaatti sababa dhukkuba kanaan irraa muran fudhattee bakka isa barbaachisu hunda waliin deemuun tarkaanfii jireenya isaanii kan waliin adeemsisaaniidha.

### 4.2.1 Fakkii Dubartootaa *Asoosama Imimmaan Haadhaa* Keessatti

Dubartoonni haala garaagaraan barreessaan asoosamaa itti gargaaramee fakkiin isaanii hawaasa keessatti maal akka fakkaatan ibsuun lafa kaa'a. Barreessaan asoosama *Imimmaan Haadhaa* Toleeraa Fiqiruus haala garaagaraan fakkii dubartootaa ibseera. Kanas haala armaan gadiitiin ilaaluun nidanda'ama.

#### 4.2.1.1 Akka Gara Jabeettitti

Dubartoonni jireenya hawaassummaa keessatti amala garaagaraa qabaachuun mul'atu kunis kaan gara jabeenyaan kaan gara laafummaan, kaan bareedinaan kaan immoo fokkinaan akkasumas harka toleettiifi boosettii taasisuun barreessaan asoosamaa haala garaagaraan kalaqee lafa kaa'a. Haaluma kanaan haala armaan gadiitiin asoosamicha keessaa kan waraabaman haa ilaallu.

> *…Badii kana hundaaf itti gaafatamoon isin.Utuun ilaaluu hingurguramu.keessi ishee tasa jabina guddaa horate.Ijjannoon ishee danuu cime. Bakka teessuu kaatee saanduqa abbaa ishee bantee waan barbaaddu ariitiin fudhattee cuftee harka abbaa ishee dhungattee hatattamaan kutaa sanaa baatee gara kutaa ishiitti deebite kutaa ishee keessatti yeroo balleessuu waan hinbarbaanneef boorsaa ishee qabattee karaa boroo baate…(Imimmaan Haadhaa;fuula:223*)

Maatiin ijoollee ofii guddisuu bira darbanii adeemsa jiruufi jireenya isaanii gara fulduraa irratti murteessuuf aangoo akkuma qaban fedhii isaanii kabajuufi eeguufiin illee ga'eedhuma isaaniiti. Barreessaan asoosama *Imimmaan Haadhaa*, Toleeraa Fiqiruutiin barreeffames taatota

garaagaraatti dhimma bahuun adeemsa jiruufi jireenya hawaasa keessa jiru kalaqwa asoosama kanaatiin ibseera. Waraabbii armaan olii irraa akkuma arginutti fedhii isheetiin ala nama isheen jaalatte feete dhiisanii maatiin Bilisee nama ofii fedhaniifi maatiin isheefi akkasummas inni fuudhu qabeenya qaba jedhanitti heerumsisuuf yeroo murteessan kan mul'isu yoo ta'u, isheen garuu waadaa qabattee jirtu hindiigu jechuun yeroo gama tokkoon murteessitu, gama biroon immoo abbaan koo sababa kootiif dhukkubsate maalan godha? Jettee sammuu ishee waliin yeroo wal'aansoo qabdu mul'isa. As keessattis aadaa hawaasichaa faana walqabatee fedhii isaanii qofaan akka raawwatamu barbaaduun miidhaa kan hordofsiisu ta'uu hubachuunis barbaachisaadha.waraabbii armaan gadii irraa hubachuun akkuma danda'amu Biliseen abbaa ishee uume kan rakkoofi gidiraa faana arge dhiistee garaa jabaattee gara fedhii ishee deemuu agarsiisa.

> *…Biliseen garuu baay'ee gara jabeettiidha.Abbaan ishee naasuu irraa akka isaan hinhafne utuu beektuu tarkaanfii akkasii fudhachuu hinqabdu turte. Dhugaasaa sana akka baay'ee ishee jaalatu nan beeka. Ammas garuma isaa waan deemtu nafakkaata." jette Baaccuun Bilisee manaa baatee baduun ishee faayidaa isheen waliin dhooftee Roobaa irraa argachuuf turte waaan jalaa fashalleesseef aariidhaan daalachoofteetti.Rifeensi mataa ishee fanciraa'ee maraatuu ishee fakkeesseera…(Imimmaan haadhaa;fuula:229)*

Barreeffama waraabbii kanarraa akka hubachuun danda'amutti natu sibeeka irra akkam ta'aan filannoof osoo dhihaate gaarii ta'u hubachuun nama hinrakkisu.Addunyaa kanarraa akkuma namni waan gaarii namaaf yaadu jiru, kan fedhii ofii qofaaf boolla qotus hedduudha. Baaccuun Jigsaa waliin walii galtee Biliseen Dhugaasaa dhiiftee Roobaa isa Ameerikaa jiraatutti akka heerumtu gochuuf shirri halkanii guyyaa irratti xaxan guddaadha. Kunis waa malee miti yoo harka Roobaa galchan qabeenya /maallaqa/ waadaa galameef argachuuf yaadameeti. Kun garuu ilmoon namaa maallaqaaf jedhee wanti inni hin hojjanne akka hinjirre beekamaadha. Biliseen kaayyoo isaanii fashaleessuu bira dabartee dhukkuba abbaa ishee illee xiyyeeffannoo keessa galchuu dhabuun akka barreessaan kun kaa'eetti gara jabummaa Bilisee kan agarsiisuufi waa murteessuuf illee ga'umsa isheen qabdu kan agarsiisuudha.

#### 4.2.1.2 Akka Bareedina Qabduutti

Asoosama *Imimmaan haadhaa* kana keessatti baarreessaan namfakkii dubartootaa haala garaagaraan fudhate keessaa tokko akka miidhaginaa qabduufi ofitti nama harkisuu

dandeessuutti. Namfakkii dubartootaa keessaa tokko kan haala kana qabdu immoo Ibsituudha haadha Dhugaasaa**.**

> *…Addee Ibsituun umriin bubbultus dargaggeettii tuffachiifti.Magaalinni ishee Dhugaasaan tokko. Ilkaan ishee adii aancaan boqqoolloo toora toleen wal qiba. Hojjaan ishee dheeraan, wandaboo jirbii irraa dha'ame uffatuun walsimatee, surraa guddaa ishee gonfeera. Sabbatni haalluu garaagaraan faayame, mudhii isheef jabina addaati.Doo'ataaf qaamni ishee fi haalli jireenyaa ishee walhinfakkaatu…(Imimmaan Haadhaa; Fuula:21)*

Waraabbiin armaan olii waa'ee haadha Dhugaasaa kan ibsu yoo ta'u, haati Dhugaasaa illee gara abbaa Dhugaasaatti dhufte kan heerumte fedhiifi murtee isaatiin malee karaa maatii isaa akka hintaane abbaa isaa waliin illee kan walitti bu'eef sababuma kanaaf. Akaakayyuun Dhugaasaa akka aadaa naannichaatti kan isaan barbaadan. Abbaan Dhugaasaa akka barreessaan kun kaa'eetti lagaafi naannummaan hanga yoomii jiraanna jedhee tarkaanfii kan haafudhatuyyuu malee bareedinnis keessa jiraachuu isumaaf haa dhiifnu. Shamarran uumaamaan kan qabdu irratti miidhagina addaa gonfachuuf waanti hingoone hinjiru. Garuu kun hunda biratti mul'ata jechuun hindanda'amu. Haa ta'uu malee Haati Dhugaasaa kennaa uumamaa biratti huccuun isheen uffatte immoo miidhagina dabalataan akka faayamtu kan taasise ta'uu barreessaan kun kan barreesse keessa waraabbiin fudhatame ni agarsiisa. Biliseen illee miidhagina addaa qabaachuu waraabbii armaan gadii irraa ilaaluun nidanda'ama. "*…Quba harka ishee qaqaloo, dhedheeroo sana walitti rigaa qaamni ishee inni goottani hojjaan ishee solooloon wandaboo uffattee wajjiin walsimatee miidhagina ishee dachaa godheera … (Imimmaan Haadhaa; fuula:139).*

### 4.2.1.3 Akka Iccitii Eegduutti

Iccitii eeguun jiruufi jireenya hawaasni waliin adeemsisu keessatti iddoo olaanaa qaba. Iccitiin kunis gama tokkoon akkuma faayidaa qabu gama biroon immoo miidhaa qabaachuun isaas waan oolu miti. Abbaan Dhugaasaa osoo hindu'in jechi jedhe, "*Imimmaan haadhaa* keetii qoorsuuf deemsaan jalqabe itti fufi" yaanni jedhu haadha Dhugaasaaf ifaa ta'ullee Dhugaasaaf sadarkaa jechaatti malee ciigoon isaa isaaf abjuudha. Abjuu ammaaf dhoksaa yeroo guddaatee baratee bakka barbaachisa ta'e ga'e, beekee galmaan kan ga'u ta'uu asoosamicha irraa hubachuun nidanda'ama.

> *….Sana booda dubbii kana hanga ati nama taatuutti sitti hin himu jedheen olkaawwadhe. Barumsa kee irraa kufta jedheen sidhokse. Ilaa hubadhu ilma koo, waaqayyoofi siin malee abdii hinqabu. Kanaan booda homaa sidhoksee jiraachuu hindanda'u." jettee gidduutti immoo yaadaan fagaattee deemte…( Imimmaan Haadhaa; Fuula: 23)*

Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubannutti jechi abbaa Dhugaasaa kan haadha isaatiin jedhe iccitiin qabamee haa turu malee "Imimmaan haadha keetii qoorsuuf deemsaan eegale itti fufi."Jedhe ergaa mataa isaa qaba. Ergaa kana immoo mucaa ishee Dhugaasaatti himuuf yeroon hingeenye. Daa'ima kaa daa'ima bira darbee immoo barnoota isaa irratti dhiibbaa waan qabuufi malee isaaf hanga dhumaatti iccitii ta'ee akka hafuufi miti.Dubbichi siyaasa mataa isaa qabaachuu haadhaaf galeera. Garuu himuuf immoo haalli keessa jirtuufi barnoonni Dhugaasaan hinxumurin inni irra jiru danqeera. Dhugaasaan kana qofa osoo hintaane iccitiin biroos sammuu isaa keessatti ciisafi teessuma waldhoowwu isaaniillee yeroo itti mul'atan argina. Kunis jaalallee onnee kan ganamaa kan fedhiifi murtee warra ishee dhiisuun Roobaa irra Dhugaasaa filattefi jaalattee cinqamaa jirtu waliin wal'aansoo qabuu isaati.

> *…Yeroon isheen isatti haasoftu, Dhugaasaan yaadaan bakka biroo deemeera.Haalli inni ittiin waa'ee iccita kakuu abbaa isaa dhaga'eefi murtii maatii Bilisee dhaga'e walfakkaatee itti mul'ate. Haati isaa hanga inni barnoota isaa xumuree hojii eegalutti hiika kakuu abbaa isaa isa dhoksitee turte. Biliseenis gama isheen akkasuma.Baay'ee isa dhibe…(Imimmaan Haadhaa; Fuula 45)*

Barreeffama waraabbii kutaa asoosamichaa keessaa fudhatamee armaan olitti barreeffame irraa akkuma hubachuun danda'amutti iccitii abba isaa kan haati isaa dhoksiteefi maatii Bilisee ishee abbaa fedhanitti heerumsiisuuf qophii isaan taasisaa jiran Biliseen itti himuu diddee ofuma isheeti faana cinqamaa jiraachuun madda dhiphuu Dhugaasaati. Isaan lachuun iccitii jiru dhoksuun immoo isa miidhuuf osoo hintaane abdii isaan lachuu kan gara fulduraa irratti dhiibbaan akka hingeenyeefi fakkaata. Sodaan isaanii immoo yoo dhaga'e barnoota isaa addaan kutee kakuu abbaa isaatti galaan yaaddoo haadha isaa yoo ta'u, Kan Bilisee immoo iccita wayii qabaachuu isaa walfaana beekuu baattullee yaada isaa irraa kaatee tilmaamuun ishee hin oolu fakkaata. Warri Roobaa immoo intala kaadhimmatanii fuudhaaf marga jabeeffannaaf gara warra Bilisee deemaan akkuma hoo'eetti jira.Maatiin gara lachuu qophii jala haa jiraatan malee murteen Bilisee fedhii isaanii waliin kan deemu hinfakkaatu.Waan rakkisetu jirakaa! Osuma warri Roobaa, Obbo Gammachuufaa warra Biliseeti haasaa cidhichaa irratti mari'achaa jiranuu

sagalee addaa dhaga'ame: Haati Bilisees sagalee kana dhaga'uun gara sagalichatti deemuuf dirqaman.

> *…Daqiiqaa xiqqoo booda haati Bilisee waan jette obbo Gammachuufi keessummoota gowwoomsu sammuu ishee keessatti yaadaa golaa as baate.Yeroo abbaa Bilisee bira Geessu waaqi ayyaana ishee irraa haa fudhatu malee intala farraa kana sonsi cininnaan iyyitee nama hoodaa nugoote mitii? Jettee, akka waan Dashii sonsi ciniinnan iyyiteetti Obbo Gammachuutti himte…(Imimmaan Haadhaa;Fuula:215)*

Waraabbii armaa olii irraa hubachuun akkuma danda'amu, dubartoonni waa kalaquufi mala maluun yeroo kan isaanitti hinfudhanne ta'uu waraabbii armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama. Haati Bilisees intalli isaanii fedhii heerumaa maatiin kun lamaan waliin adeemsisan kan mormitu ta'u beekanillee hanga iyyicha sana dhaga'anii addaan baafatanitti maal akka ta'e hin hubanne.Erga dhaqanii Biliseen dhimmuma maatiin ishee raawwachaa jiranitti mufattee iyyuu ishee erga hubatanii booda maal jedhanii keessummoota mana isaanii jiranitti deebi'an yaaddatan. Dhugaa jiru himuuf yoo ta'e ni ulfaata. Keessummaa kabajaa warra soddaa kan bakka olaanaa qabaniidha. Iccitii kana yoo baasan immoo kabajnifi ulfinni warra soddaa haaraa kana biratti qaban nixiqqaata. Intalli keenya ilma keessanitti heerumuu diddee mormii of keessaa qabdu dhageessifatte yoo jedhan immoo safuudha. Kanaaf iccitii intala isaanii eeguufi kan isaanii qusachuuf akka mucayyoon biroo jettetti jijjiiranii himan. Himuu dhiisuuf immoo maaltu raawwate afaanii baasanii jechuu haa baatan malee gurri keessummootas ala jira waan ta'eef. Kanaaf barreessaan dubartoonni yeroo iccitii qabachuu danda'anillee fakkeessee kan barreesseedha.

#### 4.2.1.4 Akka Hojjattuu Mana Namaa Taateetti

Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa fooyyessuuf bu'ee ba'ee waanti inni hingoone hinjiru. Kaan daldalaan, kan qonnaan, kaan barnootaan, kaan gama fayyaatiin, kaan gama jireenya hawaassummaa garaagaraatiin manneen hojii mootummaafi kanneen miti mootummaa ta'an keessatti galee jiruufi jireenya mataa isaa adeemsisa. Kanneen immoo manaa mana isaanii keessatti hojii dhuunfaa ofii hojjachuun dinagdee ofii mataa ofiitiin gaggeessaa jiranis jiru. Kanneen immoo sababa garaagaraan mana namoota dhuunfaa keessatti qacaramanii jireenya guyyuu isaanii gaggeessanis kan jiraniidha. Waraabbii armaan gadii keessattis yeroo bifa kanaan mana namaa keessatti shamarri tokko qacaramtee hojjattu argina.

> *… " Hin geenyeen geesse kaa…*
> *Fagoon nidhihaatte kaa…*
> *Ayyoo koo garaa kee sabbataan hidhuu!"*
>
> *Magartuun sagalee ishee gurra namaaf toluun, weeddifti.Ijji ishee mixmixa lanqaxaa jirtu irra waan tureef akka Biliseen ishee dhaggeeffachaa jirtu hin agarre…erga mana Biliseefaatti qacaramtee yeroo dheeraa tureera.Magartuun ija ishee aarri mixmixaan gubee diimesse,ciqilee isheetiin haxaawwattee ,oljettee Bilisee ilaaltee, morma ishee dabsitee ammas yaada keessa dhidhimte…(Imimmaan Haadhaa;Fuula:67)*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti magartuun hojjattuu mana warra Bilisee taatee yeroo hojjattutu mul'ata. Hojii manaa kana keessatti immoo dhiirri akka hin hojjanneefi dubartoonni qofti hirmaannaa akka qabanitti barreessaan kun lafa kaa'e.Dubartoonni yeroo hojii mana keessaa hojjatan immoo miidhaan garaagaraa irra gahu akka danda'ullee barreessichi asoosama isaa keessatti kaaseera. Fakkeenyaaf Magartuun, mixmixni gubee diimesse, Ciqilee isheetiin haxaawwattee… kan jedhu irraa dubartoonni hojii mana keessaa hojjachuu qofaa osoo hintaane yeroo hojii mana keessaa hojjatan illee kallattii nageenya qaama isaanitiin illee miidhamoo ta'uu argina. Kun immoo dhiibbaa hojii mana keessaa akka dubartoota qofaaf kennametti ilaaluu hawaasaa irraa kan maddeedha.

#### 4.2.1.5 Akka Sagaagaltuu Taateetti

Dubartoonni adeemsa jireenya hawaasummaa keessatti amala garaagaraa qabaachuun mul'atu.Amalli kun immoo uumamaanis ta'e adeemsa hawaassummaa keessatti bifa garaagaraan kan mul'atuudha. Kaan harka toleettii, kaan immoo boosettii, kaan beektuu kaan immoo hubannoo kan hinqabne, kaan ariifattuu kaan immoo suutee, kaan safuu qabeettiifi of qusattuu kaan immoo sagaagaltuu taatee kallattii garaagaraan mul'achuu dandeessi. Dubartiin kabaja yookiin ulfina ishee dhiiftee kallattii salphinafi kabaja ishee balleessutti kaan ceetu beektees haa ta'uu osoo hinbeekiin kan raawwattuudha.

> *…Baaccuun yeroo tokko tokko jaalallee isaa turte.Yeroo gabaabaaf fedhii foonii isaa erga guuttatee booda isheen akka jaalallee isaatti ilaalamuun hafee shamarroota garaagaraa goyyoomsistee kan isaaf dhiheessitu taate.Haala kanaan carraafi jireenya shamarran hedduu balleessaniiru.kiyyoo kanaan lakkoofsa isaanii lachuu hinyaadatan.Garuu akka waan jabaa hojjataniitti haasa'atu. Umriin ishee digdama keessa yoo ta'eyyuu jireenya isheef abdii kutatteerti.Isheef jireenya jechuun dhiira adda addaa wajjiin mul'achuudha.Bifa salphaatti dhiira hawwachuu danda'u qabaachuun ishee kan hinhaalamne.*

> *Jireenya ishee keessatti wanti jijjiirama guddaa fidee, amala akkasii keessaa ishii buuse, miidhaa ishee irra ga'eedha…(Imimmaan Haadhaa; Fuula:114)*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti namfakkiin Baaccuu jedhamtu, hojii sagagalummaa irratti hirmaattee, ofii ishee bira dabartee dubartoota biroollee dhimmuma kanaaf yeroo isheen affeertu argina. Isheenis jaalallee duraan qabatte waliin erga waldhiisanii booda isumaaf dubartoota akka ishee affeeruun duudhaafi safuu hawaasichaa kan cabse ta'uu argiana. Haa ta'u malee namoonni tokko tokko erga abdii kutatanii booda namoonni biroos akka isaan duukaa bu'an taasisu. Kun immoo nama dhuunfaa irratti dhiibbaa fiduu bira darbee hawaasicha kallattii hintaane qabsiisuun jeequmsa fiduu danda'a. Baaccuunis jireenya mataa ishee fooyyeffachuuf jecha hojii kanarratti bobba'uun hanqina dinagdeen walqabachuu irraa kan ka'e akka filannootti fudhachuu argiana.

> *… Humni walitti isaan fide fedhii saal qunnamtii tasa isaan keessa madde qofa.Fedhii isaanii qofaaf ajajamu.Fedhii isaanii qofaaf bulu.Isaaf jiraatu.Gola sammuu isaanii keessa jaalala dhugaa waliif hinqaban. Miira isaaniif ajajamanii waan keessi isaanii barbaadu gaaffii tokko malee raawwachuun isaaniif waan haaraa miti…(Imimmaan Haadhaa; fuula :162)*

Baaccuun Jigsaa waliin fedhii foonii qofaaf walbarbaadu malee kaayyoofi galma biroo akka hinqabne waraabbiin armaan olii ni ibsa.Jaalala dhugaa keessa isaaniiti mul'achuu dhabuun immoo kufaatii gara fuulduraatti isaan muudatuuf bakka kennuu dhabuu isaanii agarsiisa.Namni kaayyoofi galma mataa isaa hinqabne immoo bade balleessuuf duubaatti kan hindeebineefi adeemsuma kana immoo waliigalanii Dhugaasaafi Bilisee gidduutti jaalalli dhugaan akka hin uumamneefi balaa birootiif saaxilamanfillee dhama'aniiru. Walumagalatti namfakkiin dubartii as keessatti ka'an akkuma warri kaayyoo mataa isaanii qaban jiran warri kaan immoo faallaa kana ta'anis jiru. Barreessaan asoosama kanas namfakkii dubartootaa gama kanaan agarsiiseera.

### 4.2.1.6 Akka Safuufi Duudhaa Hawaasichaa Gattetti

Uummanni tokko aadaa, safuu, duudhaa, seenaa, afaan, haala siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa mataa isaa qaba. Kanneen kana immoo waliin kabajee waliif kabajee jiruufi jireenya isaa adeemsifata. Namni kana kabaje eebbaafi kabaja kan qabu yoo ta'u, kan kanarraa adda ta'e abaarsifi mufannaan hawaasaa itti hammaachuun isaa hin oolu. Shamarranis ta'ee dargaggoonni, jaarsis ta'ee jaartiin, daa'imas ta'e manguddoon duudhaafi safuu uumaafi uumamaa eeggatanii waliin jiraatu. Manguddoonni kan karaa gaarii qabatee deemu eebbisaa kan karaa sirrii irraa gore

immoo sirreessaafi qajeelchaa, ijoolleen immoo gorsa manguddootaa fudhachaa irraa barachaa bu'aa ba'ii jireenyaa qabatanii dhamdhamachaa gara fuulduraatti tarkaanfatu. Garuu adeemsa keessa sababa garaagaraan aadaafi duudhaan hawaasa kanaa dhiibbaan irraa ga'aa kan deemeefi jiruudha. Sababa kanneen keessaa inni tokko immoo dhiibbaa siyaasaatiin kan uumameedha.

> *…Dur utuu aadaan keenya hin manca'in duudhaan keenya hin burjaaja'in shamarran jala bultii ayyaana Birraa sirbu.Ayyaanicha ga'uuf torban lama yeroo hafu galgala galgala bakka tokkotti walitti yaa'anii akka aadaa turetti weedduu birraa weeddifamu weeddisu.Dibbee isaanii yeroo rukutan lafa raasu qabatanii, walitti gurmaa'anii…har'a garuu kun hinjiru.sababa garaagaraatiin akka baduufi manca'u ta'eera…(Imimmaan Haadhaa;fuula:118)*

Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubachuun danda'amutti dur shamarran yeroo ayyaanaa walitti yaa'anii seenaa kaleessa wajjiin dabarsaniifi abdii gara fuulduraa waliin ibsatu. Ayyaanni uummata Oromoo biratti kabajaafi bakka olaanaa qabu keessaa tokko ayyaana Birraa kanarratti dubarri kaan kaadhimamtee kaadhimaan kan baate, kaan immoo kaadhimamuuf kan geesse walitti dhufanii weeddisuun isaanii aadaa hawaasichaa beeksisuu bira darbee madda bashannanaafi aara galfii ta'uunillee nigargaara.Waraabbii kana keessatti adda bahee ibsamuu haa baatuyyuu malee sababoota mancaatii aadaa kana ta'uu danda'a jedhamee kan yaadamu keessaa siyaasa faana walqabsiisanii bakka tokkotti namoonni akka hindhufne taasisuun yaadannoo yeroo dhihooti. Kan biroo immoo amantaa faana walqabatee illee sirbuu (weeddisuu) dhiisuun bakka tokko tokkotti nimul'ata. Haaluma kanaan dhiibbaa siyaasni fide keessaa waraabbii armaan gadii keessaa ilaaluun nidanda'ama.

> *… "Muudi aleeu ikkoo!" jette, Shamarreen diimtuun fuulli isheefi rifeensi mataa ishee qalama halluu garaagaraan faalamee, bifa ishee sirriitti hubachuuf nama rakkisu. Waan taaksii keessa jiran utuu hinta'in mana bunaa keessa jiran fakkaatu.Nishubbisu.Saala isaanii addaan baafachuu namni danda'ukan hubatee ilaale qofa.Isayyuu hinrakkisu jettaniitii.Hunduu akka dhiiraatti uffataniiru. Akkasumas hunduu meeshaa miidhaginaa shamarraniin qaama isaanii jijjiiraniiru.Nishubbisu. Nihimimsu. Ijoollee Boolee Boolee ishee qaroomina dhiiraafi dhalaa tokko godhee qaroomite.Boolee dhaloota safuu hinqabne safuu dagatee shubbisuu, kolfuufi wal hoossuun ala homaa yaaduun hinbarbaanne ofirra qabdu safuu…(Imimmaan Haadhaa; Fuula:113)*

Siyaasni biyya tokko keessatti dhiibbaan inni fidu kallattii tokko qofaan kan ilaalamu osoo hintaane dhimma dinagdeefi hawaassummaa keessattillee iddoo guddaa qabaachuu wantoota garaagaraa irraa hubachuun nidanda'ama.Oromoon dur handhuura lafa isaa Finfinnee keessatti irreenfatee, horii isaa hora obaafatee, qoraan cabsatee, loon isaa tifkatee, qotee galchee irratti

horee badhaadhee ture. Haa ta'u malee sababa jijjiirama siyaasaa biyya kanaatiin kun hundi hafe abbaan biyyummaafi lafummaa isaa irraa mulqame. Waraabbiin armaan oliis haala aadaa uummata oromootiin dur haalli uffannaa kan mataa isaa danda'eefi safuu hawaasichaa eeguu yoo ta'u, haalli barreessaan kun yeroo ammaa ittiin ibse immoo aadaa hawaasichaa kan cabse, afaan isa kan biroon kan bakka bu'e, uffannaan isaa qaamaaf safuu kan jechisiisu ta'uu ibseera. Dur Booleen lafa qonnaa Oromoon irraa qotee galchu ta'uu isaa hubachuun lafa seerrifi seenaan keessa burqe ta'uu yoo kaa'u, amma garauu waraabbii armaan olii keessatti lafa seenaa dagatte ta'uu agarsiisa.Shamarrani akka namfakkiitti barreessaan kun dhimma itti bahes aadaafi safuu hawaasichaa kan cabsan ta'uu waraabbicha irraa hubachuun nidanda'ama.

> *…Magartuun weedduu ishee weeddisaa lanqaxxi.Har'a garuu amalaaf osoo hintaane cidha gaggeeffamaa jiru irraa sirbi addooyyee dhibuun baaye'ee ishee dhibeetu haala taajjabbiin weeddifti.*
>
> *"Wayyaa sinbirroo…*
> *Laga godaree…*
> *Maa boossa hiriyee…*
> *Mararoo qarree…*
> *Qaba hinoolaniyyoo…*
> *Hantuunni dhalee……*
> *Dilbiitti galee……*
> *Wal argaan koofi kee….*
> *Bulitiitti galee…………" sagaleen isheen ittiin weeddiftu humna sammuu nama salphaatti to'atu of keessaa qaba. Osoo aadaan Oromoo hinmanca'in addooyyeen akkasitti hiriyee ishee heerumaaf kaateef weeddifti har'a kun hinjiru. Magartuun garuu addooyyee ishee duriitti yaadaan deebite.yeroo addooyyeen ishee olla heerumte akkaataa ittiin sirban sammuu ishee keessa dhufe. "maal maqnaan aadaan kun bade? Of gaafatte Magartuun. ..(Imimmaan Haadhaa; fuula:226)*

Aadaan uummanni ittiin bulaa ture keessaa inni tokko shamarran addooyyee walgodhachuudha. Aaddooyyeen immoo shamarran umriin walfakkaataan akka hiriyaatti maqaa walii moggaasanii kan ittiin walwaaman yoo ta'u, Hiriyyummaan isaanii hanga gaafa cidha isaanii raawwatanii gargar deemaanitti ittuma fufa. Sana boodas nidhaabbata jechuu osoo hintaane bifa biroon itti dabalanii hiriyyummaa isaanii cimsuu danda'u jechuudha malee.waraabbii armaan olii irraa akkuma hubachuun danda'amutti Magartuun hiriyaa ishee durii weedduun weeddifte kan heerumsiifte yoo ta'u, amma immoo yeroo ciini Bilisee kan karoora warraatiin bu'uure yeroo qophaa'utti weeddiffamu dhiisuun aadichi badaa deemuu isaa itti agarsiisa. Aadaan Oromoo kaleessaa manca'aa adeemuun immoo walitti dhufeenya shamarran waliin qaban illee kan

xiqqeessu ta'uu waraabbii kanarraa Magartuun qophaa ishee weeddisuun kan akka mallattootti agarsiisuudha.

### 4.2.1.7 Dhiibbaa Maatiin Qajeelfamuu

Maatiin jireenya hawaassummaa keessatti gahee olaanaa qabu. Ilmaan isaanii haala isaan barbaadaniin fedhii isaanii irratti hundaa'anii akka guddatan, bakka yaadan ga'an hojiin maatiin raawwatu bakka olaanaa qaba.Haa ta'u malee wanti hundi immoo fedhii isaanii qofa irratti hundaa'uudhaan haa raawwatamu yoo jedhame bakka hanqina mataa isaa itti qabus nijiraata. Isa keessayyis tokko gaa'ila ijaaramu keessatti murtee maatiin akka raawwatamu gochuun fedhiifi yeroo malee dirqiin akka hojiirra oolu gochuudha.

> *…Biliseen Boojituu hundaati. Dhugaasaan garuu kan harka kenne miidhagina qaama isheef miti.Nameenya isheetiifi. Dhugaasaa jaalachuu ishee kan dhaga'an maatiin ishee fudhachuu hindandeenye.Akka isheen kabaja hawaasa keessatti qaban booressiteetti ilaalan.Sababuma kanaan abbaan ishee fedhii isheen ala nama biyya Ameerikaa jiraatu Roobaa jedhamutti heerumsiisuuf warra isaa wajjiin haasaa xumuraniiru.Isheen garuu murtii isaanii irratti finciltee, abbaafi haadha ishee wajjiin waldhabdee jirti…(Imimmaan Haadhaa; Fuula:32)*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti Biliseen barattuu kaayyoofi galma mataa ishee qabdu. Kan gara fuulduraatti bu'aa ba'ii jireenyaa dhoksaan waliin dabarsaa jirtu, kan qabeenya isaa osoo hintaane namummaa isaa jaalattee yaada qalbiin waliin jirtu Dhugaasaan osoo jiruu kan qabeenya qabuufi Ameerikaa jiraatu Roobaatti heerumsisuuf dhiphisuun dhiibbaa maatii gama kanaan mul'atuudha.Dhugaasaanis namummaa isheetiin filannoo isaa godhateera.Maatiin garuu nama ofii fedhan kanatti heerumsisuuf yaaduun kaayyoo ishee gufachiisuu bira darbee tarkaanfii biroofillee saaxiluun waan hin oolle fakkaata. Dhiibbaan maatiin taasisu osoo waa hunda giddu galeessa godhatee immoo dhiibbaa dhufuu danda'u kamiyyuu salphisuu akka danda'u hubachuun nama hinrakkisu "…Dhugaa jaalalli keenya balaa hamaa irra bu'ee jira.Maatiin koo nama biyya Ameerikaa jiraatu tokkotti na heerumsiisuuf warra isaa wajjiin haasaa raawwataniiru.Itti fufuu hindandeenye. Imimmaan isheetu durse…" (Imimmaan Haadhaa;Fuula:45) Biliseen dhiibbaa maatii isheetiin ishee irratti raawwatamaa jiru obsitee bira darbuu hindandeenye. Dhugaa jiru baaftee Dhugaasaatti haa himtuu malee Dhugaasaan yeroo jedhametti deebii kennuu hindandeenye obsi malee. Kun immoo kakuu abbaa isaa galmaan ga'uuf dursa kennuufi imimmaan haadha isaa qoorsuu irratti xiyyeeffachuu isaa mul'isa. Haa ta'u malee Biliseen warra ishee mormitee finciluun akkuma itti fufetti jira.

> *…Abbaafi haati ishee hanga kana nifincilti jedhanii waan hinyaanneef ijjannoo isheetti na'aniiru.Na'uu irra darbanii ariitiidhaan tarkaanfii tokko fudhachuuf kutataniiru.Gidduu kana kan isaan xiyyeeffannaa guddaa kennaniifi daldala isaaniifosoo hintaane, dhimma kanaaf akka waan kabajaan isaan uummaticha keessatti qaban rakkoo cimaa irra bu'etti yaaduu eegalaniiru…(Imimmaan Haadhaa; Fuula:110)*

Dhimma Bilisee irratti tarkaanfiin maatiin ishee jalqaban akkuma itti fufetti jiraachuu waraabbii armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama. Hojii daldalaa isaanii dhiisanii harka Roobaa keessa galchuuf yaaluun isaanii immoo akka Biliseen gama isheetinis murtee ariitii walfakkaataa fudhattu ishee taasisuuf waan karoorfatte fakkaata. Mormiin isheen warra ishee waliin fedhii ishee malee abbaa barbaadanitti heerumsisuuf maatiin ishee karoorfatan wajjiin gootu akkuma mormametti jira. Waraabbiin armaan gadii kunis kanuma agarsiisa.

> *… " Ati najalaa turraan murtii mataa kootii fudhachuuf yaadaan ture.Abbaafi haati koo akka hoolaa qabanii nagurgurachuuf yeroo baay'ee gabaabaatu hafe.Isaanittuu kan mul'atu intala isaanii biyya Ameerikaatti heerumsiifachuu qofa. Ani garuu yoo lubbuu kootu darba ta'ellee akka hoolaa qabamee fedhii koon ala hingurguramu. Yoo jaalala keenya balaa irraa oolchuu barbaadde yeroon isaa amma.Si wajjiin deemuuf illee qopheedha.Jette Biliseen. Yeroo dubbattu sagalee humna jabaa qabuun. Kutannoo guddaatu fuula ishee irraa dubbifama…(Imimmaan Haadhaa; fuula :164)*

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti fedhiifi ilaalcha maatiin ishee qaban irratti hundaa'uudhaan fedhii ishee malee abbaa ofii barbaadanitti heerumsiisuun Biliseef kan hinfudhatamne ta'uu barreeffama armaan olii irraa hubanna. Haalli kun immoo waliin jireenya hawaassummaa gara fulduraa waliin gaggeessan irratti dhiibbaa fiduu bira darbee rakkoo hawaassummaa garaagaraaf illee saaxiluu akka danda'u barruu kanarraa hubachuun nidanda'ama. Kanaaf immoo Biliseen barnoota ishee dhiiftee murtee mataa ishee fudhachuuf ariifachuun dhiibbaa maatiin ishee irraa gahaniin ta'uu mul'isa. Kun immoo kallattii hawaassummaa bira darbee jireenya ishee gara fuulduraaf gufuu guddaa ta'uu akka danda'u hubachuun nama hin rakkisu. Dhugaasaanis yaada ishee kana hubatee jajjabeessuuf gorsifi hubannoon inni kenneef akka isheen obsitu taasiseera.

> *… Biliseen gorsa isaatti heddduu ajaa'ibamte.Dhiibbaa maatiin ishee irraan ga'an dandeessee turuuf hamilee isheen qabdullee nidabale.Gorsi isaa ilaalcha ishee kallattii adda addaan qare.Laphee ishee keessa iddoo isheen isaaf qabdus nidabale…(Imimmaan Haadhaa; fuula:168)*

Barreeffamni armaan olii kunis gorsa karaa Dhugaasaa isheef kennameefi rakkoo akka dhuunfaa isaatti walitti dhufeenya ishee waliin taasisuuf gufuu itti ta'uu danda'uufi carraa isaanii gara fuulduraa maal ta'uu akka danda'u erga addaan baasee ibseefiin booda yaada ishee jijjiiruun maatii ishee akkuma diddetti fiixaan baasuufi obsaan Dhugaasaa eeggachuu akka ta'u kallattii qabachuu ishee waraabbii kanarraa hubachuun nidanda'ama.

> *... Biliseen dhugaa kana waan haalaan hubatte fakkaatti.Maatiin ishee guyyaa cidha raawwatan murteessaniiru. Guyyaan kun ga'uuf torbaniin lakkaa'amuu eegaleera. Isheen immoo murtee kanarraatti fincilteerti.Abbaafi haadha ishee wajjiinis waldhabdee baay'ee jabaa keessa seenteerti... (Imimmaan Haadhaa; Fuula: 186)*

### 4.2.2 Hariiroo Dhiiraafi Dubartootaa Asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessatti

Hariiroon dhiiraafi dubartootaa jiruufi jireenya hawaassummaa, dingdeefi siyaasa garaagaraa keessatti haala garaagaraan walitti hidhamee kan jiruufi jiraatuudha. Kunis jireenya keessatti walitti hidhannoon isaanii maal akka fakkaatu haala barreessaan asoosamichaa kaaseen haala armaan gadiin kaa'ameera.

#### 4.2.2.1 Kallattii Hawaassummaan

> *...akka hoolaa qabamtee gurguramuu hinqabdu. Teellaatti hindeebi'an. Fiigi...kaadhu! 1''ittiin jedhe yaanni inni tokko...Dhiisi lakkii sitti haa hafuu! Maatii kee hin salphisinii ...ofittoo hinta'inii ittiin jedhe inni biroon ammo. Nijeeqamte...(Imimmaan Haadhaa; fuula:224)*

Waraabbiin kun akkuma ibsutti jireenya hawaassummaa keessatti yaanni garaagaraa kan waldiddaa keessaafi alaatii nama qunnamu jiraachuun beekamaadha. Waldiddaan kunis immoo haala jireenya namootaan garaagaraa ta'uu danda'a. Kaan ofuma isaa waliin bu'ee ba'a. Kaan immoo namootafi uumama garaagaraa waliinis ni uumama.Biliseenis hariiroo maatii ishee waliin qabdu haala kamiin itti fufsiisu akka dandeessu gama biroon immoo jaalallee ishee wajjiin hoo haala kamiin akka itti fufuu qabdu wantoota walfakkaatoofi rakkisoo ta'an kanaa saaxilamuun lachuu waliin jireenya keessatti murteessoo ta'uu argina.

Olaantummaan dhiirotaan irratti gaggeeffamuu Dhiironnifi dubartoonni walitti hidhamiinsi isaan qaban waliin jiraachuu qofa osoo hintaane hirmaannaan isaan biyya tokko keessatti qabanillee addaan bahee kan ilaalamu miti. Haata'u malee haala ilaalcha hawaasatiin gahee hojii walii qooduu, olaantummaa dhiiraaf kennuu, murtee akka warri dhiira kennan taasisuu, yeroo hunda

bakka addaa kennuufiin hawaasa keessatti dubartoota irra dhiirota biratti mula'ata. Barreessaan asoosama Imimmaan Haadhaa, Toleeraa Fiqiruus hojii kalaqaa isaa kana keessatti yeroo olaantummaan dhiirotaa dubartoota irratti raawwatamu kallattii garaagaraatiin ibsee jira.

> *…yeroo sana magaalaa Jaarsoo jedhamtutti marmaareen baradha.Kutaa ja'a gaafan ga'unamichi tokko sifuudhu malee jedhe.Ani garuu barachuu waaniin barbaaduuf tasa hinta'u jedheen dide.Umriin koo 18 hincaalu.Kan nafuudhuuf nagaafate garuu dhalootaan qaamni isaa qal'oo seenxii haa ta'u malee umriin isaa fagaateera.Dideen barnoota kootti fufe.Guyyaa tokko garuu balaa hin yaanneetu narra gahe.Hiriyoota isaa dachaafatee yeroo mana barumsatii deebi'una ukkaamsanii na butan".jette gadda guddaan…(Imimmaan Haadhaa; Fuula:68)*

Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubachuun danda'amutti dhiibbaa magartuu irra osoo barattu gahe, fedhii isheetiin osoo hintaane dhiironni walgurmeessanii akka butan, kun immoo barumsa ishee addaan akka kuttu taasisuu bira darbee mana namaatti galtee akka hojjattuuf sababa guddaa ta'uu waraabbiin armaan olii kun ni ibsa.Kun immoo akka hawaasichaatti shamarran karoorfattee bakka garaa ishee ga'uu akka hindandeenye, abbaa barbaaddetti heerumuu akka hindandeenye, guyyaa barbaadde heerumuu akka hindandeenye, kaayyoofi fedhii dhiiraatiin kun hundi kan raawwatamu ta'uu barreeffamicha irraa hubachuun nidanda'ama. Kun immoo waan fedhiifi yeroo isaa eeggatee hinraawwatamne waan ta'eef dhiibbaa xiinsammuufi dinagdee akkasumas hawaassummaa Magartuu irraan gahuu argina.

Kanaafuu olaantummaan dhiiraa madda rakkoo  dhuunfaa bira darbee hawaassummaallee ta'uu akka danda'u hubachuun nidanda'ama. Gama biroon immoo yeroo itti Biliseen maatii isheen muddamtee akka Dhugaasaan fuudhuuf dhiphattu Dhugaasaan murtee kennuu dhabuun bakka warra dhiiraaf kennuu agarsiisa. Gama isheetiin murteessitee akka dhiiraa cidha ishee raawwachuu hindandeessu. Akka warra dhiiraa fedhii ishee haala barbaaddeen ibsachuuf akka dubartootaatti safuudha. Safuu hawaasaa kanaafuu murtee isaa qofa eeguun Bilisee olaantummaa warra dhiiraa kan agarsiisuudha. Waraabbii armaan gadii irraa hubachuun nidanda'ama.

> *…Dhaaba mana isaanii jalatti hirkattee sammuu ishee yaaddoon waxalame xiqqoo boqochiisuu yaalte.Garuu hindanda'amneef.Ija ishee dunuunfattee mataa ishee utubaatti hirkiftee tasgabbaa'uu yaalte.Homaa dhiphinni ishee caalaatti itti caallaan tasa ofirra garagaltee fiigichaan gara manaatti oldeebitee. Biliseen.Bilbila bira yeroo geessu garanaafi gamasitti ilaallattee, lakkoofsa isaa rukutte…afuura ishee sassaabbattee, aarii ishee gadi afuuffattee; "kana booda maal akka ta'u hinbeeku. Dhugaa! Cidhaaf mana keenyaatti qophii guddaan*

*ta'aa jira.Kana malee ammoo a.abbaan koo…baa…yyee dhukkubsateera.Kanaaf ati amma baay'ee na barbaachiifta.Yoo jaalala keenya balaa irraa oolchuu barbaadde ariitiidhaan na qaqqabi."Jettee sagalee dhiphinaatiin…(Imimmaan Haadhaa; fuula:201)*

#### 4.2.2.2 Siyaasa Keessatti

Siyaasni haala jiruufi jireenya dhala namaa keessatti kallattii garaagaraatiin kan ilaalamuudha. Kaan jiruufi jireenya isaanii keessatti siyaasatti dhimma bahuun kaayyoo isaanii yeroo galmaan gahan, kaan immoo muudannoofi dhiibbaa guddaan yeroo itti miidhaman argina.Barreessaan asoosama Imimmaan haadhaa kunis namfakkiiwwan dubartootaa garaagaraa yeroo siyaasa biyyaa keessatti hirmaatan agarsiisera.Namfakkii hirmaatan keessaa tokko immoo Biliseedha.

*… "Hundumtuu kara karaan socho'uu manna tokkummaan kaayyoofi jarmiyaa tokko jalatti hiriiree mirga isaa kabachiifachuuf yoo carraaqe hinwayyuu? "Taliileen nigaafatte Ta'us abjuu sodaatanii hirriba malee hinbulan.akkuma jedhamu gufuutu nuqunnamaa alaalatti sodaannee haala argame keessatti hojjachuu irraa tellaatti deebi'uu hinqabnu. Gufuun nuqunnamuu kan beeknu erga hojii jalqabnee booda malee dursee ta'uu hindanda'u."…(Imimmaan Haadhaa;fuula:140)*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubannutti Uummanni Oromoo dhiibbaa alagaa jalatti kufee waggoota hedduuf yeroo dararamaa turetti, miidhamne jedhee mirga isaa kanaaf guyyaa tokkollee falmachuu hindhiifne.Taliileen immoo namoota kaayyoofi tarsimoon uummata keenyaa gara fuulduraa maal ta'uu akka qabu irratti marii taasiste keessa ishee tokkoodha.Haala kanaanis haala ittiin Oromoon fulduratti tokkoomee abbaa biyyummaa isaa ittiin deebifatu irratti duubatti deebi'uu akka hindandeenyeetti tumsa ishee irraa eegamu yeroo Dhugaasaa fa'aa warra jaarmiyaa kana hundeessuuf jedhaniif jabina kennitu argina.Haa ta'uu malee waraabbii armaan gadii irrattis siyaasni biyyattii garamitti deemaa akka jirus kallattiin ibsitee isaanis yaada akkamii akka kana irratti qaban yeroo itti mul'istutu mul'ata.

*… Taliileen olkaatee akka nama Tiyaatara hojjatuu asiifi achi gagarmaamtee xiqqoo yaaddee harka ishee lachuu hirkoo teessumaa ishee irra kaawwattee haalli humnoota siyaasaa biyyattii ittiiin hiriiran waan jijjiiramaa dhufe isinitti hinfakkaatuu" jettee, gaaffii mata duree haasaa isaanii jijjiiru dhiheessiteef… (Imaanaa Imaltuu; Fuula 142*)

Dabalataan siyaasa biyyaa kana keessa yeroo gartuu sadii jirufi itti walfalman kan agarsiisu irratti Taliileen yaada qabdu yeroo kennitu argina. Gartuuwwan kun sadanis kaan haalli siyaasa yeroo Sanaa gaariidha, gaaffiin uummata keenyaa deebi'aa jira jedhan akkuma jiran kanneen

gaaffiin ijoon uummata keenyaa abbaa biyyummaa, lafa ofii irrtti abbaata'uu, eenyummaa, duudhaa, seenaa, aadaafi afaan keenya bakkatti deebifachuudha. Kun immoo ta'ee bakka hin argamnetti gaaffiin uummata keenyaa deebi'e jechuu hindandeenyu kanneen jedhan immoo garee lammaffaa ta'uu hubanna.Gartuun biroo immoo inumaayyuu wanti gaaffii uummattootaafi sabaafi sablammootaa jedhu hinjiru yaada jedhu qabu waarri jedhanis jiru.

> *…Egaa jette Taliileen mataa ishee oliifi gadi raasaa egaa gartuun kun sadan jiraachuu erga hubannee, siyaasni biyya kanaa garamitti deemti? Walqunnamtiin humnoota kana giddu maal maal fakkaachuu danda'aa? Ejjannoo isa kamtu dhugaa qabatamaatti kan lafa irra jiru wajjiin walsimataa? Gaaffiiwan jedhan deebisuun barbaachisa ta'a jette sagalee jabaan…( Imimmaan Haadhaa ;Fuula: 144)*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti dubartoonni murtee kennuuf ariitiin kan raawwattu ta'uu isaa kan agarsiisu yoo ta'u, siyaasa keessatti immoo qooda ishee kallattii garaagaraan bahuu akka dandeessu ilaaluun nidanda'ama. Siyaasni biyyatti kallattii kamitti deemaa akka jiru illee tilmaamuu akka danda'aniifi humnoonni sadan kun haala kamiin waliin deemuu danda'u, as keessatti immoo gama keenyaan maal raawwachuu dandeenya waan jedhu kaasuun warroonni biroo illee akka jajjabatanii hirmaataniif hamilee akka ta'uu danda'anillee barreessaan asoosama Imimmaan haadhaa waraabbii armaan olii keessatti hubachuun nidanda'ama.

> *…Taliileen "yaadaf waan ta'uu malli dhiheessitan gaariidha." Jettee bishaan Amboo habbuuqqattee "haa ta'uu malee yaanni nuti dhiheessinu dhugaa lafa jiruufi muuxannoo qabatamaa jiru irraa kan fagaate ta'uu hinqabu.Rakkoon gartuuwwan kanaa salphaatti kan hiikamuu danda'u gootee dhiheessiteerta. Muuxannoofi haqa gama kanaan jiru waan dagatte natti fakkaata…( Imimmaan Haadhaa; fuula: 145)*

Ammas Taliileen cimina hirmaannaa siyaasaa keessatti qabdu, odeeffannoo qofaan osoo hintaane qabatamaan lafa irra taa'uu illee akka qabu, barreessichi namfakkii kana fayyadamee yeroo ibsu argina.Gama biroonis tokkummaan yoo cime gartuu kana sadaan keessa adda ta'uunillee furmaata biroo kennuu akka danda'an kallattii namfakkii dubartii kun yeroo keessu mul'isa. Dhugaan isaan irratti dubbatan immoo haala qabatamaafi dhugaa lafa irra jiru irratti akka xiyyeeffatanis ibsiteerti. Kuun immoo siyaasa biyya kanaa keessatti wantoonni miidiyaafi afaaniin dubbatamaniifi qabatamaan lafa irra jiru kan walfalleessu ta'uu waan hubattee dubbatte fakkaatti.

*… " Hubadhaa ! falli rakkoo keenyaa waan tokko. Innis tokkummaadha.Eeyyee falli isaa Tokkummaadha.Eeyyee falli isaa Tokkummaadha! Rukuttaan onnee uummataa keenyaa immoo eessa akka jiruus hindagatinaa!" jettee Taliileen sagalee jabaan , quba isheen akeekkachiisaa…( Imimmaan haadhaa ; Fuula:152)*

Waraabbii armaan olii irraa akk hubachuun danda'amutti uummanni oromoo sababa siyaasa biyyattii keessatti yeroo dheeraaf shiraafi dalgaan guutamee uummata miidhaa ture, siyaasaan, lagaan, amantaaniifi kanneen biroon addaan qoodaa kaayyoo isaa galmaan gahachaa akka ture hubachuun nidanda'ama. Uummannis sammuun isaa kanaan qabamee waggoota hedduuf cunqurfamaa akka ture seenaa kanarraa hubachuun nidanda'ama. Kanaafis immoo sababa guddaa kan ta'e tokkummaa dhabuu uummata kanaa akka ta'e yaada Bilisee irraa hubachuun nidanda'ama. Fedhiin Uummataa immoo tokkummaa isaa deeffachuuf qabsoo finiinsaa bakka tureefi jiru hubachuun illee hubachuu akka barbaachisu Taliileen yeroo akeekkachiiftu argina. Walumagalatti tokkummaan furmaata rakkoo ta'uu akka qabu yaada ishee irraa hubachuun nidanda'ama.Waraabbiin armaan gadiis rakkoo dhaaba garaagaraa qabaachuu osoo hintaane dhaaba tokkummaa ofii fidee kan uummataas fiduu danda'u dhabuu akka ta'e Biliseen yaada ishee yeroo itti ibsitu argina. Kun immoo dubartoonni siyaasa keessatti bakka olaanaa akka qabaniifi waa murteessuu danda'an nu hubachiisa.

*…Taliileen battalumatti ani gama koon yaadi kun naaf hinliqimfamne.Sababiin isaas rakkoon uummata keenyaa jaarmiyaa dhabuudha jedhee waanan hin amanneef utuu dhaaba garaagaraa ijaaruun jijjiirama fiduun nidanda'ama ta'ee silaa paartiin aangoorraa jiraatu jijjiirama hedduu fida ture.Kanaaf dhaaba miti mootummaa ijaarree, fedhii uummata keenyaa guutuuf sochoona yaanni jedhu kun jijjiirama qabatamaa fiduu hindanda'u.Uummanni keenya dhaaba fedhii isaa guutuuf socho'u hindhabne." Harka ishee bitaafi mirgaatti facaaftee, sagalee jabaan dubbatte Yaanni dhihaate kun tasa kan hin hojjanne ta'uu caalmaatti ibsuuf, rifeensa mataa ishee qubaan gara boodaatti luuccessitee, teessuma ishee miijeffattee deebii hiriyoota ishii dhaga'uuf gurra itti qabde…(Imimmaan Haadhaa;fuula:176)*

Dabaltees Taliileen rakkoon uummata keenya dhaaba isaaf ta'u dhabuu osoo hintaane, jijjiirama qabatamaa fiduu dadhabuu akka ta'e ibsa armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama.Dabalataanis uummanni dhaaba fedhii isaa guutuuf socho'u akka hindhabne, haa ta'uutii haala ittiin qabsoo uummatichaa tarkanfachiisan irratti danqaa garaagaraan uugguramu hubachuun nidanda'ama. Dabalataanis rakkoon amma jiru dhaaba ijaaruun osoo hintaane tokkummaan jijjiirama fiduun akka danda'amu irratti kallattii kaa'uu Taliilee hubachuun nidanda'ama.Siyaasa keessatti dandeettiin dubartootaa maal akka fakkaatu, akkamitti yaada ijaarsafi tarkaanfachiisuu danda'u

akka dhiheessuu danda’an, qabsoo gara fuulduraa keessatti immoo gahee isaanii akkamitti bahuu akka danda;an kan beekaniifi xiinxalan ta’uu waraabbii armaan olii irraa hubachuun nidanda’ama. Dabalataanis dhiibbaa siyaasni biyyattii irraan gahe yaadannoo ishee haala armaan gadiitiin kaasti Taliileen

> *…Taliileen dhiphina guddaa keessa waan seente natti fakkaata.Maal inni haadhoo koo? Mee nuuf himi?” jedhee Dhugaasaan sagalee jajjabina namaaf kennuun. Imimmaan ishee haxaawwattee sagalee jabaadhaan “Biyya kana keessatti sochoonee fedhii uummata keenyaa guunna jettanii maaliif akka abdii godhatan anaaf ifaa miti. Tasa. Siyaasaan ala sochoonees dhaabbata siyaasaa keessa seennee sochoones ilaalchi sirnichi nurratti qabu waan jijjiiramu hinqabu.Sirnichi anaafi isin mitii ijoollee homaa hinbeekneef illee garaa hinlaafu.Utuu garaa laafa ta’ee obboleessi koo hamaafi gaarii haalaan adda baafatee hinbeekne hinajjeeffamu ture.Kanaaf gama koon ammas dhimma kana irratti xiqqoo yaaduun barbaada.”jettee ammas du’a obboleessa ishee yaaduutti deebite…(Imimmaan Haadhaa; Fuula:182)*

Sochii uummanni oromoo biyya kana keessatti gaggeesssu irratti qaamonni siyaasa ija shakkiin ilaaluun miidhaa garaagaraa geessisaa akka turan yaadachuun nidanda’ama. Dhiibbaa uumaa turan immoo Oromoo qofa ta’uu irraa kan hafe sababoonni biroo ajjeechafi gidiraa kanaaf sababa ta’e hinmul’atu. Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda’amutti kallattii feeneeniyyuu siyaasicha keessatti hirmaatanis dhiisanis gara jabeenyi sirnicha nuuf waan jijjiiramu hinfakkaatu yaada Taliileen jettu irraa hubachuun nidanda’ama. Kanaafis immoo ijoollee xixiqqoo illee sababa Oromoo taate qofa ajjeessuun gaaffii eenyummaa uummanni kun biyya kana keessatti qabu gaaffii keessa galchuun isaa daran dabalaa akka deeme kan agarsiisuudha. Haati Dhugaasaa Ibsituun qabsoo uummanni Oromoo yeroo garaagaraatti kaasaa ture keessattillee gahee ishee bahaa turuu waraabbiin armaan gadii ni agarsiisa.

> *…Bara dheeraaf rakkoo walfakkaataa argaa waan turteef dubbiin Bariin isheetti hime haaraa itti hintaane.Bara Dargii sana yeroo dargaggoon akka muujjaa rasaasaan haamaaman dargaggoota baay’ee gola ishee keessa dhoksitee lubbuu isaanii baraarte.Ishee qofaas miti maatiin harka caalu dhugaa kanatti amananiiru…(Imimmaan haadhaa; fuula:220)*

Waraabbiin armaan olii akka ibsutti Oromoon kan dararamaa ture yeroo mootummaa tokkoo Qofaa osoo hintaane yeroo mootummoota habashaa garaagaraa biyya kana dabaree itti wal Furaa aadaa, afaan, seenaa, amantaa saba tokkoo qofa guddisaa qabeenya uummattoota biro Immoo saamaa cunqursaa akka turan asoosama *Imimmaan Haadhaa* kanarraa hubachuun ni

Nidanda'ama.Yeroo kana uummanni Oromoo karaa kallattiifi al kallattii ta'ee qabsoo isaa fi niinsaa lubbuu isaa deebii hinqabne kennee kaan kufee kaan ka'ee yoona ga'eera. Dubartoo nni Oromoo qabsoo yeroo garaagaraa adeemsifamaa ture keessatti nyaata dhiheessuun, dhug aatii dhiheessuun , meeshaa kennuun, jajjabeessuun, yeroo dubbiin hammaatte immoo darga ggoota dhiibbaan irra gaheef dawoo ta'uun qabsoo kana finiinsa turaniiru.Ibsituunis haati Dhugaasaa cimina isheen siyaasa keessatti qabdu, haala ittiin dargaggoota dhoksitee balaa jalaa itti baaftu qabaachuun gahee isheen qabsoo Oromoo keessatti qabdu kan agarsiisuudha.

> *Warri kaabaa aangoo siyaasaa irratti waljijjiiruu baran uummata keenya ilaalchisee ijjannoon isaan hordofan gargar ta'ee hiin beeku.Siddiseen itti fuftee, kanaaf har'a waan gargar caccaban yoo fakkaatan illee boru gaafa guyyaan isaan eeggatan ga'u walitti dhufanii tokko ta'u. Uummanni keenya aangoo siyaasaa akka of harka hingalchanneef waan qaban hundaan duulu. Haayyonni keenya kana hubatanii socho'uu danda'uu qabu…(Imimmaan Haadhaa; fuula:230)*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti aangoo biyya kanaa baroota hedd uuf kan of harka galchee bulchaa ture warroota kaabaa ta'uun beekamaa ta'uu ibsa. Tooftaa Garaagaraaa baafatanii qabsaa'aa haa turaniiyyuu malee ijjannoon isaaniifi fedhii isaanii addaan baasanii ilaaluun hindanda'amu. Yeroo ifaa, adda adda fakkaatanii galgala galgala immoo tokko ta'anii iccitii shiraan guutame uummata qulqulluu hammatee isaan faana jiraatu irratti yaaduun aangoo harka isaa akka hingalfanne, lubbu isaa yeroodhaa gara yerootti wareegaa akka jiraatuuf shira xaxame ta'uu waraabbii armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama. Kanaaf immoo walhubatanii socho'uun furmaata akka ta'u hubachuun nidanda'ama.

#### 4.2.2.3 Dinagdee Keessatti

Dinagdeen lafee dugdaa biyya tokkoo akka ta'e namoonni hundi kan irratti waliigalaniidha. qabeenyi yoo jiraate, jiraatanii akka namaatti dhaabbachuun kan danda'amu, qabeenyi yoo jiraate siyaasa ofii akka barbaadanitti tarkaanfachiisuun kan danda'amu. Dinagdeen kun immoo bal'inaan kan hoogganamu dubartoota caalaa warra dhiirotaa harka akka jiru uummata keenya irra hubachuun nidanda'ama. Aangoon dinagdee irratti waa murteessus harka dhiirotaan akka raawwatamu ta'uun qabatamaan kan mul'atuudha. Kun immoo dubartoonni rakkoo garaagaraa gama dinagdeen irra gahuufi fedhii isaanii daangessuu keessatti bakka guddaa kan qabuudha**.**

> … *"Qarshiin Bilisee mitii warra baay'ee barannee qaroomne jedhan bituu nidanda'a.Baaccuu.Har'a addunyaa kanarratti kan barbaachisu horii qofa.Isa*

> *barate horiin bittee waan barbaadde hojjachiifta.Biliseen hanga har'aatti qeerransa turte.gaafa kennaa qarshii baay'eetti lakkaa'amu kana argattu laphee isheetu dhaabbata." Jedhee warqee dhugumattiiyyuu fuuncaa fakkaatu dalga yaasee Baaccuutti agarsiisaa…(Imimmaan Haadhaa;fuula 190)*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubannutti dinagdee biyya tokko sochoosuu keessatti murteessaan qarshii ta'uun beekamaadha. Waanti sochii dinagdee keessatti adeemsiftu hundi qarshiin walqabata. Baaccuun waadaa Roobaaf galuun ishee armaan olitti ilaalle jirra. Roobaaf kan waadaa galteefis qabeenya qabaachuufi Ameerikaa jiraachuu isaa giddugaleessa godhatteeti. Beekumsa irra illee qabeenyi caaluufi waan barbaade gochuu akka danda'u, warra barate illee maallaqaan akka barbaadde gochuu akka dandeessu ibsuu ishee argina. Gama biroon immoo namfakkii dubartootaa walitti dhufeenya dhiirota waliin adeemsiftu keessatti qarshii ilaaluu ishee, qarshii immoo kan qabu dubartoota caalaa warra dhiirootaa akka ta'e xiinyaada kanaan guutamuun illee waraabbii armaan olii irraa nimul'ata.

> *… Baaccuun qaruuraa Biiraa fuula ishee dura nammee jiru keessaa tokko kaaftee guddiftee abbuqqattee afuura tokkoon liqimsitee, mataa ishee raasaa , "qarshiin namoota hedduu yeroo mo'atu argeera. Biliseen garuu adda. Qarshiif mo'amuun ishee nashakkisiisa. Ta'us tooftaa hunda irraa kana filadheera. Mee egaa akkuma ati jette ni ilaalla." Jette Baaccuun… (Imimmaan Haadhaa ;fuula:190)*

Dubartoonni baay'een gowwoomfamanii kan jireenya isaanii balleessaniif qarshii ilaalaniiti. Kana jechuun immoo dubartoonni hundi amala akkanaa qabu jechuu miti. Dhugaa jaalalaatiin kan mo'amanii mo'atanis akkuma jiranitti jiru jechuudha malee. Baaccuun garuu maallaqaan gowwoomuufi warren biroo gowwoomsitee kiyyoo ishee keessa galchuun abbaa barbaadde affeeruun isheenis galii argatti. Haa ta'u malee adeemsi ishee kun garuu Bilisee irratti hinhojjanne, kaayyoo qabdi waan ta'eefi. Kanaaf jireenya hawaassummaa keessatti dubartoonni dhiirota waliin hariiroo uumuuf yeroo maallaqa illee kan giddugaleessa godhatan ta'uu waraabbii armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama.

> *…Kana booda of dhiphisuu hinqabdu Bilisee. Meeshaafi mana ka'aan kunoo dhufeera.Anis kennaa guddaa Roobaan Finfinneetii dursee siif erge qabadhee dhufeera.Kan Finfinnees maaf hafa jedheeti malee warqee asitti siif hojjatame cidha eenyuu irratti iyyuu dhi'aatee hinbeekuu jettee warqee harkaatti kaawwatan kan Baaccuun isheetti laatte gadi baasaa. "Roobaan waan ati barbaadde hundaa siif gochuu nidanda'a. Dhugaasaan garuu homaa. Kana booda isa irraanfachuu qabda!" jettee, Dashiin…(Imimmaan haadhaa; fuula:214)*

Namfakkiin biroo Dashii jedhamtu immoo kan Bilisee waliin fira taate, akka itti siqxee Biliseen Roobaaf tole akka jettu shirri Baaccuun goote ammas cimee itti fufuu argina.As keessattis Biliseen akka qarshiin, warqiin gowwoomtu gochuuf tooftaa biroo yaaduu isaanii argina. Dashiinis waan Baaccuun itti kennite kana ilaalaa akka amansiisuu yaaduu isheeti mul'ata. Waan cidha nama kam irratti hindhiyaanne isheef dhiyaachuun immoo dhuguma aadaa hawaasichaa waliin deemuu osoo hintaane amansiisuuf jecha waan kalaqamee qophaa'e fakkaata. Qabeenya irratti hundooftee dhugaa jaalalaafi waadaa jireenyaa akka isheen diigdu gochuuf yaaluun immoo qarshiitti amanuu bira darbee qarshiin dubartoota biratti ammam humna akka qabullee agarsiisuuf barreessaan namfakkii kana biratti kan agarsiise ta'uu mul'isa.

### 4.2.3 Ciminaafi Hanqina Namfakkii Dubartootaa Asoosama *Imimmaan Haadhaa* Keessatti

Namfakkiiwwan dubartootaa asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessatti ciminniifi hanqinoonni isaan qaban maal akka fakkaatu barreeffama armaan gadii irraa hubachuun nidanda'ama. Dubartoonni jiruufi jireenya hawaassummaa keessatti waan gaarii hojjatanii yoo maqaa gaariin waamaman kaan immoo waan daba qabu, hammeenya qabu immoo haala sanaan kan itti ibsamaniidha.

#### 4.2.3.1 Cimina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama *Imimmaan Haadhaa*

Namfakkiiwwan dubartootaa asoosama *Imimmaan Haadhaa* Toleeraa Fiqiruun barreeffame keessatti dubartoonni haala kamiin dhimmoota siyaasaa, dinagdeefi hawaassummaa keessatti akka hirmaatan cimina akkamii kenneefi akka barreesse waraabbiiwwan armaan gadii irraa ilaaluun nidanda'ama. Namfakkiiwwan goobaangaleessa ta'an keessaa gurguddon Dhugaasaafi Biliseedha.

> *…Biliseen yeroo boqonnaa isheetti asoosama adda addaa, kitaaba sammuu namaa qaran kan akka kitaaba saayikoolojii hedduu dubbifteerti. Dubbisuun ishee namni maal akka ta'e namummaan maaliin akka madaalamu jireenyi maal akka ta'e, maaliif akka jiraatuufi akkamiin jiraachuu akka qabdu ishee barsiiseera. Har'a Dhugaasaan hojii gaarii qabatee gara isheetti deebi'eera. Isheenis isa hinqaanessine. Daandii isaa qabatteetti. Barnoota sadarkaa lammaffaa xumurtee qormaata guutuu biyyaalessaatti qabxii gaarii galmeessiftee ramaddii ishee eeggachaa jirti.Jireenya ishee keessatti wantoota isheen hawwaa turte keessaa kun isa jalqabaati…(Imimmaan Haadhaa;Fuula: 34)*

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti dubartoonni bakka itti cimina addaa qaban kan adda baasee agarsiisuufi keessattuu haala jireenya isaanii gara fuulduraa miijeffachuuf

yeroo bahanii bu’an argina. Namfakkii dubartii barreessaan kun kalaqe Biliseen fedhii isheen barnoota isheef qabdu, ilaalchi namummaa namaaf kennitu, barnoota isheetti cimtee qabxii gaarii fiduuniifi kaayyoo ishee ganamaa qabattee osoo qarshiin hinmookfamin isaaf waadaa seente galmaan gahuuf abdiin eeguu fa’aan cimina namfakkii kanaa barreessaan kun kalaqee dhiheesseedha. Haa ta’u malee dhugaa qabatamaa lafa irra jiru yoo ilaallu dubartoonni baay’een dhiibbaa hawaassummaafi dinagdee garaagaraan osoo bakka kaayyeffatan hinga’in karaatti hanbisantu mul’ata. Biliseen garuu waa hunda dandeessee kaayyoo ishee galmaan gahuuf socho’uun cimina ishee kan agarsiisuudha. Gama biroon immoo hiriyaa ishee Dhugaasaa dhiphina garaagaraa keessa jiru jajjabeessuun abdii keessatti horuun cimina ishee gara biroo ta’uu hubachuun nidanda’ama.

> *…Kanaaf abdii kee waaqayyoo irra kaawwadhuutii waan siif danda’ame raawwachuuf tooftaan socho’i.Hundumaa dursee ani yeroofi haala kam keessatti taanan si biran jira.Yeroo rakkoo keetti sibira dhaabbachuu yoon hindandeenye hiriyaa kee ta’uun koo hiikni isaa maali ree? sibiraan jiraa jabaadhu Dhugaa koo!jettee sagalee qabbanaa’aa abdii sammuu namaa keessatti horuun itti dubbatte…(Imimmaan Haadhaa;Fuula:43)*

Dabalataanis Biliseen fedhii ishee qofa galmaan gahuu osoo hintaane, kan Dhugaasaa illee xiinxaluun dhiphinni isaa dhiphina kooti jettee wareegama barbaachisaa ta’e kanfaluun isa walii ta’uun ishe e cimina namfakkii dubartii kanaa kan mul’isuudha.Hiriyyummaan immoo yeroo namatti tole qofaa osoo hintaane yeroo rakkinaa barbaachisaa ta’uu isaa qabatamaan kan mirkaneessiteef ta’uun cimina namfakkii kanaa agarsiisa. Akka waan kaayyeeffate galmaan gahuufis immoo deeggarsa humni ishee danda’u gochuufiin cimina ishee agarsiisa.

> *…Abaaboon gosa adda addaa mooraa mana isaanii keessa dhaabamee jiru rooba gannaa simatee ifee, miidhagee mul’ata.Abaaboo kanaaf bakka isheen laattu guddaadha. Kanaaf kunuunsuu irraa tellaatti deebitee hinbeektu Biliseen. Bona yeroo roobni hinjirre ganamaafi galgala bishaan obaasuun, xaa’oo jala naquun itti shoogaruun tajaajilti. Yeroo inni daraaree ija namaa fagootti hawwatu immoo abaaboo kana gidduu teessee sammuu ishee bohaarsiti…. (Imimmaan Haadhaa; Fuula:109)*

Dhalli namaa naannoo isaa miidhagsee bakka hawwataa gochuuf sochiin inni godhu guddaa dha. Waraabbii kanarraa akka hubachuun danda’amuttis Biliseen barnoota ishee hordofuufi cimtuu ta’uu qofaa osoo hintaane faayidaa biqiltuun gama dinagdees ta’ee hawaassummaa k eessatti qabu hubattee, dhaabuun kunuunsuun ishee jireenya har’aa qofaa osoo hintaane kan

Boruu illee yaaduufi xiinxaluu ishee agarsiisa. Gama biroon immoo qe'ee maatii ishee kunuunsuufi itti bohaaruun immoo cimina ishee kallattii biroon mul'atuudha.

> *…Gammachuu isa dhugaa argachuuf kanaan ala waan baay'eetu nabarbaachisa. Anaaf Gammachuu kan uumu addunyaa yeroo gabaabaaf keessa jiraadhu keessatti ofii koo ta'ee, fedhiifi abjuu mataa kootii qabadhee bakkaan yaada ga'uudha.Jireenya koo keessatti abjuun ofii koo qabu maatii koof akkasumas biyya koof qabu yoon hojiitti jijjiire immoo gammachuu isa dhugaan argadhe jechuudha.Anaaf maddi gammachuu kana."jette Biliseen sagalee humna guddaa qabuun…(Imimmaan Haadhaa; Fuula:111)*

Namoonni baay'een gammachuun isaanii maallaqa gahaa argachuu, mana gaarii ijaarrachuu, jireenya hawaassummaa qabaachuufi dinagdeen of danda'anii jiraachuu, konkolaataa gaarii bitatanii ittiin bashannananii jiraachuu yoo ta'u, kanneen biroon immoo qabeenya osoo hintaane fayyaa qabatanii amanamummaan sammuu qulqulluun jiraachuudha. Maalumaafuu kun filannoo namoota irratti kan hundaa'u yoo ta'u, waraabbii armaan olii irraayyis akka hubachuu dandeenyuutti Biliseen maddi gammachuu ishee qarshii yookiin qabeenya biroo osoo hintaane, jireenya ishee keessatti fedhiifi abjuu mataa ishee osoo hintaane, abjuu biyya isheef qabdu yoo hojiitti jijjiirteedha. Maddi gammachuu ishee kana ta'uun immoo abjuu namoota baay'ee osoo hintaane, kan namoota lakkoofsaan lakka'amanii waan ta'eef Biliseen dandeettii yaada akkanaa of dhiiftee biyyaafi saba isheef ta'u qabaachuun cimina namfakkii kana kan mul'isuudha. Kana malees yaadannoon isheen qabattee bilbila irraa bilbiluufin hiriyaa ishee Dhugaasaa dubbiste kalaqafi muuxannoo gaarii ta'uufi tasgabbiin isheen haasaa kamirrattuu agarsiiftu cimina namfakkii kanaa ta'uu hubanna.

> *…Taliilee boorsaa ishee keessaa galmee yaadannoo baafattee mataa ishee raasaa galmeeffattee caqasuu itti fufte… (Imimmaan Haadhaa;Fuula:174 )Taliileen yaada laachuu isaanii haalaan caqastee, tasgabbii argatte.Garuu marii kanatti fufuu waan dadhabdeef "Tole mee yeroo xiqqoo naaf kennaa. Amma xiqqoo boqochuu waanan barbaaduuf deemuun fedha." jette olkaatee… (Imimmaan Haadhaa; Fuula: 183)*

Gama biroon immoo namfakkii dubartii Taliilee jedhamtu, cimina isheen asoosamicha keessatti qabdu yeroo ifatti bahee mul'atu argina. Isheenis haala siyaasabiyyattii keessatti adeemsifamaa jiru irratti yaada qabdu hiriyoota ishee warren dhiiraa waliin walii galtee yaadota tumsa ta'an kennuun kaayyoon isaanii gara fuulduraa maal ta'uu akka qabu yeroo karoorsitee gahee ishee irraa eegamu baatutu mul'ata.Isheenis tarsimoo baramaafi beekamaa irra kan biroo nuceesisuu

danda'u filachuu akka qabnu jettee yaanni isheen dhiheessitu kallattii marii kan biroo uumuuf waan gargaaruuf cimina yaada ishee kana akka namfakkii cimtuu tokkootti kan ilaalamuudha.

> *… Taliileenis buna fuula ishii dura jiru kaaftee irraa fooriccee, "Baay'een gadda ani ijjannoo koo sababan jijjiiruuf natti hinmul'anne. Sochii akkasiin bu'aa tokkollee akka hinagarsiifne osoon beekuu maaliifin yeroo koo balleessa? Isinis waan mayii hinbaafneef yeroo keessan akka hinballeessineef har'as isin hubachiisuun dhufe." Jette sagalee jabaatiin …( Imimmaan Haadhaa; fuula:210)*

Biliseen jireenya ishee bira darbitee kanneen biroof illee bakka buutee yeroo of ceephaatutu mul'ata.Kunis waa'ee Baaccuuti. Baaccuun jireenya mataa ishee erga balleessiteen booda jireenya namoota biroo keessa galtee yeroo waliin maktutu mul'ata. Dabalataanis waa'ee Bilisee nama kaayyoofi fedhii mataa isheen hoogganamtu karaa irraa qabuuf deemtuutti akka dubartoota biroo osoo hin gowwoomfamin deebii quubsaafi amansiisaa ta'e kenniteefi yeroo ofirraa gaggeessitu argina. Kun immoo qaama biroon gowwoomsamuun kaayyoo ofirraa goruun aadaa badaafi miidhaa guddaa kan geessisu ta'uu hubattee deebii gahaa kennuufiin ofirraa dhoowwuun jireenya ishee gara fuulduraaf yeroo bakka kennitu argina. Kun immoo cimina namfakkii kanaa kan agarsiisuudha.Waraabbiin armaan gadiis dhimmuma kana kan cimsuudha.

> *…Jireenya akka namaatti utuu hintaane akka meeshaatti dabarsitee waan gaarii gootee natti himuun kee anaan na qaanessa.Jaalalli al lama, al sadi tasa anaaf galuu hindanda'u. Tarii dhiirri ati jaaladhe jettumarti siganuu danda'u ta'a. kana jechuun dhiirri hundaa jaalallee isaaf amanamee wajjiin hinjiraatu jechuu miti.Waan ati natti odeessitu kun falaasama itti fakkeessanii nama amansiisuuf godhamuudha.Jette Biliseen…(Imimmaan Haadhaa; fuula:214 )*

Dubartoonni akka hawaasaatti hojii gurguddaa osoo hintaane hojiilee xixiqqoo humnaafi jabeenya cimaa hinqabne akka hojjatanitti ilaalama. Siddiseen hiriyoota ishee Dhugaasaa faana taate dhaabbata isaan waliin hundeessaan sadarkaa qopheessuu bira dabartee waltajjii irratti yaada ishee dhiheessuun yeroo bantutu mul'ata. Kun immoo dubartoonni akka aadaa hawaasichaatti bakka gadaanaa qofa irratti gahee isaanii bahu qofa osoo hintaane sadarkaa siyaasaa irrattillee hoogganuu akka danda'an bakka itti mirkaneessiteedha."…Waltajjii guddaa kana kan gaggeessu siddiseedha.Wandaboon aadaan isheen lafaan geessee uffattee hojjaa ishee dheeraa fi qaama ishee goottana wajjiin walsimatee iftee akka mul'attu godheera…*(Imimmaan haadhaa;fuula :247).*

Siddiseen haasaa ishee itti fuftee dandeettiifi beekumsi uummanni Oromoo qaban karaa kamiin bahee sirriitti mul'achuu akka danda'u irratti ibsa bal'aa kennuu ishee agarsiisa. Uummanni Oromoo beekumsaafi hubannoo akka sumas dandeettii cimaa osoo qabaatee jiruu addunyaa bakka garaagaraa irra osoo jiruu Haadha isaa kan taate Oromiyaa rakkoo keessaa baasuu dhiisuun isaanii illee dhiibbaa qabu kan ibsite yoo ta'u, hubannoon isheen gama siyaasa qofaan osoo hintaane gama Dinagdeen qabdullee cimina isheen ijaarsa Oromoo kallattii garaagaraan jiru guddisuu keessatti furmaanni maal akka ta'e kallattii ka''uuf illee hojjatte cimina nmfakkii kanaa kallattii kanaan agarsiisa.

> *…Siddiseen haasaa ishee itti fuftee "Dandeettiifi beekumsa uummata keenyaa kallattii hundaan gabbisuun faayidaa guddaa qaba.Beektonni keenya addunyaa irratti Oromummaa isaaniin beekamanii uummata keenya bakka yaade akka ga'uuf addunyaafi humnoota ishee gaggeessaa jiran amansiisuu danda'uu qabu.Utuu uummanni isaanii gadadoo keessa jiraatu jireenya ormaa gabbisuun dhaabbachuu qaba.Kanaaf dhaabbanni ijaarame kun ga'ee mataa isaa niba'a abdii jedhu qabna…(Imimmaan Haadhaa; fuula:248)*

Dhaabbata kana ijaaruun siddisee fa'aa immoo maqaa qofaaf osoo hintaane, kallattii siyaasaaf dinagdeen uummata ishee ga'oomsuu akka ta'e dubbattee xumuruun ishee immoo xiyyeeff annoo cimaa akka argatuuf faayidaa guddaa qaba. Gama biroon immoo Taliileen ijjannoo ishee cimsitee murtee maatii ishee dhiiftee waadaa hiriyummaa galte barbaachaaf kutannoon magaalaa hinbeekneetti yeroo isheen godaantu, dhuguma garaan hinfagaatin malee karaan fagaatee addaan nama hin hanbisu yaada jedhu kan deeggaru fakkaata. ".*Foddaa Hoteela* Gullallee, gamoo saddeettaffaa karaa keessa jirtu bantee sochiiwwan garaagaraa Finfinnee daandii Gullallee irra doo'achaa walfalmii sammuu ishee wajjiin gootu itti fufte*…"(Imimmaan haadhaa; fuula:262)*

#### 4.2.3.2 Hanqina Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama *Imimmaan Haadhaa* Keessatti

Dubartoonni akkuma cimina qaban hanqinas bakka itti qaban kan jiru ta'u, barreessaan asoosaama *Imimmaan Haadhaa* Toleeraa Fiqiruu kaasee jira. Dubartoota hanqina qaban keessaayyis gurguddoon Dashiifi Baaccuudha. Isaan fedhii isaanii malee fedhii namaa beekuufi hubachuu hindandeenye.Baaccuunis yeroo fedhii ishee malee akka nama ofii feeteefi waadaa galteefitti heerumtu gochuun ishee nimul'ata.

> *"…nadhoksita moo? Silaayyuu ati nama biyya rakkattuu kana keessa jiraachuu qabdu miti.Akka ati Roobaa, ilma obbo Taasisaa, isa Ameerikaa jiraatutti*

> *heerumuuf jettu biyya guutuutu odeessa.Maalsaa nadhoksitaa Bilisee? Waaqayyoo sijaalata abboo!" jette.*

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti, Baaccuun biyya itti dhalattee, Keessatti guddattee, keessa jiraattu keessatti daba yeroo yaaddufi tuffattu ibsuun ishee Hanqina qabduudha. Gama biroon immoo dhuunfaatti bu'aa argattu irratti hundaa'uun jaalala Namootaa gidduu galuun yeroo diigduufi jireenya namoota jeeqxuutu mul'ata. Kun immoo Waliin jireenya hawaassummaa keessatti fudhatama kan hinqabneefi bakka gadaanaan kan Kennamuufiidha. Baaccuunis hojii hawaasakeessatti fudhatama hinqabne kana hojjachuun Hanqina namfakkii dubartii kanaa kan mul'isuudha. Gama biroon immoo waraabbii armaan Gadii irraa ilaaluun akka danda'amutti Dashiin kan firri Bilisee Kana Baaccuun ofii dadhab dee akka Roobaaf amansiiftu taasiftes firri faayidaadhaa jedhee akkas waltaasisaa nama jechisiisa.

> *…Dashiin harka facaaftee haasofti. Hiddi mataa ishee dhadhabataniiru. Guddiftee afuura baafattee yaa.. Bilisee koo nun iyyuu akkasuma nugodhee ture.Dhugumaan siin jedhaa, ani yeroon jaalallee koo isa jalqabaa wajjiin walbare hanga bara baraatti isa wajjiin waanan jiraadhu,waanan isatti heerumu natti fakkaatee ture.Yaanni koo kun akka dogoggora ta'e kanaan hubadhe dhiheenya kana. Maal sitti fakkaate, jaalallee jalqabaatti shamarreen heerumtu yartuudha. Ati garuu eebbifamtuudha.Dhiirri jaalala jalqabaa akka muudannootti fudhata. Kanaaf yeroo baay'ee durbi jaalallee ishee jalqabaa wajjiin bultii hin ijaarrattu.Isa lammaffaa waliin illee ijaaruu dhiisuu dandeessi.Ani jaalallee koo isa sadaffaa wajjiinin bultii ijaaruuf deema kunoo. Ati ammo lammata irratti milkoofteetta.Kanaaf hin goyyoomiin. Dhugaasaa akka baay'ee jaallattu yeroo hedduu sirraa dhaga'eera. Garuu Dhugaasaan akka ati amma taatuuf kana akka inni siif hintaane sitti himuu nan danda'a…(Imimmaan Haadhaa;fuula:213)*

Waraabbii aramaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti Dashiin amansiisuuf jecha iccitii Ishee illee baaftee yeroo itti dubbattutu mul'ata. Dhiira garaagaraatti heerumuun akka waan Carraa osoo hintaane, filannoo fakkeessitee itti dubbatti. Gama tokkoon isheen illee akka Biliseen akkas taatuuf dhiibbaan isheen taasisaa jirtu fira dhiisaatii ormuma irrattuu ni raawwa tamaa? nama jechisiisa. Gama biroon immoo akka fedhii isheetiin dhiiftee nama sadaffaatti heerumuuf jirtu fakkeessitee dubbachuun ishee immoo taajjabbii dabalataa hordofsiisa. Isa sad affaa kanas dhiisuu dandeessi maaltu beeka? Waa'ee Dhugaasaa akka waan gadi fageessitee beektuu fakkeessitee yeroo dubbattu immoo maal qaaniin akkanaa namakan jechisiisuudha.

Walumagalatti namfakkiiwwan asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessatti muummee ta'an kan Kanneen dubartootaa Biliseefi Taliileen akka cimina qabanitti barreessaan kun yoo kaa'u,

Kanneen immoo Dashiifi Baaccuu jedhaman akka hanqina qabanitti barreessaan asoosama Kanaa yeroo kalaqee kaa'u argina.

### 4.2.4 Jechoota Dhiirummaafi Dubartummaa Asoosama Imimmaan Haadhaa Keessatti Ibsan

Dhiirummaafi dubartummaan karaa uumamaatiin addaan bahee kan kennameefidha. Haa ta'uu malee namoonni ilaalcha qabaniin walqabatee jechoota dubartumma a ibsuufi dhiirummaa agarsiisuuf dhimma itti bahu waliigaltee hawaassummaa irratti hundaa'uudhaan uummatee dhimma itti bahaa jira. Barreessaan asoosama '*Imimmaan Haadhaas* kalaqee, uumee, fakkeessee dhiirummaafi dubartummaa ibsuuf jechoota dhimma itti bahe haala armaan gadiitiin tokko tokkoon haa ilaallu.

#### 4.2.4.1 Jechoota Dubartummaa Agarsiisaan

Dubartummaa ibsuuf jechoonni barreessaan kun kalaqaa isaatiin lafa kaa'es ta'ee kan uumamaan mul'isan haala armaan gadiitiin ilaaluun nidanda'ama.

Addee Ibsituu umriin bubbultus dargaggeettii tuffachiifti.Magaalinni ishii Dhugaasaan tokko.Ilkaan ishee adii hancaan, boqqoolloo toora galeen walkipha.Hojjaa ishee dheeraan wandaboo jirbii irraa dha'aame uffattuun walsimatee, surraa guddaa ishee gonfeera. Sabbanni halluu garaagaraan faayame, mudhii ishiif jabina addaati (Imimmaan Haadhaa; Fuula: 21)

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuu dandeenyutti jechoonni akka dargaggeettii, bifti isheen qabdu ibsuufis jechoonni itti gargaarame nimul'atu…. "Haati ishee garuu hin gaddineef ishii duukaa buutee "o.ho..oo!! attam attam sigodha intalaa?..Ekkee….kkee !! "Bareedde, bareedde jennaan mucaan ija baabaafte" jedhan.mee lafa ati geessu argina kaa. Si intalaa waan ati gochaa jirtu hundaa waan na jalaa dhokate sitti hinfakkaatiin gurbattii dubartii sana wajjiin akka ati fiigaa jirtu garuu si baasu. *(Imimmaan Haadhaa; Fuula: 72*) waraabbiin kun akkuma ibsu, jechoonni tuffii dhiiraaf itti fayyadaman illee dubartummaa kan ibsu of keessaa qabu ta'uu isaa hubanna.

Hin ooluu hin ooliin
Yaa magaalleehoo
Jiraanne hoo..(Imimmaan haadhaa; Fuula:118)

“ lal kedaashi qaal aalenyi!
…laal kedhaash qaal aleenyi!
Yaal anchii maani aleenyi?

Waraabbiin armaan olii kunneen haala namfakkiin dubartoota jechoota garaagaraa fayyadamuun Ibsaman kan agarsiisuudha. Kunis afaan lachuun walmakamee kan taa’e yoo ta’u, isaan lach Uu gama isaanitiin ergaa mataa isaanii danda’e qabu.

“… wayyaa simbirroo…
Laga godarree….
Maa boossa hiriyee….
Mararoo qarree….
Qoba hinoolaniyyee….
Hantuunni dhalee…..
Dilibiitti galee……
Wal argaan koof kee
Bulitiitti galee……..(Imimmaan Haadhaa; Fuula:225)

Waraabbiin armaan olii bifa weedduutiin kaa’aman kunis yeroo shamarran hiriyoonni isaanii Biraa heeruman kan ittiin walfaarsaniifi waljajjabeessaniidha. Weedduun armaan olii kunis Magartuun waan dur weeddisaa turte yaadachuun Biliseef kan weeddisaa jitu ta’uu agarsiisa.

### 4.2.4.2 Jechoota Dhiirummaa Agarsiisan

Jechoonni dhiirummaa ibsuuf barreessaan kun itti fayyadame haala armaan gadiitiin kan kaa’aniidha.

…Yaa gurbaa ….
Dhuguma ajjeeftee…
Goggogaadhaa…
Lafaa fuutee…

Waraabbiin armaan olii kunis yeroo ajjeesaan ajjeesee gale, kan ittiin faarsaniifi gootummaa Isaa ibsan irraa kan fudhatameefi kan akaakayyuun Dhugaasaa waan dur keessa darbaniifi Amma itti jiran walbira qabanii yeroo itti himan irraa kan fudhatameedha.

..Dardarriis , “Iyyoo koo…iyyoo koo…

Kan mormi lookoo,

Ani qawwee argachoo,
….logomachoo,
Ani shaggee argachoo,
Sossobachoo…
Keelloon daraartee, mana gubbaattii,
Qeerroon maraattee, warra durbaattii…( Imimmaan Haadhaa; Fuula:119)

Weedduu armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti dhiirummaa kan ittiin ibsaman Jechoonni akka qeerroo jedhanfii bifa gaaleetiin kanneen armaan olitti barreeffaman hundi je choota dhiirota ibsuuf kanneen taa'aniidha.

"cufaa koo cufaa koo
Cufaa jalan bulaa
Yaa leenca Gullallee
Dur sumaan abdannee,
Tufaa koo Tufaa koo
Tufaa yaa ilma Munaa…(Imimmaan Haadhaa; Fuula:129)

Jechoonni tokko tokko immoo bifa dubbii qolaatiin amala waan biroo namaaf kennuun yeroo ibsantu mul'ata. Fakkeenyaaf jechi 'Qeerroo' Leenca' jedhu, cimaafi goota kan hunda sodaachiisu ta'uun yoo hubatamu, Tufaa Munaa immoo Finfinneetti akka har'aa osoo hintaane, dur akka sirna Gadaa Oromootti Gullallee bulchaa kan ture ta'uu hubachuun nidanda'ama.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaada Furmaataa

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoo kana keessatti hojiilee kalaqaa Abrahaam Tasfaayee barreessaa asoosama Imaanaa Imaltuufi Toleeraa Fiqiruu Barreessaa Asoosama Imimmaan Haadhaa ija yaaxina feeminizimiitiin gadi fageenyaan xiinxaluun yaalameera. Qorannichi asoosamoota kanneen lamaan keessatti gosoota feeminizimii,fakkii dubartootaa, hariiroo dubartootaafi dhiirotaa, ciminaafi hanqina namfakkiiwwan dubartootaafi jechoota dubartummaafi dhiirummaa ibsan kallattii garaagaraatiin kan xiinxalamaniidha.qabxiiwwan kanneen asoosamoota kanneen lamaan keessatti ka'an haala armaan gadiitiin cuunfamee dhihaateera.

Feeminizimiin yaaxina dubartoota waliin walqabatu ta'ee dhimmoota dubartootaa karaa dinagdee, amantaa, siyaasaa, hawaassummaafi aadaatiin hawaasa keessatti maal akka fakkaatan kan xiinxalameefi kanneen kanas addaan baasuuf gosoota feeminizimii kanneen irratti kan hundaa'eedha.

Fakkiin dubartootaa asoosama kana keessatti haala garaagaraan kan kaa'aman yoo ta'u, dubartoonni hawaasa keessatti Oromummaaf dhugaa barbaacha dhimma Oromoof lafee dugdaa ta'anii warra dhiirotaa wajjiin socho'aa kan turan jiraachuu xiinxala kanaan hubatameera. Fakkeenyaaf yeroo Dhugaasaan kakuu abbaa isaa galmaan gahuuf socho'utti, Biliseen hundumaa dursee ani yeroofi haala kam keessatti sibiran jira jettee yeroo jajjabeessitutu mul'ata.Gama biroon Ibsituun haati Dhugaasaa Caalii yeroo sirna Dargii keessa qabsoo uummata Oromoof jecha yeroo dargaggoota irra dhiibbaan gahaa turetti dawoo ta'uun dargaggoota dhoksitee balaa jalaa baasaa akka turte xiinxala kanaan ibsameera.Akkasumas Taliileen yeroo isheen dhimma siyaasaa irratti marii adda addaa taasiftuufi kallattii barbaachisaa ta'e kaa'uun warra dhiirotaa faana buutee baatus ibsameera.

Hariiroo dhiirotaafi dubartootaan walqabatee gama siyaasaan, gama dinagdeefi hawaassumaatiin hidhata guddaa kan qabu ta'uu, Asoosama *Imaanaa Imaltuu* keessatti Kululee qaro- dhabeettiin osoo qofaa jiraattu fedhii fooniif jecha yeroo humnaan hariiroon faana uumamu mul'achuu isaa, waliin jireenyi hawaassummaa gama biroon immoo jaalala keessatti, gadda keessatti, gammachuu keessatti qaban bal'inaan kan jiru ta'uu , gama dinagdeen immoo dubartoonni harka qal'eeyyii ta'uu, mana namaa hojjatanii jiraachuu, kadhaan jiraachuu, hojii sagagalummaan

jireenya isaanii faana wal’aansoo yeroo qaban mul’achuufi biyyoota alaa illee sababuma hojii kanaaf yeroo deeman mul’achuutu argama.

Gama siyaasaan immoo asoosama lachuu keessatti yoo ilaalle dubartoonni jajjabeessuun, mariisisuun, kallattii barbaachisaa ta’e kaa’uun yeroo warra dhiirotaa faana bu’anii ba’antu mul’ata.

Hanqinnifi ciminni namfakkiiwwan dubartootaa asoosamoota lachuu keessatti haala barreessaan kaa’een bifa garaagaraan nimul’ata. Kanas yoo ilaallu:ciminni asoosamoota lachuu keessatti mull’atu waadaa dubartoonni hiriyaa isaaniif galan hanga dhumaatti qabachuu isaanii kanas akka fakkeenyaatti Biliseefi Amiinaa ilaaluun nidanda’ama. Gama biroon immoo siyaasa keessatti hirmaachuun bu’aa ba’ii hunda warra dhiirotaa wajjiin adeemsisuufi iccitii garaa isaanii qabatanii warroonni socho’an namfakkiiwwan ciminni isaanii ka’uudha. Gama hanqinaatti yoo dhufne immoo dubartoonni fedhii isaanii maallaqa irratti hundaa’uu, isheen tokko ishee biroo bu’aa irratti hundooftee ganuu fakkeenyaaf asoosama Imimmaan Haadhaa keessatti Dashiifi Baaccuun immoo amala gaarii hintaane qabaachuun mulatu. Asoosama Imaanaa Imaltuu keessattis kennaan balaa irra akka bu’uufi jaalalleen isaa illee nama biroo jaalattuuf karaa kan bante namfakkii dubartiiti. Kun immoo hanga lubbu isaanii galafachiisuutti kan kaaseedha.

Jechoonni dubartummaafi dhiirummaa ibsan baay’inaan asoosamoota lachuu keessatti kan hinargamne yoo ta’u, jechoonni akka bareedinaafi fokkina dhiirotaas ta’ee dubartootaa ibsan kan jiran ta’uu xiinxalameera. Gama biroon immoo jechoota yeroo fuudhaafi heerumaa faarsuuf weeddifamanis argamuu isaanii qorannoo kana keessatti xiinxalamaniiru.

## 5.2 Argannoo

Waraqaan qorannoo kun kan adeemsifame xiinxala asoosamoota Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa ija yaaxina feeminizimiitiin kan xiinxalame yoo ta’u isaas haala armaan gadiitiin kan kaa’ameedha.

- Fakkiin dubartootaa asoosama lachuu keessatti dhiibbaa maatiin fedhiin isaanii akka daangeffamu ta’uu, dubartootumti dubartii akka isaaniitti yeroo garaa jabaatanii bakka waliif kennuu dhaban kan mul’atan ta’uun, dubartoonni bal’inaan rakkoo garaagaraa keessatti galanii yeroo argaman mul’achuun hubatameera.

- Hariiroon dubartoonni dhiirota waliin qaban kallattii dinagdeen, hawwaassummaafi siyaasaatiin kan mul’atu ta’uu, jireenya hawaassummaa keessatti immoo olaaantummaan dhiirotaa addatti ba’ee kan mul’atu ta’uu, dubartoonni dinagdeen of danda’anii kan hin argamneefi dhiirota irratti maxxananii baay’inaan kan jiraatan ta’uun xiinxalamee argameera. Siyaasa keessatti immoo dhiirota waliin hirmaachuufi deeggaruu isaaniis hariiroo dhiirota waliin qaban kan agarsiisuudha.

- Ciminni dubartootaa asoosama lachuu keessatti kaayyoo isaanii kan galmaan gahuuf hanga dhumaatti galma isaaniif kan hojjatan jiraachuu, siyaasa keessattis dhiibbaa uummata isaanii irra gahaa ture xiinxalaa, hubachaa kan turaniifi fuulduratti immoo kaayyoo tokkoof dhaabbachuu akka qaban kan hubatameedha. Fakkeenyaaf, asoosama *Imimmaan Haadhaa* keessatti Taliilee ilaaluun nidanda’ama.

- Hanqinni namfakkiiwwan dubartootaa asoosama lachuu keessatti mul’atu immoo maxxantummaa qabaachuu, wal inaaffuu, aadaafi duudhaa hawaasaa keessatti waan fudhatama hinqabne raawwachuu, fakkeenyaaf sagagaltummaa raawwachuu, rakkoo walii hubachuu dadhabuufi rakkoo biroof wal saaxiluu fakkeenyaaf Kululeen yeroo dhiiga ofirra yaaftee teessee kadhattutti arrabsoo dubartootaa hanqina bira darbee gara jabummaa isaanii kan agarsiisu ta’uun xiinxalameera.

- Jechoonni dubartummaafi dhiirummaa ibsuuf barreessitoonni kunneen lamaan itti fayyadaman kanneen bareedinaafi fokkissummaa ibsan kan argaman yoo ta’u, kanneen immoo bifa weedduutiin fuudhaafi heeruma irratti misirroota faarsanis ni argamu.

## 5.3. Yaboo

Xiinxala asoosamoota Imaanaa Imaltuu Abrahaam Tasfaayee barreesseefi Imimmaan Haadhaa Toleeraa Fiqiruu barreesse ija yaaxina Feeminizimiin kan xiinxalame akka yaada furmaataatti qorataan kun kaa’eera.

- Asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti Hajiin fa’aa intala isaanii kennaatti heerumsiisuu diduun sababa amantaafi hiyyummaa yaaduun walitti dhufeenyaa hawaassummaafi tokkummaa irratti dhiibbaa waan qabuuf ilaalcha akkanaa hawaasa keessaa balleessuu akka barbaachisu.

- Gama biroon iccitii eeguun akkuma jirutti ta’ee kanneen akka lubbuu namaa galaafachuu danda’u kan akka kennaa fa’aa galafate irraa of qusachuu akka barbaachisullee hawaasni hubachuu akka qabu taasisuu.

- Maatiin aadaa hawaasichaa ta’ee yeroo hundaa karaa isaanii qofaan gaa’illi akka raawwatamu gochuun fedhii abbaa dhimmoota giddugaleessa godhachuufi waliin mariin fiixaan baasuu akka barbaachisu hubachuunillee gaarii ta’uu akka qabu hawaasa barsiisuu.

- Dubartoota yeroo hundaa barreessitoonni akka rakkoo keessatti kufan taasisuu irra akka hariiroo dhiirota waliin qaban karaa gaarii ta’een jajjabeessaniifi waldeeggaraa waltumsaa deemaan hawaasa barsiisuu irratti xiyyeeffachuu akka qabanillee akka furmaatatti qorataan kun kaa’a.

- Asoosamni kunneen lachuu waan qabatamaan hawaasa keessa jiru ibsuu irratti xiyyeeffatanii haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan ibsu yoo ta’u, jechoonni itti gargaaramnu tokko tokko kan hawaasa hundaaf ifaa ta’ee irra caalaatti gaariidha kanneen jedhan yaada furmaata qorataan kun xiinxala kana irratti kan eeruudha.

## Wabii


Alice Waeker.(1982).*The Coler Purple*. Unite State. Harcourt Brace Jovanovch.

Annete Kolodny. (1997). *Feminism: An anthology of literary theory and criticism:* New Brunswick, N: J: Rudgers University press,

Asafaa Tafarraa. (2009).*Eela: Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee*: Printing by Far East Trading PLC.

Brown, Charyll and zKaren Olson. (1976). *Feminist Criticism: Essays on theory, poetry and prose*. New Jesey: The scarecrow press, inc.

Catharine Mackinnon.(1987). *Feminism unmodified: Discourses on life and law*. Harvard University press.

Catherine, Belsely.(1997). *The Feminist Reader: Essay In Gender And The Politics Of Literary Criticism* Audiobook Publishing

Charles Showelter, E. (1986) *Contemporary Literary Criticism: Modernism Trough Post Structralism* New York and London: Longman

Cheri Register. (1989). *Feminist Literary Criticism United States*: The University Press of Kentucky: Lexington, Key.

Degemeny Konchi. (2009). *Xiinxala mala barreeffama asoosamoota Hawwiifi yeroon siif haadhiistuu*. Yuunivarsiitii Finfinnee.

Donovan, Josephine. (ed.). (1989). *Feminist Literary Criticism: Exploration in Theory. Kentucky*: The University press of Kentucky.

Dutton, Richard.(1984). *An Introduction to Literary Criticism*. England: Long man York press.

Eric, Anderson.(2005). *In The Game: Gay Athletes and The Cult Of Masculinity*.Newyork: State University Of Newyork Press.

Fiqaaduu Qana'aa. (2012). "*Qaaccessa Waldhabbiifi Fakkoommii hojii dhaabaa wayyessaa keessatti haala Godaannisaafi Duungoo Halkan Sanaa*." Unpublished MA thesis. Addis Ababa University

G. Robert Evans .(1997).*Introducing Contemporary feminist thought*. Polity press In Association with Black Well, Cambridge, Uk.

Ferguson John Howard . (1977). *Image of Women in the Literature*. Boston. Houghton Mifflin Company.

John Martin M.Ellis. (1974) *The Theory of literature criticism A Logical Analysis* USA:press ltd.

Melakneh Mengistu.(2006). *Fundamental of Lierature* 3rd ed. Addis Ababa: A.A.U press.

Millet, Kate (1970). *Sexual Politics*: Newyork: Avon.

N.Kishnas Wamy, John Varghhese fi sunita Mishra. (2001). *Contemoporary Literary Theory*. A

Nenola, Aili (eds). (1992). *Folkore and The Genderized would or twelve points from a Feminist prespective*

Pamela Sue Anerson.(1997) *Feminist Philosophy Of Religion Newyork*: Schocken Books.

Pater, Zola W. (2010). "*The Depiction of Female Characters by Male Writers in Selectd ISIXHOSA Drama Works.unpubilshed The Degree of Doctor litterum*. Faculty of Art: Nelson Mandela Metropolitan University

Paul Baker. (2008*). Sexed Texts: language, Gender and sexuality*. London: Exquinox.

Ramadaan Mohaammad.(2002). *Haala fayyadama bifoota yoomessa Asoosamoota Hawwiifi Yeroon siif haadhiistuu*: Yuunivarsiitii Finfinnee

Ruth, Sheila.(1998).*Issues in Feminism: An Introduction to womens studies* . Mountain View; CA MAY Field publishing Company

Steven Pinker, (2004). *Literature Reading and Writing with Critical strategies*. Newyork Pearson: Long man

Tyson, Lois .( 1999). *Critical theory today*. Auser Friendly Guide Combridge.

Valerie Bryson.( 2003). *Feminist Political Theory*. New York: Plagrave Macimillan.

Velarde, Bileen (ed). (1992). *Women And Authority: Re Emerging Mormon Feminism.*Maxine Hanks.

http.www. members. Tripod.com


http// owl.English pudued. edu


http// www.smu.ca/administration/library/ literary criticism htm.

http//www.smu.ca/


http/www.youtube.com/ watch


**Dabalee A**


Imimmaan
Haadhaa


Asoosicha
Dr. Tasammaa Taa'aa,Yuniversiitii Finfinneetti
Profeesera Seenaa
Imimmaan Haadhaa rakkoo garaa garaa Oromoon keessa
darbee fi keessa jiru itti dhiyeenyaan seenessa.
isaa og-barruu Ingliffaa fi barreessaa.
Asoosamicha keessaa...
Qar.20

**Dabalee B**


Imaanaa Imaltuu
“Lapheen Jaalalaan Guutamte, Lubbuu Rakkinaan Kufte Kaastii!”
Maxxansa
brahaam T Guddinaa tiin!
Bara 201


Abrahaam Tasfaayee Guddinaa
Barreessaa Kitaabota:
- Kudhaama Jaalalaa
- Ekeraa Haramaayaa
- Imaanaa Imaltuu
- Singiggoo
Haatni dhala koo hin kennu waan jetteef jibbamte. Gargaarsi irraa cite. Garaan baqaqsamee hodhame madaa utuu hin qoorfatin, “Ba’i!” Jedhamte. “Hin ba’u!” Jettee goolii hin kaasne haatni; harka tokkoon mucaa abbaa godhatteef hin beekne kaasuutti qabattee, harka biraan ulee of dura hafarsaa – lafa tuttumataa – karaa ilaallataa – dhiiga gadameessaa coccobsaa mooraa hospitaalichaa lakkisiee baate Kuluuleen.
– Fuula 7-8
“...ofii akkam Amirkaaniin? Odeessaanoo Jannatatti fakkeessaa! Biyya hunduu hawwu – arguudhaaf gaggabu. Jannata jedhu – Jannata lafa‘rraa! Biyya haatni dhaqxee dhala‘shee dagattu... biyya keessa taa’anii ‘dhufaan jira’ jedhan; dhufaan jiraa’ sirban... yaa Amirkaanii! Biyya itti jiraataa abdiin fira garaa guutan...”
– Fuula 136
“Musiliimas taanu Kiristaana, Jannatni lamni hin jirtu. Kan jirtu tokko qofa. Isheenisimmoo jaalalaan dhaalamti. Jaalala lafa‘rratti eegallee sababii jal’ina jal’ootaaf gufatte, achi Jannatа keessatti xumurraatii na simadhu Amiina,”
–Fuula 212
Qar. 11.99
Cover Designer: Melkam Gadissa